# QAACCEESSA FAYYADAMA AFOOLAA ASOOSAMA YOOM LAATAA KEESSATTI

**SUKKAAREE MIIDHAKSAA REEBAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII, ADDIS, ABABAA/FINFINNEE**
**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII 2012/2020**

**FINFINNEE**

# QAACCEESS FAYYDAMA AFOOLAA ASOOSAMAMA YOOM LAATAA IRRATTI XYYEEFFACUUN

SUKKAAREE MIIDHAKSAA REEBAA

GORSAA: Dr. DASTAA DASSAALEENY

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFA (MA)
GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA /FINFINNEE
KOOLLEEJJI, NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANIIF,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

WAXABAJJII 2012/2020

FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo,

Ogbarruufi Fooklooriin Ittiin Guuttachuuf Sukaaree Miidhaksaa Reebaa Mata duree Qaacceessa Akkaataa Fayyadama Afoolaa Asoosam ‘ Yoom Laataa’Irratti Xiyyeeffachuun dhiyaateedha.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _________________ mallattoo____________Guyyaa________

Qoraa Keessaa______________mallattoo_____________Guyyaa________

Gorsaa ____________________ mallattoo______________Guyyaa_______

______________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Axereera

*Kaayyoon qorannoo kanaa  Qaacceessa Akkaataa Fayyadama Afoola Asoosama 'Yoom Laataa'jedhu irratti xiyyeeffachuun qaacceessuu yoo ta'u qorattuun barreessitoonni asoosama afoolaatti fayyadamanii barreessaa waan jiraniif  akkaataan itti fayyadama afoolaa asoosama keessaatti maal akka fakkaatu hubachuuf,kaayyoolee gosoota afoolaa asoosama kana keessatti argaman adda baasuun fayidaa afoolli asoosama keessatti qabu tarreessuu,qabiyyee afoolaa asoosama kana keessa jiru ibsuu,gosoota afoolaa asoosama kana keessa jiranii adda baasuun qaacceessuu,asoosama kana keessaatti bal'inaan gosoota afoolaa itti fayyadame adda baasuun eeruufi,akkaataa itti fayyadama afoolarratti asoosamni kun qaburratti qorannoo gaggeessiteejirti.Qorannoon kunis,qorannoo bu'uuraa yoo ta'u mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun ibsi kan irratti kennameedha.Odeeffannoo mala sakata'iinsa kitaabatiin kan funaaname yoo ta'u, afooloota kitaabicha kana keessatti argamanirratti kan gaggeeffameedha.Afooloonni funaanaman kunniin akkaatuma gosoota isaaniitiin adda baasuun qabiyyeefi fayidaa asoosama kana keessaatti qaban bal'inaan qaacceffamee jira.Dhumarratti, ragaaleeqaacceffaman irratti hundaahuun* arganoo qorannichaa:gosoonni afoola asoosamoota kana keessatti argamanis,mammaaksaa,geerarsa, weedduu,faaruu,malleen Dubbii jiraachuun isaanii hubatameera.Afoolli asoosamicha kana keessatti argaman; seenaa,aadaa,dudhaa,safuu,amantaa,falaasama uummanni Oromoo dur qabu *dhaloota haaraa hubachiisuuf sirnoota  bulchiinsa darbanii ittiin hubachiisuuf kan itti gargaarameedha.Afooloonni sirnoota kana dhaamsa asoosamichaaf bu'uura buusanii jiru.Kana malees, waliin dubbii keessaatti barsiisuuf,dubbii jalqabuuf,dubbii gabaabsuuf mi'eessuuf yookiin keessatti dhiyaatan kunis,yoomeessa agarsiisuudhaaf waldiddaafi miidhaksuuf afoolotaatti fayyaadamaa turaniiru.Qabiyyeen afoolaa asoosamicha keessa jiranis; mammaaksonni: soda, kutannoo, gowwummaa, gaabbiifi kkf kan agarsiisaniidha. Geerarsoonni jiran; gootummaa, diddaa, gorsa, akeekachiisafi kkf yoo agarsiisan, weedduwwan jiran ammo: gorsa, dhaadannoo, balaaleeffannaa cunqursaa, dhiibbaa jiruufi kkf kan agarsiisan yoo ta'u, sirbi jirus,hacuuccaa kan agarsiisuudha. Akkasumas, jechamoonniifi malleen dubbii asoosamicha keessatti argaman ergaa asoosamichaa karaa dhokataaniis,ta'ee akkaatadhuma hawaasa keessatti beekamuun itti gargaaramuun ergichi akka ifa ta'uutti darbuun isaa hubatameera.Dhumarrattis, afooloonni asoosamicha kana keessatti argaman seenaa saba Oromoo bal'inaan kan dabarsuu ta'uusaa hubatameera.Barreessitoonnis,afoolaatti bal'inaan itti fayyadamuun afoolli akka ergaa dabarsuu danda'amu yaboo keessatti ibsamaniiru.*

# Galata

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa hanga dhumaatti kan na gargaare waaqayyo guddaaf galanni haa ta'u.Akkasumas,jalqabaa hanga dhumaatti kan deeggarsa ogummaa isaanitiin na gargaaran gorsaa kook an ta'an Dr. Dastaa Dsaaleenyiif galanni isaaniif qabu guddaadha. Dabalataanis, gorsi isaan akkan ani jajjabaadhuuf naaf gochaa turan milkaa'ina qorannoo kanaatiif gahee olaanaa waan taphateef Waaqni umrii keessan isiniif haa dheereessu,jchuun barbaada.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hinbaratin deeggarsa barbachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniif galanni koo bakka guddaa qaba. Kanaaf, galata keessaniif rabbiin umrii keessan haa dheeressuu hamtuun isin argin; gaarii keessan malee gurri namaa hamtuu keessan akka hindhageenye rabbiin oolmaa keessan isiniif haa kaffalu isiniin jedha. Isuma kanaan wal-qabatee kayyoon qorannoo kanaa akka bakka barbaadame gahuuf kan na cinaa dhaabbattee na jajjabeessaa turtefi ogummaa kompiitara barreessuutiin na gargaaraa turte Mannashaa Biraanuutiif galanni isheef qabu daran olaanaadha.

Dabalataanis, hiriyoota koo kanneen dhimma qorannoo kanaa irratti na cinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaa qabaniin na gargaaraa turan hundaaf galanni koo daangaa hinqabau.

## Gabaajeefi kottoonfachiisa

A/L/H =Akka Lakkoofsa Habashaatti

Fkn. = Fakkeenyaaf

I,Ci.a.ti = Qabsoo Warraaqa Cunqurfamtoota Itoophiyaa

Kkf.s = Kan Kana Fakkaatan

Q/H/S = Qanysimach Hayile Sillaasee

## Hiika Jechootaa

Booraa booratee = bifa loonii buburree

Dansooyee = mishaa

Gubbisa = sirna ho'aadhaan maqaa moggafamuudha.

Hororoo = ulee meetira lama dheeratu

Kalloo = Kittaa uffatamu, gogaa Re'eefi Hoolaarraa kan tolfamu

Lichoo = uffata aadaa gogaa Loonii, Arbaa, Sattawwaa irraa qophaa'u

Lookoo = dheertuu

Moggaatii = sirna qabbanaa'aadhaan maqaa moggaafamudha.

Ruufa = wayyaa mataarratti marataniidha.

Sagaa = faaya dubartoonni harkatti hidhatan kan gogaarraa tolfamu

Siiqqee = ulee qalloo dheeraa dubartoonni sirnaaf qabatan

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeraa ... i
Galata ... ii
Gabaajeefi kottoonfachiisa ... iii
Hiika Jechootaa ... iii
BOQONNAA TOKK ... 1
1.1. Seen duubee Qorannichaa ... 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 3
1.3. Gaaffilee Qorannichaa ... 4
1.4. Kaayyoo Qorannichaa ... 4
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ... 4
1.4.2. Kaayyoowwan Gooree ... 5
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5
1.7. Hanqina qorannichaa ... 6
1.8. Mala Qindaa'ina Qorannoo ... 6
BOQQONNAA LAMA: SAKKATTA'IINSA BARRUU ... 8
2.1. Maalummaa Afoolaa ... 8
2.2. Gosoota Afoolaa ... 10
2.2.1. Mammaaksa ... 11
2.2.2. Durdurii (folktale) ... 12
2.2.3. Sheekkoo ... 13
2.2.4. Hiibboo ... 14
2.2.5. Afseenaa (Legend) ... 15
2.2.6. Jechamoota ... 15
2.2.7. Afwalaloo ... 16
2.2.8. Geerarsaa ... 16
2.2.9. Weedduu ... 17
2.2.10. Faaruu ... 18
2.2.10.1. Raagamtaa ... 18
2.2.10.2. Raagamtaa Uumamaa (creation myth) ... 19

2.2.10.3. Raagamtaa Ergamtootaa (deity myth) .................... 19
2.2.10.4. Raagamtaa Goobaangaleessaa (hero myth) .................... 19
2.2.11. Malleen Dubbii .................... 20
2.2.11.1. Gosoota Malleen Dubbii .................... 21
2.2.11.1.1. Akkasaa .................... 22
2.2.11.1.2. Iddeessa .................... 23
2.2.11.1.3. Nameessuu .................... 24
2.2.11.1.4. Arbeessuu .................... 25
2.2.11.1.5. Habalaka .................... 26
2.2.11.1.6. Atee .................... 26
2.2.11.1.7. Mitihee .................... 27
2.2.11.1.8. Fakkoommii .................... 27
2.2.11.1.9. Mallattoo .................... 27
2.2.12. Ciigoo .................... 28
2.3. Aaloota Afoolaa .................... 29
2.3.1. Qaama Isaarratti Jijjiiramni ta'uu .................... 30
2.3.2. Miidhagina Qabaachuu .................... 30
2.3.3. Gochaafi Yoomessa Barbaada .................... 31
2.3.4. Qabeenyaa Uummataa Ta'uu .................... 31
2.3.5. Qindoomina Qabaachuu .................... 32
2.4. Fayidaa Afoolaa .................... 32
2.4.1. Madda Ragaa Qorannoo Hawaasaa Ta'uun .................... 33
2.4.2. Afoolli Madda Ogbarruu Barreeffamaa Ta'uu .................... 34
2.4.3. Afoolli Barnoota Keessaatti .................... 35
2.4.4. Afoolli Xiinsammuufi Misooma Hawaasaa Cimsuuf. .................... 37
2.5. Akkaataa FayyadamaAfoolaa .................... 37
2.6. Sakkatta'a Barruu Aantee .................... 38
2.7. Yaaxina Qorannichi Bu'uureffate .................... 39
2.7.1. Yaaxina Haalawaa (Contextual Theory) .................... 39
2.7.2. Yaaxxinaa Tajaajilaa (Functional Theory) .................... 40

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 42
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 42
3.2. Madda Odeeffannoo ........ 43
3.3. Mala odeeffannoon Ittiin Funaaname ........ 43
3.4. Sakkatta'a Dookumentii ........ 43
3.5. Malleen Qaacceessa Ragaalee ........ 44
BOQONNAA AFUR: QAACCEESSA RAGAAALEE ........ 45
4.1. Sab seena Kitaabichaa ........ 45
4.1.1. Xiinxala Afoolota Asoosama Yoom Laataa? Keessatti Argaman ........ 51
4.1.2. Akkaataa Itti Fayyadama Afoola Asoosamicha Keessa ........ 52
4.1.3. Asoosamni Kun Bal'inaan Gosa Afoolaa Kam Akka Fayyadame ........ 52
4.2. Mammaaksota Asoosamicha Keessatti Argaman ........ 52
4.3. Geerarsa Asoosama Kana Keessaatti Argamu ........ 55
4.4. Weedduuwwan Asoosamicha keessaatti argaman ........ 61
4.5. Jechamoota Asoosamicha keessatti Argaman ........ 68
4.6. Malleen Dubbii Asoosamicha Keessatti Argaman ........ 71
4.6.1. Akkasaa ........ 71
4.6.2. Iddeessa Asoosama Keessatti Argaman ........ 76
4.6.3. Nameessaa ........ 78
4.6.4. Arbeessaa ........ 79
4.6.5. Faayidaa Afoolli Asoosamicha Keessatti Qabu ........ 79
4.6.6. Qabiyyeewwan Gosa Afoola Asoosama Filatame Keessatti Argaman ........ 80
BOQONNAA SHAN፡CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO ........ 81
5.1. Cuunfaa ........ 81
5.2. Argannoo ........ 82
5.3. Yaboo ........ 83
Wabii ........ 86

# BOQONNAA TOKK

## 1.1.Seen duubee Qorannichaa

Afoolli dhalli namaa aadaa seenaa, dudhaafi  haala jiruufi jireenya isaa kan ittiin ibsatu keessa afoolli isa isa ijoofi murteessaadha.Afoolaafi hawaasa addaan baasanii ilaaluun hin danda'amu. Sababiinsaas hawaasni gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, miidhaginaa, aadaa, amantii duudhaa,roorroo,cunqursaafi gadoomi, quuqaafi badhaadhinasaa afoolatti fayyadamee ibsataa waan dhufeefi. Har'as afoolatti dhimma bahanii haala keessa jiru hawaasni ibsachaa jira. Kanaafuu,afoolli umurii dheeraa kan qabuufi eenyummaa uummataa baatee kan deemuu jechuun ni danda'ama.

Sabni Oromoos aadaa, seenaafi dudhaa isaa kan ittiin ibsatu dureessa afoolaati. Oromoon, geerarsaan, mammaaksaan, faaruuwwaniin, oduu durii, afseenaan, jechamaan, sirbootaan, hiibboowwaniin, malleen dubbiitiin, jechamootaanfi weelleewan,raagamtaa, ciigoo adda addaatii fayyadamuun osoo afaan isaa sirna barreeffamaan hin jalqabin duraas afaaniifi seenaa isaa afoolaan tursiisaa har'aan ga'uu danda'eera.Yeroo ammaa kanas, Afaan Oromoo erga afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaafi miidiyaa ta'ee ogbarruu adda addaa horachuun afaan guddinarra jiran keessaatti argama.Kitaabileen asoosamootaa hedduuu barreessitoonni afaan Oromootti gargaaramuun barreessanii jiru.Ogbarruu adda addaas qopheessuun maxxasanii maxxansaas jiru.Kanaafuu asoosamoonni afaan Oromoo barreeffamanis lakkoofsan hedduumaatanii jiru.

Qorannoon kunis asoosama dheeraa afaan Oromootiin barreeffame keessa asoosama 'yoom laataa?' Keessatti afoolawwan argaman qaacceessuurratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamuudha. Asoosama kana keessatti gosoota afoolaa fayyadamaan maaliif akka fayyadamaan, haala akkamiin keessatti akka fayyadamaniifi faayidaa akkamii akka qaban adda baasuun kan xiinxalamu ta'a.Afoolli kan bifa walaloofi seeneeffamaatiin dhiyaatu dameewwan fookiloorii keessaa isa tokkoodha.Innis ogummaa dhalli namaa osoo qaroominni addunyaa kanaa hin guutiin dura aadaa,seenaafi dudhaa isaanii ittiin tursiisaniifi afaaniin dhalootarraa dhalootatti ittiin dadabarfachaa dhufeedha.

Malakneh,(2003:12) yaada kana yoo ibsu"Oral literature refers to the verbal heritage of mankind transmitter from generation to generation by word of a maouth"jechuun afoolli muuxannoo jireenyaa hawaasa kan afaaniin dhalootarraa gara dhalootaatti dabarsu ta'uusaa ibsa.

Gama biroon afoolli gahee hawaasa keessatti qabu hubachuuf,Gammachuun (2001:46) Wiirtuu jiildii-9 irratti,Geexee,(2000:1) waabeeffachuun yoo ibsu "people's teeling, hopes,a spirations, fears. Philosophies and a esthetic and or their way of life can be understand through various from of oral literature"jedha. Innis fedhii hawwii ykn abdii,soda,gaddafi gammachuu, xiinsammuu,miidhaginaafi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin hubachuun danda'amu afoola gosa hedduutu jira jechuun ibsa.

Afoolli faayidaalee adda addaa qaba.Birahanun (2009) yoo ibsu muuxaannoofi kalaqa hawaasaa hunda barreeffamatti jijjiiranii kahuun waan ulfaatuuf dhalootaaf dabarsuu fayidaa akka qabu yaada gaditti argamu ibsee jira."Oral literature still plays a significant role on the culture of various papules on the world. This is because it is impossible to commit to writingthe totality of the societies expences and creation." Yaadni kun afoolli aadaa hawaasaa addunyaa kanaa dabarsuufi ibsuurratti iddoo guddaa qabaachuu agarsiisa.

Ogbarruunis dabarsa aadaa uummataa akka ta 'ef muuxannoo ilma namaa karaa miidhagina qabuun kan dabarsu ta'uusaa ni himama.Kanaaf, afoolli bu'uura guddina ogbarruu barreeffamaa ta'ee fudhatama ykn tajaajila .Haata'u malee,uummanni Oromoo ummata guddinaafi afoolaan badhaadhina qabaachuun osoo jiruu dhiibbaa sirnoota bittaa darbaniin afaan, aadaaniifii seenaan isaa barreeffamaan akka hin babal'anne dhiibba irratti godhameen hacuccamaa tureera.Yaada kana Asaffaan, (2009), akkaataa armaan gadiin ibseera.

> *"Hawaasni Afaan isaatiin dubbachuu, barreessuu, dubbisuu, qorachuu walumaa galatti ittiin hojjachuu yoo hin dandeenye aadaallee hin qabaatu. Dhiibbaa jaarraa tokkoo ol Oromoorra tureen Afaan Oromoo barachuuniifi barreessuun qorannoo adeemsiisuun waan yaadame hin ture."*

Dabalataan ogbarruun ogummaa yaada keessa namaa akkasumas, miiraafi muudannoolee adda addaa karaa barreessaa ogbarruun bareechee kan nuuf dhiyeessuudha. Scholes R.and C.h.klaus (1971:8) ogbarruu yoo ibsu.

> *"Literature is an imaginative art which expresses thoughts and feelings of the artist on events around him.In mast cases, if deals with life exprericnces. Theauthor/artist/uses words in a powerful, effective and captivating manner to paint his picture of human experience."*

Ogbarruun ogummaa yaada sammuu barreessa ta'ee yaadaafi miira ilmaan namaa akkasumas,muudannoo jireenyaa kan addeessuudha.Dabalataanis,barreessan jechoota humna qabeeyyitti dhimma bahuun yaadaafi miira barreessan dabarsuu barbaade sammuu namootaa biroo keessatti suuraa bifa uumuu danda'uun kan dhimma dabarsuu ta'uu isaa yaada kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Kana malees, ogbarruun miira ilmaan namaa karaalee asoosama,diraamaan, walaloofi kan kana fakkaataniin calaqqisiisa.Yaaduma kanaan kan wal qabatu; Cassidy (1991:1)namoonni ogbarruu keessatti maal akka ibsan ilaalchisuun, "people write literature to say something about life through novel, dirama,short story, poetery and etc,."

Yaadni waraabbii armaan olii akka ibsutti namoonni ogbarruu barreessuun,waayee jireenyaa seeneessuu ykn akkeessuu yoo barbaadan karaalee asoosama dheeraa,diraamaa asoosama gabaabaa,walaloofi kan kana fakkaataniin ta'uu danda'a.Kana jechuun muudannoofi muuxannoo ilmi namaa jireenya isaa keessatti taasiisu karaalee ogummaa asoosamaa diraamaafi walaloon kan calaqqisiisiifamu ta'uu isaati.

Walumaagalatti qorattuun qorannoo kana Afaan Oromoo afaan yeroo dheeraadhaaf osoo barreeffama hin qabaatiin kan uummanni isaa sirnoota turan hunduma keessatti qabsoo taasiseen osoo afaansaa hin gatiin turee har'a afaan ogbarruu adda addaa taassifachuu dandahe kana afoolota hawaasichi qabatee dha.Kanaaf asoosama yoom laataa?Akkaataa fayyadama Afoolaa jedhu keessatti kan xiinxalamuu dandahedha.

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Yeroo qorannoon tokko gaggeeffamu mata duree tokkorratti qorannoo gageessuuf wantonni qoratamuuf ka'umsa ta'an jiraachuun dirqama. Haaluma kanaan,Afoola Asoosama Afaan Oromoo filatame kana keessatti afooloota argaman qaacceesuuf wantonni qorattuu kakaasan afoolli aadaa,seenaa,duudhaa walumaa galaatti jiruufi jireenya hawaasaa keessaatti Sdhimma murteessaa dha. As keessatti moo irraa caalaatti seensaa sirnoota darbanii

addeeffame kun afoola hammatee jira kan jedhu dha. Dhimmoonni uummataa ammo yeroo, bakkaafi sirnoota garagaraa keessatti afoolli waan hunda keessatti galuun dhimmoota darbarsuun barbaadame sana keessattis, miidhaksuuf, cimsuuf,mirkaneessuuf kan itti gargaaraman yoo ta'u,dhalootarraa dhalootaatti afaaniin kan darbaa dhufeedha. Kanaaf.qorattuun mata duree kana akka filattu kan ishee kakase afoolli ogbarruu barreeffamaa keessatti barreessitoonni balinaan kan itti hin gargaaramne ta'uu saa hubachuun. Asoosaamni ammo gosa ogbarruu barreeffamaa ta'ee kana muuxannoo hawaasa tokkoo kan sadaan uumee barreeffamaan dhalootaaf dabarsuudha.Haata'u malee, barreessitoonni asoosama afoola eenyumaan isaa kan hawaasa ta'e kanatti fayyadamuun yeroo asoosama isaanii barreessan mul'atu. Kanaafuu, qorattuun Afoolli ogbarruu barreeffamaa, keessattuu asoosama keessatti argaman fayidaa isaan asoosama kana keessatti qabaniifi qabiyyee isaanii xiinxalee itti fayyadama afoolaarratti beekumsa dabaluuf ka'umsa kan godhatte ta'u,saati.

### 1.3.Gaaffilee Qorannichaa

Asdeemsa qorannoo kanaa keessatti gaaffilee bu'uuraa qorattuu kakaasanii qorannoo kanaan deebii argatan:

1 .Itti fayyadama Afoolaa asoosama keessa jiranii maal fakkaata?

2. Asoosamni kun bali'inaan gosa afoola akkamiittii fayyadame?

3. Afooloonni asoosama kana keessatti argamaan fayidaa akkamii qabu?

4.Qabiyyeen afoola asoosama filatamee maal fa'i ?

### 1.4.Kaayyoo Qorannichaa

Hojiin hojjatamu tokko sababa hojetamuuf qaba.Haaluma kanaan,qorannoon kunsababa gaggeeffamef kan agarsiisu kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree qaba.

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon, gooroo qorannoo kanaa; Akkaataa fayyadama Afoolaa asoosama yoom laataa? keessatti argamu qaacceessuudha.

### 1.4.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaaa:

1. Itti fayyadama afoola asoosama keessaa eeruu.
2. Asoosamni kun bal'inaan gosa afoolaa kam akka fayyadame eeruu.
3. Faayidaa afoolli asoosamicha keessatti qabu tarreessuu.
4. Qabiyyeen gosa afoola asoosama filatame keessatti argamanii ibsuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffamuuf afoolota asoosama kitaaba yoom laata keessa jiran funaanuun faayidaa isaan ogbarruu barreeffama ykn asoosama keessatti qaban xiinxaluudha.Kun ammo,asoosama afoolaatti fayyadamanii barreessuun bu'aa inni jiruuf jireenya hawaasaa ibsuuf ykn calaqqisiisuuf qabu agarsiisuuf kan qoratamuudha.Haaluma kanaan ,qorannoo kanatti kallattiin kanneen armaan gadii fayyadamoo ni ta'u.

1. Namoonni gara fuulduraatti qorannoo kanaan walfakkaatu gaggeessuu barbaadaniif ak Ka ka'umsaatti kallattii agarsiisuuf ni fayyada.
2. Barreesitoonni asoosama barreessan sababaafi faayidaa afoolaatti fayyadamanii barrees Sun qabu hubatanii asoosama fuulduratti barreeffaman afoolaatti fayyadamanii barreessuuf ni fayyada.
3. Waan qorannoon kun hin kaafine namoonni gara biro qorannoo isaanii keessatti akka ka Asaaniif karaa saaqa.
4. Qorannoo kana bu'uura taasiifachuun qorannoo biro hojjachuuf gargaara.
5. Ogbarruu afoolatti fayyadamanii barreessuun afoolli hawaasa tokko bifa barreeffamaan soo hin jijjiiramin akka dhalootatti darbu waan taasiisuuf.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu Qaacceessa Akkaataa Fayyadama Afoolaa Asoosama 'Yoom Laataa'? jedhurratti.Ogbarruun Oromoo bal'aa ta'ullee sababa hanqina maallaqaafi yerootin hundumarratti gaggeessuun hin danda'amu. Asoosama dheeraan ' Yoom Laataa'? Bara 2003tti barreessaa Isaayyaas Hordofaatiin maxxanfame seenaa bu'uura taasifachuun kalaqamee waan dhiyaateef guddina ogbarruu Oromoof gahee mataa isaa bahatee jira.

Qorannoon kunis Qaacceessa Akkaataa Fayyadama Afoolaa Asoosama ‘ Yoom Laataa’keessatti kan ilaalamu ta’a.

### 1.7.Hanqina qorannichaa

Hanqinni qorannoo qorannoon yeroo gaggeeffamu wantoota qorannicha keessatti osoo hojjetamuu qaban kan hin hojjatamin hafaniidha. Kana jechuun ammo qorannoon sana booda hojjatamullee hanqinoota jiran kana hubachuun qorannoo gadi fageenyaan irratti hojjatamuu qabu kan muli’isuudha.Kunis,kitaabilee wabiilee Afaan Oromootiin barreefaman bal’inaan dhabamuufi qorannoowwan mata duree kanaan hariiroo qaban bal’inaan argachuu dhabamuun akkasumas,sababa weerara dhibee koronaattiif jecha manneen kitaabaa cufamuuniis,ragaalee bal’inaan argachuu dhabuun hanqina qorannoo kanaa ta’uun kan muudataniidha.Haata’u malee,yeroo koo hanga danda’ametti itti fayyadamuun kitaabilee afaan biroon barreeffaman gara Afaan Oromootti jijjiiruun akkasumas interneetitti fayyadamuun, itti dhimma bahee qorannicha haala kanaan xummurruu dandeessee jirtti.

### 1.8.Mala Qindaa’ina Qorannoo

Qorannoon kun qindaa’ee kan dhiyaate boqonnaa shanitti qoodameeti.Boqonnaa isa duraa keessaatti seensa,seen duubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa dhiyaatee jira.

Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta’iinsa barruu yaada hayyoonni afoolaaf kemnan irratti qabantu boqonnaa kana keessatti ibsamee jira. Boqonnaa sadaffaa keessatti ammo saxaxa qorannichaa mala odeeffannoon ittiin funaaname sakkatta’aa dookimantiin odeeffannoon funaanam,e mala qorannoo akkamtaattii fayyadamuun kan qindeeffame. Sabaabiinsaas, kitaaba asoosamicha filatame keessaa afoolota funaanaman lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsamuurratti waan fayyadameefiidha.

Boqonnaa arfaffaa keessatti odeeffannoon qorannichaaf kitaaba asoosamichaa keedssaa afoolota jiran funaanaman kanneen jalqabaa hanga dhumaa keessatti argaman haaluma boqonnaa keessatti argamaniin gosa gosaan walitti qabamuun qaacceessi kan gaggeeffame yoo ta’u afoolota gosa gosaan funaanaman kanneen akkaatuma gosa gosa isaaniitiin funaanamuun walitti qabuun mata duree itti kennamee mala akkamtaa fayyadamuun kan qaacceeffame yoo ta’u, dhumarrattis, afooloota asoosamicha ‘Yoom Laataa?’ keessatti

argaman akkaatuma fayyadama saniitiin qaacceeffameen booda boqonnaa isa dhumaa boqonnaa  shan keessatti ammo cuunfaan, argannoofi yaboon  isaaniirra argame dhiyaate jira.Dhumarraatti kitaabileen wabiifi dabaleewwan akka odeeffannoof tajaajilaniif kaa’amaniiru.

# BOQQONNAA LAMA: SAKKATTA’IINSA BARRUU

Boqonnaan kun sakatta’iinsa barruuwwaan kana gabbisan of keessaatti kan hammatameedha. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti,yaaxinaalee yaada rime afoolaa ,qabiyyee afoolaa asoosama keessa jiran akkaataa fayyadama isaanii kanneen akka fayyadama jechamootaa, malleen dubbii,mammaaksootaa,weelluufi akkasuumas qorannoowwan aanteef yaaxinaaleen ibsamaniiru.

Hawaasni jiruufi jireenya isaa guyyuun gaggeessu bkeessatti afoolli bu’uura saati. Kana jechuun,dhalli namaa Afaan isaanfedhii isaa ibsataa, akkasumaas kalaqa mataa isaas kamiyyuu afaanii kanaan gabbifata. Gumiin qormaata Oromoo(1995:1) waayee ogbarruu yoo ibsu, “Afaan qabeenyi dhalli namaa ittiin yaada isaa ibsatuufi ittiin walii galu, isa olaanaadha.Innis akkaataa miidhagina qabuun afaaniitti tajaajilamanii,yaada,fedhii, amantiifi falaasama qaban akkasumaas, dhugaa jireenyaa hawaasaa hunda, ibsuun yoo dandaa’amu, haala kanaan afaanitti fayyadamuunis ogummaa yookiin aartii ta’a;artiin kunis ogbarruudha.” Yaada kana irraa kan hubannu, ogbarruun falaasama, duudhaa, amantiifi fedhii hawaasaa bifa hawwataa ta’een addeessa. Kana jechuun ogbarruun kalaqa hawaasaafi nama dhuunfaas kan of keessaatti hammate ta’uu isaati.

**2.1.Maalummaa Afoolaa**

Addunyaan (2018) akka barreesseetti,Afoolli ogumma (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha.Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama,beekuumsa natoofi baranee ittiin hubatuufi ibsu jechuunis ni danda’ama.Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisaa bifa qindaa’ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqissu,miiraa kakaasee kan sissi’eessu,hojii uumee ta’uun isaas ifa.Kanaafuu, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul’isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga’uufi dubbachuuf tolaniin kunuunsee dhiyeessa.

Hawaasni Oromoo bakkaafi yeroo adda addaatti dhimma adda addaatiif afoolaatti gargaaramee ergaa isaa dabarfachaa ture;dabarfachaas, jira. Afoollii isaa kunis seetoo isaa waan ta’eef, isaan gorfata;semmoo diinagdee,aadaafi eenyummaa isaa waan ya’eef, isa ilaalee quufa. Natoon of jajjabeessee har’umeetti quba qaba. Daawwiitii jireenya isaa waan ta’eefis , kaleessa mil’atee har’a jiraata; hara ciniinnatee boriifis suuqqata. Isatu jireenya

;jireenyatu isa. Kanaafuu, dubbatamee hin dhumu.Gama biroon gahee afoolli hawaasa keessatti qabu hubachiisuuf, Gammachuun (2001:46) Geexee (2000:1) waabeeffachuun yoo ibsu ammoo,

> *"people's feelings, hopes,aspirations, fears, philosophies and aesthetic and/or their way of life can be understandthrough variousfrom of oral literature,"*jedha. Ilmi namaa fedhii hawwii *ykn abdii, soda, gaddaafi gammachuu,xiinsammuu, miidhaginaafi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin hubachuu danda'amu afoola gosa hedduutu jira."* jechuun ibseera.

Mesfin (1995:42*)* "Uummanni bal'aan otoo waan tokko hinbaratiin akkanumatti kan kuufate qabeenyi uummataa ykn hambaan hundinuu afoola jedhama."jechuun Fennigan waabeeffatee ibsa.Yaadni kunnin afoolli qabeenya hawaasati yoo jedhu afoolli hawaasa biratti bakka hundumaafi waan hundumaa keessatti itti fayyadamanii waan barbaadan ykn gaddaafi gammachuu, jaalaalaafi jibba, qaroominaafi doofuummaa hawaasa isaa ibsuuf humna cimaa qabaachuusaati.

Dastaan (2002:59) Abarraafi warra biro (1992.) waabeeffachuun, "Afoolli maalsummaa saba tokkoo kan himan keessaa raga isa guddaadha."jedha.Yaadni kunis afoolliifi hawaasa baay'ee walitti hidhaminsa akka qaban nama hubachiisa.Kanumarraan kan ka'e, hayyoonni qorannoo adda addaa irratti gaggeessaa turaniiru. Dastaan (2011:7) "Damee fookloorii keessaa an xiyyeeffannoo gaarii argatee kan qorannoon haalaan irratti gaggeeffamaa jiru ogafaan."jechuun hubachiisa.Walumaa galatti,akkuma Soofiyaan (1999:2) jedhe,afoolli haala jiruufi jireenya dhalootaa darbee kan ibsu daawwiitii aadaa,seenaafi jireenya, qaroominaafi guddina hawaasni irra jiran kan ittin xiinxallu,kan gara fuulduraatti dhufu kan ittiin tilmaamnu hambaa afaaniifi aadaa saba tokkooti jechuun ni danda'ama.

Dabalataanis,maalummaa afoolaa ilaalchisee hayyoonni adda addaas, hiika danuu itti kennaniiru. Haata'u malee,yeroo jalqabaatiif hiika afoola jedhutti kan itti fayyadaman qorattota H.M.fi.N.K Chad Wiks jedhaman kitaaba isaanii bara 1940 maxxanfame the Groth of Literature jedhamu keessatti akka ta'e ni dubbatama.Isaanis Ogbarruu (literature) jiruufi jireenya hawaasaa tokkoo kan barreeffamaan (written) darbuufi Afoola (Ora literature) kan barreeffaman osoo hin ta'iin jechootaan ykn afaaniin miidhaganii dhiyaatanii eenyummaa hawaasichaa ibsu jechuun moggaasanii akka itti fayyadaman (Warquun,2001:5) ibseera. Kanarraa ka'uun, afoolli dameewwaan fookloorii keessaa isa tokko ta'ee, kan jiruufi jireenya

hawaasa tokkoo afaaniin labata tokkorraa gara labata birootti dabarsuu jechuun danda’ama.Yaada kana, odeeffannoon htt://www.oralliterature.org irraaargame,

> *“oral literature refers to any form of verbal art which is trasmitted orally or delivered by word of mouth” jechuun mirkaneessa. Akkasumas,Melakneh (2006:12) bifa wal fakkaatuun maalummaa afoolaa yeroo ibsu,“Oral litreture refers to the verbal heritage of mankind transmitter from generation to generation by word of mouth.”* Jechuun ibsa.

Afoolli muuxannoo jireenya hawaasaa kan afaaniin dhalootarraa gara dhalootaatti kan dabarsu ta’uusaa addeessa.Dabalataanis, “Afoolli bifa ‘litireecherii’ ta’ee aadaa,duudhaa, seenaafi eenyummaa dhaloota darbee himaamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootattii kan daddarbu.” (Geetachoo,2006:14) jechuun yaada hayyootaa armmaan olii deeggara. Hiikaawwan armaan olitti ibsaman kunniin afoolli aadaa, seenaa,duudhaa jiruufi jireenya hawaasa kan ibsu ta’uusaafi jechoota afaaniin dubbatamaniin qofa darbaa kan ture ta’uusaarratti waliigalu.

**2.2.Gosoota Afoolaa**

Hawaasni karaa ittiin of ibsatu gosoota afoolaa adda addaa qaba. Isaanis kanneen akka hiibboo,mammaaksa,afseenaa,ragamtaa,,geerarsa, faaruu, baacoo, malleen dubbii, afwalaloo, durdurii, sheekkoo tapha ijoollee, huruursa daa’immanii, mararoofi kkf hammata. Odeeffannoon weebsaayitii garagaraarraa argame afoolli baay’ee bal’aa akka ta’e yoo ibsu,

> *“Oral literature is abroad term which may include ritual texts, curative chants,epic,tongue-Twisters, musical genres, folktales, creation tales, songs, myths, spells, legends, proverbs , Riddles, word games, recitations,life histories orhistorical narratives” jechuun gosoota Afoolaa tarreesse jira.*

Nagariin (1995:1) gosoota afoolaa kanneen walaloofi holoodhaan dhiyaatu jechuun bakka lamatti qoodee dhiyeessa.Hayyoonni biro unka gaggababoo jedhanii qoodanis jiru. Ency clopedia of Britannicav. 19 (1993) keessaatti gosni afoolaa yoo ibsmu:

> *“ The geners of oral literature covers spoken and song expression. They may divided in to two larger grouping of folk narrative including of myth, legend,tales and folk*

*song and such other smaller geners of proverb,riddle and belief or superstations.Folk narrative is a wide range of oral prose traditions."*

Raagoowwan: durdurii, af seenaa,ragamtaafi warra unka gaggaboo:hiibboofi mammaaksa jechuun adda bahamee xiinxalamuu ni danda'ama.Yaada kana Okopewho (1999:78) gosoota afoolaa kanneen haala armaan oliitti qooduun nuuf mirkaneessee jira.

### 2.2.1. Mammaaksa

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa tokko ta'ee haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin wal qabsiisuun, dhimmoota hawaasa keessatti argamu kan of keessatti hammatuudha.Yaaduma kanaan kan walqabatu Addunyaa(2014:189) "Mammaaksi akkuma afoolaas, kanneen biro dhalootaa dhalootaatti afaaniin daddarbaa as gahe.Yaada qusatamoofi udumamoo ta'an jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboon ibsa." Mammaaksaan dubbii eegalaanii isumaan goolabu. Mammaaksi jechoota humna qabeeyyiifi gaggabaaboo hubannoof salphaa ta'aniin yaada bal'aa dabarsa.Mammaaksi dubbii fida yookiin dubbii fixa yaada jedhu hammata.Akkasumas hawaasni tokko uumaama naannoo isaa jiru,mammaaksaan walqabsiisee,garii ittiin gorsaa garii immoo ittiin qeeqa. Mammaaksaaf hiika waliigalaa tokko kennuun baay'ee ulfaataadha. Qorattoonni afoolaas mammaaksaa hiika tokkoon kaa'uun laayyoo akka hin taane ni dubbatu. Finnegan (1970:38) yoo ibsitu.

> *",The exact definition of 'proverb' is no easy matter.There is,however some general agreement as to what constitutes a proverb.It is a saying in more or less fixed form marked by 'shortness,sense and salt'and distinguished by the popular acceptance of the truth tersely expressed in it."*

Maalummaa mammaaksaa ilaalchisee hiika waliigalaa tokko kennuun salphaa akka hin taane ibsite; haa ta'u malee, mammaaksi yaada bal'aa ykn kuufama yaadaaof keessatti akka hammatu;jechoota muraasaan,hima gabaabaan dhaamsa fudhatama qabu ibsuufi dhugaa kan dhugaa kan hammatu ta'uunsaarratti namoonni akka waliigalan dubbatti.Mammaaksi haala hima ykn gaaleetiin dhugaa jiruufi jireenyaarraa argame ykn cuunfaa daawwannoo jireenya qabatamaarraa argame karaa gabaabaafi miira namaa tuquun kan ibsu ta'ee dhalootatti jechoota dubbatamaniin kan darbu ta'uusaa, "proverb is a sentence or phrase which briefly

and strikingly expresses some organized truth or shrewd observation about practical life and which has been preserved by oral tradion" jechuun, Birahanuun (2009) ibseera.

Mammaaksi maaluummaa saba tokkoo jechoota ykn gaaleewwaan gagabaaboo ta'aniifi humna qaban fayyadamuun mi'eessee ibsuuf iddoo guddaa qaba.Oromoonis "Mammaaksi koobaa dubbiiti", "Ittoon soogidda hinqabneefi dubbiin mammaaksa hinqabne hin ni'aahu"akkasumas, "hidda mukaa gasootu,hidda dubbii mammaaksatu baasa," jedha.

Yaaduma kana Finnegan (1970*)* yeroo ibsitu "for the poet today or indeed for the speaker who is some sort of an artist in the use of words, the proverb is a model of compressed or forceful language." Jechuun mammaaksi eenyummaa saba tokkoo ibsuuf hammam akka humna qabu dubbatti.Itti dabaluun, Finnegan (1970:396) "proverbs are often skillfully introduced in to speeches as the crucial moment and are influential in the actual decisions reached" Mammaaksi haala uumamee keessatti dandeettii murtee dabarsuuf gabbataafi humna qabeessa ta'uu ibsiteetti.Kana malees, mammaaksi haala dubbii afaanii jechoota filatamoo, dhiyaannaa addaa,xinqooqa afaanii karaa loojikaawaan kan qindaahe akka ta'e ibsiti. "proverbs are a kind of technical language with specialized vocabulary,style,and linguistic and logical constructions." Finnegan,(1970:407).

Hiikaawwan kanarraa ka'uun maalummaa ilaalchisee, mammaaksi yaada bal'aafi hawwataa jechoota ykn hima ykn gaalee gagabaabaadhan yoomeessa murtaahaa keessaatti osoo hin nuffisiisiin dhugaa,falaasamaafi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ibsuufi kan afaaniin daddarbaa dhufe gosa afoolaati jechuudha.

Fedhasaan(2019:26) Yaaduma kanaan kan walqabatu, "Mammaaksi dandeettii namaa madaaluu,laphee laaffisuu onnachiisuu,miira namaa hawwachuufi gammachiisufillee hedduu tajaajila."Kana jechuun Mammaaksi xiinsammuu namaa qeeqee qajeelchuu, miira dadhabbii balleessee miira moo'ataa nama keessatti uumuu kan danda'u ta'uu isaati.

### 2.2.2. Durdurii (folktale)

Durduriin gosa afoolaa ta'ee,wanta dhugaa qabatamaan jiru kan ibsu osoo hin kan akka dhugaatti hawaasa keessatti fudhatamu ykn namni uumee akka asoosamaati. "folktale are prose narrative which are regarded as fiction"Bascom (1965). Durduriin hawaasa keessatti

akka seera (dogma or history) kan ilaalamu miti. Wanti ittiin ibsamuus hawaasa keessa jiraachuu dhiisuu danda'a. Akkasumas, baay'ee xiyyeeffannoon (not to seriously) kan ilaalamu miti. Durduriin kun bashanaanaaaf akkasumaas, hamileessuuf kan itti gargaaramaniidha. Haalli ittiin seeneffamus bakka,umiruufi yeroon kan murtaa'uu miti. Qooddattoonni/taatoonni isaas nama ykn bineensota ta'uu danda'u. Haaluma kanaan,bascom hawaasni kan aadaa, seenaafi falaasamasaa ittiin ibsatu durdurii gosa adda addaa qabaachuusaa tarreesseera. “Avarirty of sub-types of folktales can be distinguished including human tales, animals tales,trickster tales, tall tales,dilemma tales, formulistic tales and moral tales or fables.”Alan Dundes (1965) caasaalee durdurii Afrikaa Bahaa kan qoratee faayidaalee bu'uuraa shan akka qabu ibsee jira. Isaanis, hiriyyummaa (friendship):durdurii keessatti yeroo hedduun akka hiriyyummaan ykn walgargaaruun namfakkiilee qooda fudhatan jidduutti calaqqisu godha; Waliigaltee (contract)itti fufee, yeroo baay'ee waliigalteera ga'uun walbeellamuun mul'ata.

Kanaaf, gatii ykn kaayyoo hiyyummaa madaaluuf;waliigaltee cabisu (violation):hiriyoota keessa tokko waan amantaa shakkisiisu raawwachuun mul'ata. Hatuun yookiin dhoksuun waliigaltee sana diiga. Saaxilamuu yookiin walqorachuu (discovery): namichi ganame yookiin hatame wanta godhamaa jiru yookiin waadaa cabe san arga.Innis,deebi'ee gama saan waadaa sana faalleessa;gargar bahu (End of friendship) haalli dhuma kanaa keessatti waadaa sana diiganii gargar galuudha.Yeroo tokko tokko namicha duraan waadaa cabse adabuun raawwatama.

### 2.2.3. Sheekkoo

Sheekkoon akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee holooloo yookiin afaaniin kan dhiyaatuudha.Haaladhiyaannaa isaa kanaaniis,kanneen walaloodhaan dhiyaatanirraa adda ta'a. Qabiyyeen isaa inni guddaan haala hawaasni tokko keessa ture agarsiisuun haala inni irra jiruuf muuxannoo qooduun egereetiif qopheessuudha. Kana gochuun rakkoo tokko keessaa akkamitti akka ba'an, akkamitti akka ba'uu dandahanirratti odeeffannoodhiyeessuun jireenya ammaafi egereef karaa agarsiisa. Waa'ee isa darbee kan calaqqisiisu, waa'ee isa ammaa kan xiinxalsiisuufi waa'ee isa egeree kan yaachisuu qabeenyaa hawaasaati jechuudha

.

Haalli dhiyeenyaa isaas, uumaafi uumama kanneen akka bineensaa, beeladaa, alaattii, namaa, samiifi wkf qooddattoota taasifachuun kan dhiyaatudha.Kanaafuu qo'annoon sheekkoorratti taasifamu haala dhiyeenyaafi qabiyyee isaa kana bu'uura taasifachuu danda'a.Hojiin hanga yoonaatti sheekkoorratti dhiyaatates guuranii tursuurra hin dabarre.Guuranii tursuun alatti ciminaafi hir'ina xiinxaluun gala (dhalee) duudhaa hawaasaarraa qophaa'e nyaachisuu hin danda'u. Addunyaa (2018) akka barreessetti.

> *"sheekkoon uummanni dhimma itti bahaa ture ba'aa jiru guuranii fixuun hin danda'amu. Haa ta'u malee qabiyyee sheekkoo tokkoo bal'inaan qaacceessuun muuxannoo guddina hawaas-diinagdee, hawaas-aadaafi hawaas-siyaasaatiif ta'u ifa baasuun nidanda'ama.Hanqinni hojiiwwan hanga ammaatti jiraniis, kana ta'uumala"*.jedha.

### 2.2.4. Hiibboo

Hiibboon gosoota afoolaa unka gaggabaaboo qaban keessaa tokko ta'ee, haala gaaffiifi deebiitiin kan dhihaatuudha.Yaaduma kana, Finnegan (1970:44) yoo deeggartu, " in ageneral way,riddiles are readily distinguishable by their queston and answer form and by their brevity,"jetti. Okpewho (1992:293) "Riddiles is verbal puzzle in either to the hidden meaning as the form of the challenge," Afoolli gaaffii afaaniin dhiyaatee deebii barbaadu, gaaffiinsaas, dhokataa waan ta'eef itti yaaduu kan gaafatu ta'uu ibsa.

Hiibboon muuxxannoo dheeraa jiruuf jireenya uumataarraa kan uumame kalaqa sammuu ilma namaati. Hibboon waantoota ijaan arganii harkaan qaqqabatanii yookiin sadaan (imaginary), ilaalani yaadaan dinqisiifatan akkasumas, waan gurraan dhagahanii tilmaamaniin wal qabsiisuurraatti hundaa'ee kan uumamuudha.Yaaduma kana bu'uura godhachuun hibboon Afirkaa salphaa, fakkiiwwan, waan ijaan argamaniifi dhagahamaniin walqabsiifamanii kan taphatamaniifi ibsaman unka gaggabaabafi miidhagina (quality) aadaa hawaasaa kan ibsu gosa afoola ta'uu Finneegaan ni ibsiti.

> " *Most of all riddile,however,simple, involve a play of images,visual and acoustic through which insights and comment can be expressed.In this way, even this very minor form of art, with its own stylistic peculiarities in different cultures, has its part to play in the richness of oral literature in African societies."* Finnegan (1970:429)

Hiibboon haala gaaffiifi deebiitiin yeroo taphatamu yeroo baayyee adeemsa beekaamaa qaba. Innis gaafataan yeroo ‘hibboo’ jedhees gaafatu deebiisaan kan laatu ammo “hibib”ykn “hiphis” yookiin “hibbaka” jechuun deebiisaaf. Sana booda gaafataan gaaffii hibboosaa dhiyeessa. Deebiisaaniis, deebii isaayoo beeke ni deebifaata, yoo wallaale ammo “afaan kee dammaanqabe” yookaan ammo “qola maaram jala seenee”jedha.Kana jechuu baannaan arrabsootu jira. Yeroo qoratus, “ala moo mana gala?dhahan nidhiigaa?”jechuun yoo qoratu deebiin isaa mana keessatti argama yoo ta’e “mana gala”yoo lubbuu qabaate ta’e lubbuu qaba jechuun akka soqatu itti hima.

Walumaagalatti hiibboon daa’immaaniif irracaalaatti faayidaa qabaachuufi yoomeessa yeroofi bakka afoolli kun ittiraawwatu yookiin himamu kan qabuudha.

### 2.2.5. Afseenaa (Legend)

Afseenaan wanta yeroo darbee ta’ee asdhiyoo (less remot, when the world was much as it is today) keessaatti ta’etu seeneffama.Innis wantaa kan amantaa hin taane (secular) kan ta’antu ittiin himama.Taatonni isaas,ilmaan namaati.Kan ittiin himamus, hawaasa keessatti akka dhugaatti kan ilaalamu seenaa gootootaa darbanii (past heroes,chiefs and kings),waraanafi moo’icha (wars and victories),godaansa (migrations) haala gosti itti walbulchan, godaansa, mootootaafi kkf ta’uu danda’a.

### 2.2.6. Jechamoota

Jechamoonni ergaafi qabiyyee dhoksaa inni of keessa qabuun,haasaafi barreeffama keessatti fudhatama guddaa qaba.Akkasuma yaada dhokataa inni of keessaa qabuun sammuu dubbisaafi dhaggeeffataa illee kan qaruudha.Kanaafuu jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal’aafi sammuu qaru jechuun nidandaa’ma.

Fedhasaan, (2019:85) Yaaduma kana jabeessu akka itti aanuutti kaa’a. “Jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha. Akka rakkoon irra hin geenyeef, yaada dhokataan jechamatti fayyadamee waan jechuu barbaade hima. Namni dhaggeeffatu ammo haalaan walqabsiisee xiinxaluun hiika isa dhokataa argata.” Akka ibsa kanaatti, hiikni jechama itti fayyadama afaanii hawaasaa keessaa argama. Oromoon jechamatti fayyadamee dubbii kooba;kanarraa kan ka’e hawaasichaan ala hiika hin qabaatu.

Hiikni jechamaa tokkoo ilaalcha hawaasan walqabata. Kanaafuu jechama saba biro bu'uureeffannee, kan Oromoo qorachuun ulfaachuu mala Rakkoon jechama Oromoo ibsuu keessatti muul'atu, kana irraa madda. Jechamni jechoota lamaafi isaa oliitti gargaaramee yaada irra keessatti mul'atu osoo hin taane isa dhokataa ta'e kan ibsuudha. Horcout (1994:21)n waa'ee jechamootaa akka itti aanuutti kaa'a. "An idiom is a group of words established by usage as having a meaning not deducible from those of the individual meaning of its element."Kana jechuun, jechamni tuuta jechamootaa ta'ee, hiika kan argatu akkaataa qeenxummaa isaan osoo hin taane,haala fayyadama isaaniiti. Hiikni jechamaa dubbataa afaanichaaf malee hiika namni dhuunfaan itti kennu miti.

Jechamni hiika kan argatu, dubbataa afaan sanaan ta'uu isaati.Walumaa galatti jechamni gosa afoolaa unka gagabaabooqaban keessatti ramadamuun akkuma cigoo bira qabee dubbii mi'eessuuf ykn bareechuuf jechoota hiika dacha qaban fayyadamuun ergaa dabarsuuf hawaasni itti gargaarama.Yaada kana Getaachoon (2006:148) yoo deegaru, "Jechamni haasawa mi'eessuufi ykn bareechuuf gala "jedha.Kana malees,Getaachoon hiikoolee jechamootaa irra keessaan yoo ilaalamu hiika ifaa ta'een kan ibsamu yoo ta'u, inni keessaa ammo hiika dhoksaa akka qabaatu ni addeessa.

### 2.2.7. Afwalaloo

Afwalaloon gooroowwaan afoolaa keessa tokko ta'ee bifa walaloon afaaniin dhalootaa dhalootaatti kan dadarbuudha.Sagalee yeedaloo qabuun waan darbuuf miidhagina kan qabuufi qalbii namaa harkisuu kan danda'uudha.David (1995:2) yoo hiiku , "Oral poetry can be defined in various ways astric definition would include only poetry that is composed and transmitted with out any aid of writing ,"jedha. Afwalalo karaa adda adaan hiikamuu kan danda'uufi walaloo qindaa'ee barreeffamaan dhiyaatu osoo hin taane kan afaaniin darbuu danda'u ta'uusaa ibsa.Kanaafuu, afwalaloon kalaqa hawaasa karaa miidhagina qabuun amantaa, falaasama, ilaalcha, soda, jibba,jaalala, gootummaa,qeeqaafi kkf walaloo afaaniin miidhaksee kan ittiin of ibsu qabeenya ykn hambaa uummataati.

### 2.2.8. Geerarsaa

Geerarsi gosa afwalaloo ta'ee kan namoonni muuxannoo qaban haala jiruufi jireenya keessa darbaniifi fuulduratti raawwachuu barbaadan,gaddaafi gammachuu, hiyyummaafi

badhaadhina, gamnummaafi gowwummaa, misoomaafi gadadooisaanii kan yeedaloo itti godhanii ittiin ibsataniidha. Uummata Oromoo biratti geerarsi iddoo guddaa qaba.Namoonni umurii walfakkaatarra jiran kan walirraa fuudhuun geeraran yoo ta'u, kanneen jalaa cookanis ni jiraatu.Akkasumas, geerarsaan tuttuuqaanii akka geeraran ni taasiifama.Sababiin isaa hawaasni nama akka geeraru barbaadan sun tutuqanii geerarsiisu waan ta'eef.

Geerarsi bakkee adda addaatti geerarama:bakka cidha,daboo,dirree lolaa,bakka ajeechaa ykn adamoo, iddoo tikaafi kkf itti sababa garagaraatiif geerarama.Isaan kunnin ammo, yoomeessa geerarsaa ta'uusaanii agarsiisu. Isanis dhaba ibsuuf, roorroo ykn diddaa ibsuuf,cabsaafi gootuummaa agarsiisuuf oomisha  cimsuuf lammii faarsuuf,injifannoo argataniif, onnee kakaasuufi kkf geerarama.Addunyaan (2018:173), Yaada kana yoo cimsu*,*

> *"Geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee uummanni bakka adda addaatti dhimma kan itti ba'uudha.Geerarsi tokko yoom,eessattiifi maaliif geeraramu addaan baasanii beekuun ni danda'ama.Geerarsa eenyuyyuu geeraruu danda'ullee,hawaasni nama bu'aa buusee geeraru jalaa qaba.Kun ammo barbaachisummaa qabiyyeerratti hundaa'a.Geerasa qabiyyee isaa bu'uureffachuun xiinxaluun kan danda'amu yoo ta'u,kanas bakkaafi yeroo tokkotti qaacceessanii fixuun rakkisaa ta'a,"*jedha. Qabiyyee geerarsaa muraasa haala kanaan kaa'a.*Kan lammii faarsuu, kan ajjeessaa, kan qonnaa, kan rakkinaa, kan fincilaafi kan daldalaafi* kkf niidha.

### 2.2.9. Weedduu

Weedduun akkuma geerarsaa gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta'ee dur irraa jalqabee hawaasni jiruufii jireenyaa isaa keessatti ittiin walbarsiisuuf jecha uummatee yookiin ammo kalaqatee ergaa ittiin waliif dabarsaa kan dhufe galaana kalaqa uummataati. Akkasumas, Oromoon kan eenyummaa saa ittiin ittiin ibsatu,roorroo isatti cime ittiin ofirraa akeekkachiisu ittiin walgorfatu ittiin waan isa muudate hunda kan ittiin ceepha'u weedduu gosa hedduutu jiru isaan keessaa muraasni kanneen akka weedduu qabsoo (siyaasaa), weedduu jaalalaa,weedduu diinagdee yookiin misoomaa qonnaa,baadiyaafi magaalaa haadhaafi abbaa hiyyeessaafi dureessaaf beekaafi walaalaa uumaafi uumamaafillee kan weellifamu yoo ta'u,haalaafi yeroo keessatti weellifamu yookiin ammo taateewwan haala yeroo keessa uumaman kan wal qabatuun yeroo weellifamu kanumarraa ka'uu afoolli kun afoola kalaqa namootaa yookiin ammoouummataa ta'uu  kan nama hubachiisuudcha.Kunis,

karaa namoota kennaa kalaqa addaa kana qabaniin kan dhiyaatu yoo ta'u,ogbarruu barreeffamaatiin jiraachuunis, afoolli akka hin banneefi qoratamuuf nigargaara.

### 2.2.10. Faaruu

Faaruun gosoota afoolaa keessaa tokko ta'ee walaloon miidhaksee kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan leellisuu barbaade ittiin leellisuun, ittiin faarsuun,kan jibbe ittiin jibba isaa agarsiisuu,jaalala isaa kan ittiin ibsu,akkasumas,kan ittiin kadhatu, kan ittiin waaqa kadhatu,kan ittiin wal gorfatu galaana kalaqa uummataati. Ummanni Oromoos, kan eenyummaasaa ittiin ibsatu,ittiin waaqa kadhatu, ittiin wal ceepha'u faaruu gosa hedduu qaba.Faaruu loonii,faaruu jaalalaa,faaruu gootaa faaruu ateetee faaruu mararoo cidhaa, faaruu fardaa faaruu yeroo midhaan daakanii,faaruu boo'ichaa faaruu oogidii faaruu biyyaa,faaruu ayyaanotaa faaruu malkaafi kkf  kunniin bakkaafi yeroo itti faarfataman qabu.Fakkeenyaaf yeroo roorroon namatti cimu gootonnikan faarfataniidha.

#### 2.2.10.1. Raagamtaa

'Raagamtaa' moggaasni jedhu jechoota "raagoo" fi "amantaa" jedhaman irraa uumame. Asirratti ragamtaa yoo jennu dhimma amantaa yookiin seenesuu yaa yaaduma jedhu of keessaatti akka hammatuudha. Raagamtaan adeemsa walitti jireenya hawaasaa keessatti osoo seerri barreeffamaa  hin uumamin dura faalasama, aadaaf w.k.f . kan ittiin walii qoodaa turan afaanin ta'uu isaati. Mulugeetaan (1991:164) kitaaba wiirtuu jildii *8ffaa* irraatti yoo ibsu, "Raagamtaan madda odeeffannoo akka ta'etti fudhatama. Aadaan barreeffamaa osoo hin dagaagiin dura, seenaan dhala namaa barreeffamaan hin clqabaamiin dura madda raga…" jechuun kaa'a. Yaada kanarraa kan hubatamu raagamtaan qabeenya hawasaa kan hawaasni falaasama ittiin addeeffatu qabeenya abbummaa dhuunfaa hin qabne, garuu kan qabeenyaa hawaasaa ta'eedha.

Haala kana ilaalchisee Mulugeetaan, (1999) hayyuu Campbel (1973) waabeeffachuun yoo eeru, "religious, philosophies, arts, the social   forms of primitive and the storic  man, prime discoveries in science and technology, the very dreams that blister sleep boil up from the basic ring of myth" jedha. Dagaaginni saayinsiifi teekinoolojii osoo irra hin qaqqabin dura amantaan, falaasamni, aartiin akaakuun mala jireenyaa kan ittiin hiikoo argachaa ture

raagamtaan, ta'uusaa odeessa.Yeroo ammaas kan guddinni saayinsii hin qaqqabne raagamtaadhaan ibsama. Raagamtaan akaakuu hedduu qabaachuu ni danda'a.

Haata'u malee, qabiyyeerratti hundaa'uun bakka saditti qooduun ni danda'ama. Isaanis: Raagamtaa uumamaa (Creation myth), raagamtaa ergamtootaa (Deity myth) fi raagamtaa goobaan gaaleessaa (hero myth) jedhamu. Qoodinsa kana ilaalchisee Alex (1992:2) "narrative, in the broadest of the word, designates a report of an event that is passed along by mouth without of informants, being able to check its orgin or its previous authorities," jedhu. Raagoowwan bifa gabaabsuttin yookaan seeneessuuttin gochootaafi ta'insootan raawwataman kan afaaniin dabarsu ta'uu isaa ibsa.

### 2.2.10.2. Raagamtaa Uumamaa (creation myth)

Raagamtaan kun uumama waan tokkoo nu hubachiisa.Kana jechuun Waaqayyo akkamitti wantoota har'a addunyaa kanarratti mul'atan akka uume kan seeneessuudha. Kunis, wanti tokko akkamitti uumame har'a ijatti mul'atan laggeen,tulluuwwan, namni, lafti,samiinifi kkf akkamitti akka uumaman,eenyuutu akka uume, yoom akka uumame, eessatti akka uumame gaaffiiwwan jedhaman deebisuuf ija amantaatiin kan raagamu raagamtaa jedhama. Addunyaa durii keessattis, akka uumaman seeneffamoota kanneen keessatti raagamanii jiru.

### 2.2.10.3. Raagamtaa Ergamtootaa (deity myth)

Raagamtaan kun as keessatti waa'ee gocha ajaa'ibsiisaa ergamtoonnii rabbi yookiin waaqaa namootaaf kan raawwatantu seeneeffama. Ergamtootnni adeemhsa jireenyaa isaanii keessatti jagnu,mmaa agarsiisan, gocha boonsaa raawwatan, kan raagan raagamtaa ergamtootaa jechuun ni danda'ama.

### 2.2.10.4. Raagamtaa Goobaangaleessaa (hero myth)

Gosti raagamtaa kanaa gammoo waa'ee namoota jaalala saba isaaniif jedhanii wareegamannii seeneessa.Goobaangaleessi kun vnamarraa adda ta'ee dhalachuu ni danda'a. Akaakuu raagamtaa kanaa keessatti seenaan raagoo kan ittiin fuulduratti tarkaaffatu goobaangaleessa adda ta'etu nu qunnama. kun fakkaattiiwwan (characres) raagoowwan kaniinirraa garaagarummaa guddaa qaba. Goobaangaleessi raagamtaa keessatti uumamu yeroo baayyee dhala namaa ta'eetu argama. Barri isaan keessa cdhalatan yeroo hawaasni

rakkoo adda addaa keessa galu ta'uu ni danda'a. Kunis, yeroo dhalatu rakkoo saba isaatiif furmaata ta'a. Kanaaf uummatarraa addaan bahuun gocha jaginummaa raawwachuun furmaata qabatee deebi'uun amala goobaangaleessa kanaati.

Mulugeetaa (1999) Campbell (1973) waabeeffachuun akkas jedha "the standerd path of the myth logical adventure of the hero is a magnification of the bformula represented in the rite of the passage sepapation, initiation,return with myth be named unclear unit of the mono myth" (1973:30). Yaadni kun amala goobangaleessaa kan addeessuudha. Goobaangaleessichi adeemsa jireenya isaa keessatti hawaasarraa gargar bahuun bgocha dinqisiisaa raawwachuun injifannoon deebi'uun maalummaa goobaangaleessa kanaa hubachiisa.

### 2.2.11. Malleen Dubbii

Malleen dubbii afoola keessa isa tokkoodha.Fayyadama afaanii keessatti dubbii dubbatamu caalmatti mi'eessuuf yookiin ergaa isaa bal'isuuf malleen dubii iddoo guddaa qabu. Namoonni kan ilaalan, kan dhagahan ,kan qaqqaban,kan dhandhaman, waan tokko hubatanii nama biro karaan ittiin hubachiisan akkasuma miira isaanii kanneen biro waliin kan qoodatan malleen dubbiini. Malli dubbii haala amala tokko, miira nama biraaf yookiin bineensa biraaf kennuun yookiin wal fakkeessuun, wal dorgomsiisuun dhiyeessa.Yaaduuma kana kan jajjabeessu Addunyaan (2018:208) akkasitti barreesse:

> *"Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko kan nama hubachiisudha.Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo immoo arbeesanii,binoo immoo nameessanii, namoo bineensanii walcinaas qabanii cinaachaan himuun hubannaaf kan haala mijeessuudha."*

Kana jechuun malleen dubbii,waan dubbatamus ta'ee waan barreeffamu, lubbuu itti horuun guddaa xinneessanii,xinnaa guddisanii,fokkisaa bareechanii bifa miira namaaf dhiyoo ta'een ergaa dabarsuuf kanneen tajaajilaniidha.

Akkasuma Malleen dubbii, jireenya guyyuu maraakeenya keessatti haasaa keenya haalan qabatamaafi amansiisaa taasisuuf. Kana malees barreeffama yaa-uumee ykn kakaqaa mi'aa isaa dabaluuf hedduu fayyada. Harry (1972:208) yoo ibsu, "A figure of speech in wich literar (denotative) meaning of word or statement in the opposite of that intended in literature if is a

technique of indicating an intension or attitude opposed to what is actual stated"jedha.Qabxii kanarraa kan hubannu,malleen dubbii barreeffamoota yaad-uumeefi dubbii haasa'amu tokko amansiisaa taasiisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'uudha.Tajaajilli malleen dubbii barreeffama keessatti qofaa osoo hin taane, waliin dubbii namoonni taasisan keessatti shoora olaanaa qaba.

Kana malees,ogbarruu tokko jaalatamaa kan godhu,ergaa inni of keessatti hammate qofaa osoo hin taane, miidhagina afaan ergaa isaa ittiin dabarfatu yeroo qabaateedha.Afaanichi miidhagina qaba taanan akkaatan ergaa ittiin darbu,hawwataa taanaan,ogbarruun sunjaalatamaafi barbaadamaa ta'a. Kana taasisuuf fayyadamni dubbii qolaa barreessaa gahee olaanaaqaba. Yaaduma kana jajjabeessu fayyadama dubbii ilaalchisee, Shaw (1972:159) yoo ibsu.

> *"Figurative language is deliberate and international departure from normal word meaning or word so as to gain freshness and strength of expansion the basic purpose of figurative languages are to employ or namental dnievice of comparing dissimilar things and for creating sound and image."*

Yaada kana gabaabinaan yoo ilaallee,kaayyoon malleen dubbii, wanti tokko kanneen afaan barreeffamaa irra caalaa kan ibsuu dha.Ergaa malleen dubbii dabarsanis, kan ilaalluudha;kunis mirkanaa'ee dhugummaan isaa kan bira ga'amu,yaada kallattiin ibsameen alatti,yaada dhoksaa isaa hubachuudha yaada jedhu hammata.

### 2.2.11.1. Gosoota Malleen Dubbii

Gosoonni malleen dubbii fayyadama afaanii irratti hundaa'uun malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniiti.Barreessaan asoosamaa malleen dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun dhimma itti bahu.Gosoonni malleen dubbii itti fayyadama afaanii kaawwanirraa hojiiwwan ogbarruu keessatti bay'inaan hojii irra oolu.Cuddon (1982:27) waayee qoqqooddii malleen dubbii yoo ibsu, "The are many figure of speech device.Figure of speech devided in to smile metaphor, personification,apostrophe. Hyperbola, antithesis, synekoduche, paradox and symbol" jedha.Yaada kanarra kan hubatamuu danda'u malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniti. Isaanis:Akkasaa,Iddeessaa,Nameessuu,Atee, Habalaka,Arbeessuu, Mithee, Fakkoofi Mallattoo fa'i.

Dabalataanis, Harcourt (1994:216) waayeedhuma qoqqooddii malleen dubbii kana yoo addeessu “Theshief figures,of speech are;smile,metaphen, hyperbola, personification, paradox and allusion ,jechuu ” addeessa. Gosoota malleen dubbii kan jedhaman kanneen akka Akkeessaa, Iddeessuu, Nameessuu, Arbeessuu, Eemeetiifi walqabsiisaa akka jedhaman ibsa armaan olii irraa hubachuun ni danda’ama.Malleen dubbii kunis,ogbarruu barreeffamaa fayyadama afoolaa kanneen ibsan asoosama keessatti barreessaan gargaarame,haala akkamiin hawaasni itti gargaaramaa akka jiru ibsuun ni danda’ama.

Walumaagalatti malleen dubbii kuni maqaa adda addaa haa qabaatan malee, hojii ogbarruu barreeffamaa keessatti, haala sammuu namaa keessatti suuraa kaasuu danda’uun kalaqamee dhiyaata.

### 2.2.11.1.1. Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta’ee jechoota ‘akkaafi fakkaata’ jedhamanitti dhimma bahuun wantoota lama wal-cinaa qabuun isa tokko isa biraatin kan ilaaluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:82)yemmuu ibsan. “Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cina qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalanidha. Kunis jechoota ‘akka, fakkaatafi gaha’ jedhanitti dhimma baha” jechuun ibsa.

Akkasumas akkasaan dhimmoota lama kanneen uumamaan tokko hinta’in bifaan ykn amalaan walbira qabuun waliin madaalee kan agarsiisudha. Maalummaa akkasaa Fedhasaan,(2013:97) yoo ibsu, “Akkasaan waldorgomsiisa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, caala, amma, jedhan gargaaramuun waldorgomsiisa. Garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta’een” jechuun ibsa. Yaadni kunis akkasaan wantoota lama walbira qabuun jechoota isaan kana lameen waldorgomsiisuu danda’anitti dhimma bahuun kan itti gargaamnuudha. Fakkeenyaf:

a. Rifeensi Boontuu akka hiddaatti mamaramee irra ciissa.
b. Mudhiin caaltuu mudhii soonsaati fakkaata.
c. Boonsaan akka waraabeessaatti nyaata.

Fakeenya armaan olii kana keessatti wantoota adda addaa wal-bira qabuun waldorgomsiisuun nimul’ata. Hima tokkoffaa keessatti rifeensa Boontuuti hidda waliin kan wal bira qabuun

dorgomsiisee argina. Hima lammaaffaa keessatti ammoo mudhii Caaltuu mudhii soonsaa waliin kan wal dorgomsiisetu muldhata.Akkasumas, dhala namaafi waraabeessa waliin wal bira qabee yoo madaalchisuu argina.Kanaafuu, Akkasaan wantootaa, bineensaa fi dhala namaa wal-bira qabuun jechoota 'akkaafi fakkaata' jedhamanitti gargaaramuun wal-dorgomsiisa.

### 2.2.11.1.2. Iddeessa

Iddeessuun wanta tokko waan birootin bakka buusanii ibsuudha. Gosti mala dubbii walaloo keessattis bu'uura. Walmadaalchisuun iddeessuu keessatti yeroo hunda fuulleefi fuullettti kan hinmul'annee haata'u malee jira.

Yaada kanarraa kan hubatamu wantoota adda addaa bakka walii buusuun, waan tokko isa birootin dorgomsiisuun akka danda'amuudha. Kunis wantoonni bakka walii bu'an kun gosaafi amalaan kan wal-hinfakkaanne yemmuu ta'an, wantoota kana bakka walii buusuun itti gargaaramuun kunis iddeessuu jedhama. Waa'ee iddeessuu ilaalchisee Fedhasaa (2012:97) akkasii gadii kanaan ibsa.

> *" Iddeessi kan wanta tokko bakka waan biraa buusee, waanuma sana taasisuudha. Jechoota akka, amma, fakkaata, caala jedhan hinfayyadamu malee innis dorgomsiisa wantoota walhinfakkaanne lamaati. Iddeessi akkasa caalaa hubannoon xiinxaluu barbaada. Sababnisaa, jechoota baay'ee dhokataafi bira gahuuf kan nama rakkisuutti fayyadama. Kunis iddeessi waan tokko waan biroo taasisuun kan agarsiisu waan ta'eef sirriitti xiinxaluu barbaada". je*chuun ibseera.

Yaadni kunis iddeessuun waan tokko waan birootiin bakka buusuun waan sana ibsuufi akkasumas amala waan sun ittin walfakkaatu beekuf xiyyeeffnnoo guddaa itti kennuun hubachuu kan barbaadudha. Akkasumas iddeessuufi akkasaan wantoota lama waldorgomsiisuu isaaniitiin akka walfakkaataniifi jechoota akkasaan gargaaramu iddeessi kan itti hingargaaramne ta'uu isaaniitiin garaagarummaa akka qaban hubachuun nidanda'ama.

Ergaa mala dubbii kanaa hubachuuf aadaafi safuu hawaasichaa sirriitti beekuufi hubachuun barbaachisaadha. Kunis hiikni duraan beeknu sun yaada isa lammataa kana hubachuuf shoora olaanaa qaba. Fakkeenyaf:

a. Tolaan Waraabeessa.

b.Uummanni Oromoo Leenca.

Himoota armaan olii kana keessatti inni tokko iddoo isa biroo bu'uun amala waan sanaa yemmuu qooddatu nimul'ata. Hima tokkoffaa keessatti albaadhessuummaa Tolaan qabu agarsiisuuf jecha iddoo waraabessaa buusuun ifatti kan mul'ata. Hima ittaanu kana keessattis Uummanni Oromoo bakka leencaa bu'eera. Kunis uummanni Oromoo goota ta'uusaa agarsiisa.

### 2.2.11.1.3. Nameessuu

Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee amala dhala namaa lubbu-qabeeyyii yookin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan dhiyeessu dha.Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:211) yoo ibsu.

> *"Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbbuqabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniti."* Jedha.

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ogummaafi dandeettii dhala namaa akkaataafi yeroo addaa addaa keessatti wantoota garaagaraaf kennuun maleen dubbii keessaa nameessuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Miller fi Greenberg (1991:66) maalummaa nameessuu akkanatti ibsaniiru.

> *"Personification is used in speech and writing for giving inanimate objects, abstract concepts or actions, human or near human characteristics, having the quality of metaphor since it is a metaphoric way of spicing up writing, and making the abstract more relatable. In it, distinctive human characteristics, e.g honesty, emotion, volition, etc., are attributed to an animal, object or ideas".*

Malleen dubbii kana keessatti dhala namaan ala kan ta'an yoo nyaatan, dhugan, yaadan, koflan, taphatan, akkasumas gochoota namaa kan biroos yoo hojjetan kan mul'taniidha. Gama biraan, Fedhasaa (2013:98) maalummaa nameessuu yemmuu ibsu, "Nameessi dubbii qolaa wanta, horii, bineensaafikkf amala namummaa gonfachiisuun dhiheessudha. Mala bineensonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojiisaanitti humna horaniidha" jechuun ibse.

Walumaagalatti yaada kanarraa kan hubatamu nameessuun wantoota adda addaa dandeettii dhala namaa qabu gofachiisuun dhiyeessuudha. Fakkeenyaaf:

a. “Osoo beeknuu huubaan wajjiin” jette Sareen.
b. “Osoo kan rafe natti dammaksuu baatanii kan quufe natti kadhachuu baatanii lafa dhiisii dhakaarran marga” jedhe midhaan.
c. Dachii koo maalan balleesse natti himi, yoo waa dhageesse?

Fakkeenya olii irraa wanti hubatamu hima tokkoffaa keessatti Sareetu akka namaatti kan dubbatte yookiin jette jedhan argina.Kun amala namaa saree fudhachiisuun yeroo ergaa dabarsantu muldhata.Hima lammaffaa keessattis akkasuma yeroo midhaan akka namaa ta’ee dubbate jedhantu muldhata.Mala dubbii kana keessatti wantoota nama hintaaneef amala namaa kennuun akka wanti sun dubbateetti ergaa ittiin dabarsatantu muldhata.Hima sadaffaa keessattis, dachee akka namaatti yeroo itti haasaa’an argina.

### 2.2.11.1.4. Arbeessuu

Malli dubbii kun amala wanti tokko qabu gar-malee ol kaasuun yookin gar-malee gadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun yaada tokko guddisuufi xiqqeesuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:83), *“Malli dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn xiqqeessuun dhiyeessuu ilaallata”* jedhu. Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee dabaluudha. Malli dubbiii kun olkaasanii mul’isuuf yookin miira dinqisiifannaa nama keessatti uumuuf fayyada. Fakkeenyaaf:

a. Gurbaan hanga jawweeti dheerata.
b. Tolaan sangaa hanga lukkuu gahu bitee gale.

Akkuma hima armaan oliirraa hubachuun akka danda’amutti hanga wanti tokko gahu baayyee ol guddisanii ibsuufi gadi buusanii yookiin gadi xiqeessanii ibsuu jechuudha. Hima tokkoffaa keessatti yoo ilaalle dheerina gurbaa ibsuudhaaf jawwee waliin kan wal bira qabee kan ibse, dheerina gurbaa ukukkubsee yookiin garmalee guddisuun kan ibseedha. Akkasumas, hima lammaaffaa keessatti,xiqqeenya sangaa Tolaan bitee ibsuuf lukkuutti kan akeekameedha. Kunis, xiqqeenya hanga sangaan gahu ibsuudhaaf sangaa lukkuudhaan wali

bira qabee gadi buusee kan ibseedha. Walumaagalatti arbeessuun waan tokko baayyee olguddisee ykn gadii buusee kan dhiiyeessuudha.

#### 2.2.11.1.5. Habalaka

Malli dubbii kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaaru. Kana jechuun dhaamsa osoo ifatti hinbaasiin karaa dhoksaa ta’een dabarsuuf kan gargaaru jechuudha. Habalakni kan jechoonni kallattiin hima tokko keessa jiran hiika faallaa wanta yaadamee sanaa bakka bu’uun kan argamanidha. Habalakni mala yaada duraan dhugaan jiru tokko faallessinee agarsiisnudha. Yaaduma armaan olii kana cimsuun Fedhasaan (2013:97) waa’ee habalakaa akkaataa armaan gadii kanaan ibseera.

Habalakni dubbii addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta’e gidduutti mul’atuudha. As keessatti wanti jedhamuuf ka’e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda’amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiruu sirriitti yoo hubatameedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. Fakkeenyaaf:

a. Nama dheerinan gabaabaa ta’e tokkoon “Birbirsi dhufe.”jechuudha.
b. Nama gurraachaan ‘ Faranjii’ jechuun waamuu.

Hima armaan olii kana keessatti dhimmi argamu waliif faallaa kan ta’efi dhaamsi ergichaas caasaa himichaa keessaa kan gara dhumaatti argamuudha. Kana jechuun namni nama hojjaansaa baay’ee gabaabaa ta’en Namichi birbirsi sun dhufe yemmuu jedhu karaa faallaa dhimma dubbachuu barbaanne tokkoof karaa dhokataa ta’een dhaamsa dabarsuun habalaka jedhama. Habalakni dubbii keessatti qofa osoo hintaane barreeffama keessattis qaama nu bira hinjirre tokkoof karaa dhoksa ta’een yaada qabnu dubbistoota keenya biraan ga’uuf ni tajaajila.

#### 2.2.11.1.6. Atee

Ateen waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnudha. Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun (1992: 116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera.

> *“Ateen waan nu bira hinjirre tokko namas ta’ee namaan ala kanneen ta’an akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda’anitti*

*fudhachuun, gaaffii gaafachuu, marii wajjin taasisuun, haasofsiisuu, gaddisiisuun yookin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha. "*

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti, mala dubbi kan kessatti lubbbuu qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiiyyuu kan nutti dhihoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasofsiisuun malli dubbi mul'atu atee ta'uusaa hubachuun ni danda'ama.uudha.

### 2.2.11.1.7. Mitihee

Jechoota ykn waantoota walii faalla ta'an garuu yaada walii ciimsan kan ilaaludha. Yaanni himichi qabatees eeyyeen ykn miti kan nama jechiisiisudha.

Kanumarraa ka'uun, Addunyaafi kaawwan (2005:83) yoo ibsan *"Mitheen waantoota waliif faallaa ta'an lamaan yaada keenya ittin ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha"* jechuu, ibseera. Fakkeenyaf:

a. Yoo nagaa barbaadde waraani.
b. Ishiin osoo nyaattuu beelooftti.
c. Osoo hojjatuu hiyyoome.

Himoota armaan olii keessatti jechoota waliif hiika faallaa ta'an qabanitu argama. Hima tokkoffaa keessatti namni nagaa barbaadu waraana kaasuu hin qabu jenne yaanna gama biraan ammo waraanaanii mo'icha gonfachuun nagaa buusuun ni danda'ama.Kanaaf yaanni kun deebii eeyye ykn miti jedhuu akka kenninu nu taasiisa.

### 2.2.11.1.8. Fakkoommii

Fakkoommiin gosa mala dubbii ta'ee jechoota waan bal'aa ta'e tokko baka bu'anii ibsanitti gargaaramuun kan dhiheessuudha. Fakkeenyaaf, bokkuu, siinqee, odaafi coqorsa qabatanii deemuu kanneen jedhaman kana barreeffama keessatti yemmuu arginu waan isaan ibsuu barbaadan karaa mala dubbii kanaan adda baasuun agarsiisuu dandeenya jechuudha.

### 2.2.11.1.9. Mallattoo

Malli dubbii kun wanta ijaan hinmul'anne tokko waan mul'atuun bakka buusanii mul'isuun kan ibsamuudha. Yaaduma kana wajiin kan deemuu Yaadannoon (2014:90) akka ibsutti,

“Dubbii qolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu’ee mallattoon agarsiisuudha” jechuun hiika.

Yaada kanarra hubachuun akka danda’amutti dhimmoota adda addaa keessatti waan tokkoof bakka bu’aa isaa kaasuun akka mul’atutti kaa’un gosoota malleen dubbii keessaa mallatteessuu ta’a jechuudha.

Fakkeenyaf: “Bullukkoo uffatee taa’a.” Hima jedhu kana keessatti ergaa himichaa kan ilaallu yoo ta’e akka Oromoon beekutti bullikkoo maanguddootu uffata. Kun immoo Oromoo biratti mallattoo jaarsumma ykn maanguddumaati. Kanaaf ergaa hima kanaa haala salphaan kan hubatamu ta’a jechuudha.

### 2.2.12. Ciigoo

Ciigoon akaakuu afoolaa keessaa isa tokko yoo ta’u, jiruuf jireenya ummata keessatti:seenaa, aadaa, duudhaa, jaalalafi jibbaa, gaddaafi gammachuu,amantaafi shakkii, waliin jireenyaafi qaldhabiinsa,tokkummaafi garaagarummaa, tolaafi hammeenyafi kkf ittiin ibsachuuf bu’aa guddaa qaba.Kana malees, wanti dubbannu sirritti akka ifa ta’uuf fudhatama argatuuf kan tajaajiluudha .Cigoon garee jechootaa, gaalee, ykn hima ta’ee dubbii dacha ta’e kan of keessaatti qabate yoo ta’u, dubbiin dacha kun cigoo afaan Oromoo keessatti yeroo baayyee walaloo ciigoon ittiin ibsamu keessatti bo’oo isa gara dhumaarratti argama. Dubbiin gdachaa kunis, ergaa lama dabarsuuf kan dhiyaatuudha. Isaanis:

1. Ergaa mifaafi fuullee jiru kan ‘soorgoo’ jedhamee beekamuufi,
2. Ergaa bdhoksaa yookiin icciitii kan of keessaa qabu, ‘sookoo’ jedhamuun kan beekamuudha.

Ergaan isa jalqabaa (soorgoo) baasuun salphaa ykn yaada walalichaa irratti kan hundaa’e yoo ta’u, sookoon immoo qabiyyee walalichaarratti waan bu’uura hin godhanneef irra deddeebi’anii dubbisuunykn suuta hubachuun ergaa dhokataa iccitii isaa argachuudha. Cigoon wantoota gurguddoo sadi of keessaa qaba. Isaaniis:

Dubbii dacha (sabboqoo)

Soorgoo

Sookoo dha.

Jechi dacha yookiin sobboqoon yeroo tokko tokko sooreessa dubbiis nijedhamu.  Innis, jechi tokko eegaalee  adda addaa dabarsuu waan danda'uuf. Sookoofi soorgoon walduraa duubaan lafeefi dhuka jedhamuunis  ni beekama.Malootni ittiin ciigoo itti hiikan keessaa dandeettiilee adda addaa qabaachuun barbaachisaa ta'uusaati. Isaan bkeessaa dandeettii qoruu, qorachuufi xiinxallanii ilaaluu gfa'a ta'uu isaati.

Mala dcubbii dacha yookiin ciigoon ittiin hiikamu keessaa kanneen gaditti dhihaataniiniidha.

**1**.Dubbii dacha ciigoo uumu jabeessuun, laaffisuun, dheereessuun yookiin gabaabsuun hiika isaa barbaaduudha.

**Fkn.** Cirracha darbitee kan buufte karaarraa

Abaaramuu keeti baatetoo namarraa.

Jechi dacha: ' baateetoo namarraa' kan jedhuudha.

Soorgoon isaa ammo ati qofaatti abaaramuuf yoo ta'u,

Sookoon:nama gubbaa baate yookiin namarra kortee abaaramuuf kan jedhu ta'uu saatu hubatama.

**2.**Jecha dacha ta'e lama yookiin lamaa ol garagaraa walitti fiduun ciigoo uumuudha.

**Fkn.** Dhageettiin badeeraa kan warra gamasii

Ani taa'een ilaalaa ati guurii baasii.

Jechi dacha:guurii baasi kan  jedhuudha.

Sookoon: guurii gurra keessaa baasi kan jedhu yoo ta'u

Soorgoon ammo harii baasi ykn haxaa'i baasi bkan jedhu ta'uusaattu hubatama.

**3.**Jecha dacha yookiin jecha hiika lama qabuun ciigoo uumuu kan jedhuudha.

**Fkn.** Akkan taane ta'ee seera uumaa cabsee

Harkin a hidhamnaan miilanan barreesse.

Jecha dacha:Miilanan barreessee kan jedhuudha.

Soorgoon:Lukaan(quba  miilaatiinaan)barreesse kan jedhu yoo ta'u,

Sookoon:Dhiyeenya kanan katabe ykn barreessee kan jedhu akka agarsiisu hubatama.

### 2.3. Aaloota Afoolaa

Afoolli amaloota hedduu qaba.Kitaaboota garaagaraa keessatti amaloonni afoolaa dhiyaataan kallattiinis ta'ee alkallattiin kanneen armaan gadii keessatti haammatamuu danda'u.

### 2.3.1. Qaama Isaarratti Jijjiiramni ta'uu

Afoolli afaaniin dhalootaa dhalootatti waan darbuuf, bakka tokko tokkotti ni irraanfatama. Haa ta'u malee, yaadrimee isaa yaadachuun hawaasni jecha mataa isaatiin qindeessee dhiyeessa.Fakkeenyaaf, Mammaaksi Afaan Oromoo kanaan gaditti dhiyaate jijjiramummaa afoolaatiif fakkeenya ta'uu danda'a.

Ijoolleef taphaa billaachaaf nafa.
Adurreef tapha hantuutaaf lubbuudha.
Ijoolleef tapha sinbiraaf lubbuudha.

Mammaaksi kun qooddattoota humni isaanii wal-hinginneen dhiyaate.Kunis adurreefi ijoolleen warra humna-qabeeyyii yoo bakka bu'an,billaacha,hantuutaafi sinbirri ammo warra humna-dhabeeyyii bakka bu'an.Warri humna-qabeeyyiin ajjeesanii ittiin taphachuufi nyaachuuf yoo carraaqan,warri humna dhabeeyyiin garuu hin duunuu falmatu;jalaa ba'uuf kaatu.Mammaaksonni kun qooddattoota namaan alatti haa fakkeeffaman malee, dhimmi isaa waa'ee namaati.Irra-jalummaan qabeenyaa,humnaafi beekumsaa namoota keessatti mul'atu beekaas ta'ee osoo hin beekin isa biraa dhiibuu isaa nutti agarsiisa.

Kanaafuu qabiyyeen mammaaksichaa dhiibbaa geessisuufi dhiibbaa jalaa ba'uuf tattaafachuudha.Bifni mammakisichi ittiin dhiyaate ammo akka raawwataatti ijoolleefi adurreen bakka kan wal-bu'an yoo ta'u, akka irraawwatamaatti garuu billaacha,adurreefi sinbiratu bakka wal-bu'an.Haala kanaan,jijjiiramni taasifames kan qooddattootaa,kan duraa duuba jechootaa,gaaleewwaniifi ciroowwaniiti.Akka mammaaksa dhiyaaterraa mul'atutti jijjiramni bifaa kan qabiyyee hinmiine

### 2.3.2. Miidhagina Qabaachuu

Afoolli miidhagina qaba.Miidhagina isaatiifis kanneen gumaachan keessaa muraasni irra-deddeebii dhamsagootaa (dubbachiiftuufi dubbifamaa),irra-deddeebii jechootaafi caasaalee wal-qoomanii, filannoo jechaafi wkf maqaa dha'uun ni danda'ama.Geerarsi armaan gadii yaada kana dhugoomsu.

*Allaattiin nu marsekaa*
*Akka waan du'aa taa nee*
*Albaatiin nu sardekaa*

*Akka waan mucaa taane*
*Andoodee jala lixnee*
*Anqooqnee lafa fixnee*

Geerarsa olii kana keessatti kanneen jala sararaman geerarsichaaf miidhagina kennanii jiru.Geerarsichi yeroo xiyyaarri reefuu biyya keenya dhufe, hin jirree waan ta'eef, baqachuufi dhokachuun turuu isaa agarsiisuuf 'andoodee jala lixne', ciroo jedhutti gargaarame.Sodaaniifi dhiphinni turuu isaa agarsiisuuf ammo, 'hanqooqnee lafa fixne' jechuun ibsamee jira. Kana malee malleen dubbii kanneen akka akkasaafi waliin ilaaluu haalaan geerarsicha keessatti calaqqisuun miidhagina kennaniifii jiru.Jecha'akka waan du'aa taanee, akka waan mucaa taanee ciroowwan jedhan keessatti fayyadame.Waliin ilaaluuf ammo 'xiyyaaraafi allaattii dhiyaate.Akka aadaa Oromootti,allaattiin marsinaan wanti du'e jiraachuu isaatiif mallattoodha. Naasuufi alba'uun kan itti danatus daa'immatti. Kanaafuu,haalli yeroo sanaa amala daa'immaniifi du'aa kan ga'eessa gonfachiise ture jechuudha.

### 2.3.3. Gochaafi Yoomessa Barbaada

Addunyaan (2018:168), Maalummaa gochaafi yoomessa akkaataa armaan gadiin ibseera:

> *"gochaan ulaagaa guddaafi lubbuu afoolaati.Haalli dhiyeenya afoola tokkoo gochaa tokkorratti hundaa'a jechuudha.Fakkeenyaaf,geerarsi ajjeesaa jiraachuuf, wanti du'e jiraachuu qaba;walaloon boo'ichaa jiraachuuf boo'uun jiraachuun dirqama.Arrabsoon gaa'elaa tokko jiraachuufis kaadhimmatanii fuuchuun jiraachuu qaba. Gochaan kun ammo sochii qaamaatiin wal-qabata.Kanarraatti hundaa'uun mi'aa'uu yookaan dhangaggaa'uu danda'a.Fakkeenyaaf,namni geeraru tokko ni utaala,ija babaasa,wanta ajjeesee geeraru sana baannata. Kanaafuu, yeroofi bakka mijaawaa barbaada jechuudha.Yeroo kanatti gochiifi hirmaattonni jiraachuu qabu"*.Jedha.

### 2.3.4. Qabeenyaa Uummataa Ta'uu

Afoolli kan uummatati.Kana jechuun,miseensota hawaasaatiin kalaqamee kan uummanni hundi itti fayyadamu malee, kan namni tokko qofti ittiin waamamu miti.Yeroo tokko tokko "jedhe abbaan abaluu"kan jedhamu dhageenya.Nutti waan abbichi jedhe yookaan uume haafakkaatu malee,namtichi muuxannoo kana kanneen isaan dura turanirraa argachuu danda'a. Haa uumus,namarraa haakuufatus kanuma hawaasaa ta'a malee nama dhuunfaatiin

hin waamamu. Uummaatumaan alaqamee Uummaatumti kan itti garaaramaniidha. Kanaafuu, amala uumatummaa malee, amala hallanyummaa hin qabu jechuudha.

### 2.3.5. Qindoomina Qabaachuu

Jechoonni, gaaleewwan, ciroowwaniifi himoonni fayyadan qindoomina qabu.Seerri qindoomina kana to'atus irra caalaa kan afaan dubbiiti. Afaan dubbii keessatti seerri hawaasni ittiin dubbatee walii galu isa kan barreeffamaarraa adda kan ta'eefi daran hawaasicha biratti kan beekamtii qabudha.Yeroo dubbatamu haqaaquun, kottoonfachiisuun, dhamsagas ta'ee birsaga haquun, irra deddeebiin,duubatti deebi'uun, fuulduratti tilmaamuun, duraa-duuba jechootaafi gaaleewwanii akkasumas, ciroowwanii wal-jafuu, sagalee ol kaasanii gabbuusuufi wkf jira. Kun ammo qophiifi fayyadama afoolaa keessatti haalaan mul'ata.

## 2.4.Fayidaa Afoolaa

Faayidaaleen afoolaa saba tokkoof qabu yoo ibsamu bal'dhaadha. Akkuma gosoonni afoolaa hedduun jiranu faayidaaleen isaaniis,hedduudha. Kana jechuunis,tokkoon tokkoon gosa afoolaa faayidaalee ofii qabu jechuudha. Kanaafuu faayidaalee afoolaa kanneen jedhaman kunniin kanneen afoola maraaf ta'u qofaadha. Kana jechuunis, waa'ee afoolaa yaadolee bu'uura ta'an gabbisuuf nigargaara jechuudha.Fakkeenyaaf, mammaaksi, hiibboon, geerarsi, taphini ijoollee,sirbi aadaafi kkf faayidaalee mataa isaanii kan qabanu ta'uu dagachuudhaan miti. Kun ammo akkuma mammaaksi namootaaf beekumsa/barnoota dabarsuudhaaf fayyadu geerarsis barnoota dhaggeeffattootaaf dabarsu ni qaba.Kun ammo faayidaa tokkoof oolan jechuudha.Kana malees, seenaa, aadaa duudhaa hawaasa keessatti taatee ta'e tokko ittiin wal barsiisuuf kan itti gargaaman ta'uun faayidaa guddaa qaba.

Dabalataniis, afoolli faayidaa hedduu akka qabu beektoonni adda addaa ni ibsu. Getaachoo (209:14) waa'ee faayidaa afoolaa yoo ibsu,"afoolli faayidaa hedduu qaban isaan keessaa muraasni: haara itti galfachuuf, itti bashananuuf, aadaa duudhaa,seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa" jedha. Kana malees,labata biroof madda ta'ee tajaajiluusaa ibseera.

Afoolli dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii,yookaan otoo hin bkennamiin kalaqaafii ogummaa dhimma hawaasummaa adda adda irratti kan xiyyeefatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa,safuu,seenaa, eenyummaa hawaasaa,qaroomaafi (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo

ibsuuf humna guddaa kan qabuudha.Ogummaan kun hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muxannoo kuufataa ture of keessatti hammateera.Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa bahii jireenyaa, mudannoowwan garagaraa, rakkoolee isaan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa afoolli faayidaa guddaa qaba .

Aafoolli biyyoota guddinarra jiran caalaa biyyoonni guddatan fayidaa afoolaa hubatanii kunuunsa barbaachisaa afoolaaf gochuuf baajata gahaa akka ramadamaniif, ni himama.Kun immoo, guddina ogbarruun barreeffamasaaniif bu'uura ta'uusaa Warquun (2001:9) ibsee jira.Kanaauu,afoolli aadaa, seenaa,falaasamafi amantii hawaasa yokkoo afaaniin labataa labataatti kan dabarsu qabeenya hawaasaa akka ta'e hubachiisa.Afoolli qabeenya hawaasaa ta'e kun gaddaafi gammachuu,roorroofi hacuuccaa, quuqqaa,rakkinafi bal'ina badhaadhummaa hawaasaa ibsuuf bu'aa waan qabuufiidha. Bkeny., et al (1994:97) Fayidaalee afoolli hawaasaaf qabu keessaa muraasa akka kanaa gadiitti kutaa kana keessatti ilaalchisee akka armaan gadiitti ibseera.

### 2.4.1. Madda Ragaa Qorannoo Hawaasaa Ta'uun

Afoolli eenyummaa hawaasaa calaqqisiisuuf humna guddaa qaba. Keessattuu hawaasa sirna barreeffamaa osoo hin qabaatiin ture haala jiruufi jireenyaa, gaddaafi gammachuusaa, qaroominaafi falaasama hawaasichaa,amantaa, fincila godhaa ture, soda qabuufi sirna bulchiinsaa afoola fayyadamuun ibsachaa afaaniin dhalootaaf dabarsaa waan tureef qorataan salphaatti afoola hawaasaa kana funaanuun hubannoo uummatichaa argachuu danda'a.Afoolli miidhaafi miidhama hawaasichi keessa darbe yeroo kamiyyuu ibsuu waan danda'uuf hambaa hawaasati jechuun ni danda'ama.Kanaaf,Mootummaa Gamtoomaniitti Dhaabbanni Barnoota Saayinsiifi Aadaa (UNECO) afoolli guddina industiriifi teekinooloojiitiin akka hin banneefi namni kamiyyuu afoolasaa kunuusachuu akka qabuuf akka hambaaleetti "Intangiable heritages" jedhaman keessatti galmaahee kunuunsiifi eegumsi barbaachisaa akka godhamuuf jedhanii murteessuun yoo ibsan:

> "*Preserviation is concerned with protection of folk traditions and those who are transmitters,having the fact that each people has a right to its own culture and that is a herence to that culture is often eroded by the impact of the industrialized culture purveyed by the mass media.Measures must be taken to guarantee the status of and economic support for fold tradions both in the communities which produce them and beyond.(UNESCO,1989:3) jedha.*

Kanaafuu ,afoola qorachuun hawaasa tokko caalatti hubachuudhaan seenaafi beekumsa labata irraa labatatti daddarbaa dhufe tursiisuuf gahee guddaa waan qabuuf hambaa hawaasati jedhamee fudhatama.Yaada kana Burkenya (1994:84) yeroo deeggaru, “oral literature is that heart of people’s way of life.It is the very soul of their culture.”Kun jireenya hawaasaa bu’uura godhatee aadaa hawaasaaf lubbuu kan kennu afoola ta’uu ibsa.Georgesfi Jones (1995:314) kallattii bu’aa afoolli tokko hawaasaaf qabuun yoo ibsan akka armaan gadiitti kaa’u.

> *“Through oral literature /folklore/ people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained.”*

Kunis afoolli hawaasa tokko keessatti kallatti hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa.Afoola gargaaramee hawaasni wal barsiisa, dudhaa hawaasaa toora qabsiisa,fooyyeessa, waa’ee eenyummaa,seenaa addunyaa isaa beeksifata,ittiin bashannanan, wal bashannansiisa.Dhaloota ykn hawaasa har’a karaa ammayyaawaa ta’een seerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuuf dhakaa bu’uraa kan kaahe, beekumsa afoolaa irraaargateen waan t’eef afoolli hambaa ykn dhaalee dhaloonni darbe kan dhaloota har’aaf kaa’an jechuun ni danda’ama

### 2.4.2. Afoolli Madda Ogbarruu Barreeffamaa Ta’uu

Afoolli kalaqaa hawaasaa kan umurii dheeraa qabu ta’uunsaafi hawaasni jireenya isaa keessatti muudannoowwaniifi muuxannoowwan qabu ittiin dhalootaaf dabarsaa kan ture ta’uunsaa ni hubatama.Ogbarruun barreeffamaa ammo,hojii uumee yoo ta’us kan erga sirni barreeffamaa jalqabee muuxannoo hawaasaa walitti qabuun barruun ibsamuu jalqabedha. Kanaaf, biyyoonni hedduun afaan isaanii guddifachuudhaan afoola isaanii gargaaramanii ogbarruu hedduu barreessaniiru.Kun ammo,afoolli bu’uura ogbarruu ta’uusaa ibsa.

Ummanni Oromoo afaan isaan sirna barreeffamaa osoo hin qabaatiin aadaa,seenaa,duudhaa, falaasamaafi sirna bulchiinsa isaa afoola fayyadamee tursiisuu isaa har’a wareegama kanfaleen, qubee mataasaa argatee bifa barreeffamaatiin afoola isaa walitti qabuun Ogbarruu Oromoo guddisuuf qabsoo guddaa taassisaa jira.Kanaaf namoota dhuunfaan dur dhoksaan,amma ifaatti barreessaaturan akkuma jirutti ta’ee har’a Biiroo Aadaafi Turizimii

Oromiyaatiin afooloonni funaanamanii bifa kitaabaatiin maxxanfamaa jiraachuunsaa ogbarruu barreeffama Afaan Oromoof bu'uura cimaa kaa'ee jira.Kun ammo, afoolli ogbarruu barreeffamaaf bu'uura ta'uusaa salphaatti nu hubachiisa.

Hawaasni Oromoo bakka adda addaa jiraatu waa'ee seenaa ofii aadaa ofii afaan ofii afoolaatti fayyadamuun daa'ima isaa barsiifata. Fakkeenyaaf, akka tapha ijoolleetti kan fudhataman hiibboon, jimmaa jimmiteen, binoo bineensaan,waa godaa godoo, been ni duullaa,huummoo morma shee, yaa kuruphee toofi kkf faayidaa isaan qaban daa'imman leenjiisuudha. Faayidaan afoolli hawaasa tokkoof qabu haalaan hedduu waan ta'eef gama tokko qofaan kan ilaalamu miti. Haalli rakkisaan humna namaatii oli ta'e yeroo nama muudatu, afoolli meeshaa ittiin miliqaniidha. Namni bu'aa ba'ii jireenyaa keessa isa muudatu jalaa afoolaan miliqa. Jireenya nuffisiisaa kolfaan irra aanfachuuf, addunyaa haarawa keessa seenee gammachuun jiraachuuf faayidaan afoolli qabu haalaan guddaadha.Yaaduma kana Asaffaan (1991:137) yemmuu ibsu:wal aansoon sun araaraan (harmony) xummurama. Araarri sun bu'uun bilchina sammuusaaf, si'aayina qaamasaaf, boqonnaa qalbiisaaf bu'uura. Afoolli uumama waliin wal hammachuun kun immoo miira miidhagaa (aesthetic perception) hawaasichaa calaqqisa. Miidhaaginnichis (beauty) fedhiisaa, gochasaa, hawwiisaa, waliin jireenyasaa…kkf keessatti muldhata. Namni daangaa hawaasni isaaf kaa'e darbuu hin danda'u. Yoo darbee argame hawaasni isa qooda; fudhatams dhaba. Garuu afoolli dhorkaa hawaasni irratti walii gale kaa'ate kana bakka itti cabsuun danda'amuudha. Kanaaf,eenyuyyuu waan garaasaa keessa jiru (hawwii, aarii, gammachuufi kkf) soda malee bakki itti ibsatu afoolaan akka ta'e beekamaadha.

### 2.4.3. Afoolli Barnoota Keessaatti

Afoolli sirna barnootaa ammayyaa keessatti qindaa'ee dhiyaachuunsaa bu'aa qaba.Warquun (2001:19) yoo ibsu, "Durdurii (sheekkoo), baacoofi kkf barumsa sadarkaa gadiitii kaasee hanga sadarkaa ol'aanaatti qindeessuun yoo laatame,dhaloonni itti fufu naannoo isaarraa ka'uun waan baratuuf,eenyummaa isaa hubachuufi ofitti amanuu cimsachaa deemuu ni danda'a."jechuun fayidaa afoolli barnoota keessatti qabu guddaa ta'uu kaa'a. Yaaduma kana Nagariin (1995:9) Andrezewski (1985:38) wabeeffachuun afoolli akkuma ogbarruu barreeffamaa namoonni hubannoo jechootaa gabbifachuufi akkaataa haalaan yaada ofii ibsatan barachuu akka danda'aniifi beekumsa seenaa hawaasa isaanii akka guddisu ibsa.

“Oralliterature,like written literature, is of educational value since being exposed to it enhances the listents verbal skills,enriches their vocabulary and enlarges their knowledge of their own society and its history.” Dabalataanis, Faqqadaan (1991:32) faayidaaleen afoolaa hawaasaaf qabu bakka shanitti qoodee ibsa.Isaanis,hawaasa cimsuu ykn dhaabuuf (to strengthen), miliquuf (to escape),barsiisuuf (to educate) to’aachuuf (to control) rjechuun qoodee ibsuuf yaaleera.Kun ammo hawaasni afoolaan walbarsiisuu danda’uusaati agarsiisa.

Afoolli beekumsa hawaasaa dabaluuf gahee guddaa bakka bu’iinsa hin qabne qaba.Kanaaf kan afoolli madda beekumsaa ta’uusaa Nagariin (1995:8) Dassaaleeny (1985:62) waabeeffachuun seenaafi dhimma hawaasa duraanii tokko hubachuuf gahee afoolli keessattuu durduriifi sirbi qabu guddaa ta’uu yoo ibsu, “Folk literature is a source of knowledge about the past, because for a through understanding of literature and history,a knowledge of folk literature is essential,for it keeps the past alive in tales and song.”jedha.Kana malees,Bukeenyaa (1994:85) waabeeffachuun afoolli amala, gochaa, ilaalchaa barsiifatafi shaakala hawaasaa gidduutti mula’ataniifi kan hawaasichi jibbu qeequun akka sirratu gochuuf gahee guddaa akka qabu ibsuun yeroo dubbatu, “Each genre of oral literature has a part to play in the education of a particular socity.Wich expressing the feeling of people and playing a therapeutic role the song satiris unacceptable behavior and warns members against misdemeanor” jedha.Kana malees,Burkenya (1994:85) “Oral litetature impacts to the growing person, useful informative and affective skill which enable the person to life and to be useful members of a society,” Afoolli bilchina sammuu namaafi dandeetti itti hawaasa keessatti miseensummaan hirmaachuu akka dandahan dandeetti yaaduufi hubachuu akka cimsu hubachiisa. Beekaa Gulummaa (2013) barruu isaa keessatti akka barreessanitti:

> *“Barsiisuu keessatti gosoonni afoolaa kanneen akka mammaaksaa, hiibboo, sheekkoo, geerarsaa, walaloo,sirboota adda addaafi kkf amala gaariifi tooftaalee jireenyaa barsiisuuf ni fayyadu.Seera nyaataa, dhugaatii, uffaannaa, taa’umsa, haasaafi kkf adeemsa dhala namaa barsiisuuf fayyadaniidha. Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti bu’aalee arjummaan, tattaafannaan, tokkummaan qaban hubachiisuun,amala ijoolleefi dargaggoonni horachuu qaban daa’imummaatii eegalanii sirreessuuf nigargaaru”*.jedha.

### 2.4.4. Afoolli Xiinsammuufi Misooma Hawaasaa Cimsuuf.

Akkuma armaan olitti ibsamaa ture afoolli amantiifi falaasamni,abdiifi dhiphuun,gaddaafi gammachuun, hawwiifi jireenya hawaasaa afoola ummataa keessatti waan ibsamuuf xinsammuu hawaasaa hubachuuf qorannoon afoolaa iddoo guddaa qaba.Kuni ammo,fedhiifi yaada hawaasa baruuf ni gargaara.Yaada kana Warquun (2001:14-15) yoo ibsu afoolli xiinsammuu hawaasaa baruuf bu'aa akka qabu addeesa.Dabalataanis,

> *"Hawaasni sodaafi dhiibbaa malee gammachuusaa ibsamuuf kan sirbee taphate,gootummaa isaa ibsuuf kan geerare,gadda isaa mul'isuuf kan boo'e keessaa waandhugaa hedduu beekuu ni danda'ama.Kanaafuu, fedhiifi hawwii uummata tokko baruu dandeenyaan ammo,dhibbaa tokko malee fedhii isaarraatti hundaa'un waliin karoorsuufi misoomaaf hiriirsuun ni danda'ama".* jechuun ibsa.

Walumaagalatti, afoolli waldhabbii hawaasaa hiikuuf mammaaksa,sammuu boqochiisuuf hiibboon,raagoon amala sirreessuuf fayidaa guddaa akka qabu ibsiti. "proverbs help settle legal decision,riddle sharpen wits,myth validate conduct satirical songs release pent-uphostilities."Kana malees, afoolli qabsoo finiinsuuf,lammiifi goota mul'isuuf, misooma ariifachiisuufi kkf hawaasa keessatti bu'aa olaanaa kan qabu ta'uu hubachiisa.

### 2.5.Akkaataa FayyadamaAfoolaa

Qorattuun qorannoo ishee keessatti akkaataa afoolli asoosama 'Yoom Laataa' keessatti ittiin qaacceeffame dhimmoonni asoosamicha sana keessatti dhiyaatan haala qabatamaa jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti mul'atu irratti hundaa'uun akkaataa fayyadama afoolaa akkaataa barreessaan jechoota itti fayyadamuudha. Kana jechuun filannoo jechootaa, qindaa'ina himootaa, itti fayyadama afaanii akka nama hundaaf ifa ta'utti itti gargaaramuun dhiyaachuu danda'uufi barruun isaa sun fakkaattii hiika qabeessa akka argatuu kan taasiisu ta'uu isaa hubachiisa.

Itti dabalees, akkaataa (style) kan jedhu, itti fayyadamni kun akkaataa fayyadama dhimmoota adda addaa asoosama keessatti hojiirra oolchinu ilaalchisuun hayyoonni baay'ee barreessanii jiru. Fakkeeenyaaf, hayyoonii, Leechfi Short (2007:9) akkaataa kanaan barreessan. Innis: "It [style] refers to the way in which language, is used in a given context, by a give person, for a given purpose, and so on." Akka yaada kanaatti akkaataan fayyadamaa (style) fayyadama dhimmoota adda addaa afaan fayyadamnee dhimmoota ittiin dhaamsa yookiin ergaa sana

dabarsuu barbaanne iddoo murteessaatti hojiirra oolchuufaa hammata.Yaadichi kun gaaffii ‘barreessaan tokko gosoota afoolaa maaliif asoosama keessatti fayyadama?’ jechuuf deebii kenna.

Barreessaan gosoota afoolaa adda addaa kaayyoo mataa isaatiif itti fayyadama.Akkaataan inni afoola sana ittiin hojiirra oolchu adda ta’uu mala. Fakkeenyaaf qooddataa mammaaksa jaallatu tokko uumee akka dubbii fidu taasisuu mala. Isa biroo kan geeraru, sirbu, weeddisu akkasumas, malleen dubbii gara garaatti akka fayyadaman taasisa.

## 2.6. Sakkatta’a Barruu Aantee

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu, sakattaa wal fakkii yookiin qorannoo kanaan dura hojjetame waliin kan walfakkaatuu wal bira qabanii ilaaluun barbaachisaadha. Kunis, hanqinaafi cimina qorannoo duraan turaantureefi kan ammaa hojjetamaa jiru wal bira qabuudha. Kanumarraa ka’uun yaada dabalataa yookaan sirreeffama kaa’uudha. Kanumarraan ka’uun qorattuunis qorannoo ishee kana keessatti qorannoo kanaan walfaataan sakatta’uun ciminaafi hanqina akkasumaas,yaada dabalataa kan qorannoo kana gabbisuu danda’an muraasni isaanii ilaalamaaniiru.

Taarikuu (2006) Xiinxala Afoolaa Asoosamoota Afaan Oromoofilataman keessaatti kan jedhu irratti xiyyeeffata. Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammaaffaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha. Kanumarraa ka’uun qarannoo isaa kana kutaa afuritti addaan qoodee qoratee jira. Boqonnaa duraa keessatti waantoonni jiran kanneen akka kaayyoo ,hima rakkoo qoratamuu, faayiidaa qorannichaa,daangaa qorannichaafi barbaachisummaa qorannichaa ibseera. Dhimmoonni kunniin qorannoo qorattuun adeemsisistee kana waliin kan wal fakkeesseedha.

Boqonnaan itti aanu keessaatti wantoonni ibsaman kanneen akka sakkattaa’a barruu, maaluummaa afoolaa barruu wal fakkiiti.Walumaa galatti,qabxiileen armaan olitti tarreeffaman keessaa kanneen boqonnaa tokkofi lama keessatti argamantu qoranoo koo waliin kan wal fakkaatan yommuu ta’u,dhimmoonni boqonnaa sadi keessatti argaman hamma tokko adda addummaa kan qabaatanii dha.

### 2.7.Yaaxina Qorannichi Bu'uureffate

Beekumsi tokko bu'aa maalii akka buusuuf beektotni haala kamiin beekumsa kana maddisiisuu akka danda'an karaa itti agarsiisuu danda'uu isaanii irratti hundaa'uun yaaxinoonn fookloorii adda addaa ni jiru.Yaaxinoonni kuniinis, ka'umsa yaada qorannoo afoolaa ta'uun ni tajaajilu.Kanumarraa ka'uun Dorson,(1972) akka ibsetti yaaxinaalee fookloorii yeroo ammaa fudhatama qaban jechuun haala kanaan tarreessee jira.Isaaniis yaaxxina haalawaa (contecxtual theory) yaaxxina faayidaa, (functional theory) yaaxxina caasaa ,(structural theory) fa'a. Qorannoon kunis, kanuma bu'uura godhachuun yaaxxina haalawaa kan bu'uureeffatee dha.

#### 2.7.1. Yaaxina Haalawaa (Contextual Theory)

Akka Dorson (1972:-46) ibsetti yaada rimeen yaaxxina haalawa, hiikti fookloorii tokkoo haftee (text) keessa utuu hin ta'in yoomeessa hurubummaa keessa jira yaada jedhu kan of keessa qabudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun kun ibsu,

> *The folklore concept apply not to atext but to an event in time in which atradition is performed or communicated.Hence the whole performance or communicative actmust be recorded. The collector can no longer simply write down or tape-record atext for the text is only part of each unique event.*

Akka yaaxxina kanaatti afoola tokko qo'achuun kan danda'amu, haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaata inni itti hurruubamu, wanntoota yeroo hurruubbii dhimmi dhimma itti Bahaman akkasumas,eenyuun,eessattiifi yeroo akkamii akka hurruubamu walumaa galala yoomeessa afooliichi hojiirra itti oolu keessatti argamuun ta'uu qaba yaada jedhu kan bu'uraaffateedha. Dabalataniis,yeroo ammaa kana yaaxxina haalawaa (contextual theory) mala qorannoo afoolaa ta'eeti addunyaa mara irratti beekameera. Keessumattuu qorattoota lammiiwwan Ameerikaa biratti beekumsa argatee bal'inaan qorannoo raagoowwaniifi akaakuuwwan afoolaa kanneen yaaxxina qorannoo kana hordofuun gaggeeffamaa jiranidha.

Dalagaa (performance): Hawaasaa keessatti raagoowwaniifi akaakuuwwan afoolaa kanneen akkamitti dhiyaatu kan jedhu adda durummaan madaallii keessa galchuun qorannoo gaggeessuudha. Kana jechuun aartistiin dandeetti addaa qabu tooftaafi malli itti fayyadamee

dooyyaa uummataa irratti dhiheessuu maal akka ta'e addaan baasanii qorachuu akka ta'e hubachuu barbaachisa.

Hirmaattoota (Audience):Akaakuwwan afoolaa adda addaa yaaxxina haalawaa (contextual theory) itti yoo fayyadamu waa'ee hirmaattoota afoolaas, qoratamuu qaba.Kana jechuun hirmaattoonni dooyyaa afoolaa irratti hirmaatan kan hirmaataanisaan kam?Firiiwwan raagoos ta'e akaakuwwan afoolaa kanneen dooyyoo irratti dhiyaatan hirmaattoota akkamiiti? Umuriifi saalaan adda ba'uu moo hin bahan? Gaaffiiwwan jedhaniif qorattuun yaaxxina kana fayyadamuu deebii kennameedha.

Yoomeessa (Setting):Yaaxxinx haalawaa itti fayyadamee afoola yemmuu qoratamu iddoo, yeroofi haala keessatti gafoolli dhiyaatudha. Kanarratti iddoo yoo jennu akaakuuwwan afoollii bakka akkamiitti akka dalagame,dooyyaa kamirratti dhiyaatan, bakkee moo galma keessatti,bakkeewwan itti dhiyaatan maaliif filataman? Gaafiilee jedhanifis, deebii laataniidha.Yeroo yoo jennu addaan qoqqoonnee kan ittiin ilaalluudha. Bona moo ganna birraa moo arfaasaa bganama moo galgala kkf. Ni hubatamu.

Meeshaawwan: Akaakuwwan afoolaa dooyyoo irratti dhiyeessuuf meeshawwan gara garaa ni barbaachiisa. Meeshawwan dalagaa afoolaatiif filatamuu malan hojiiwwan kalaqaa dhiyaatan miidhagina akka qabaatu gochuu danda'a. Yaaxina kana bu'uureeffachuun qaacceessa itti fayyadama afoolaa asoosama yoom laataa keessaatti argaman qaacceeffamaniiru.

### 2.7.2. Yaaxxinaa Tajaajilaa (Functional Theory)

Yaaxxinni tajaajilaa gosoota yaaxxinaalee qorannoo fokiloorii keessaa isa tokko ta'ee faayidaa afoolli hawaasaaf kennu ilaaluu kan giddu galeeffatuudha. Akka yaada yaadannoo koorsii 'Literature and Criticism' jedhamu irraa argametti, yaaxxinoota xiinxala afoolaatiif oolan keessaa inni kan jalqabaa yaaxxina faayidaa/tajaajilaa (functionalism theory) dha. Yaaxxinni kun, aadaa ummataa keessatti faayidaa inni kennu maal akka ta'e, jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti ga'een inni taphatu malli ittiin qoratamu Afaan Ingiliizitiin 'Functionalism' jedhamee beekkama. Mala qorannoo kanatti fayyadamuun adda durummaan kan beekkamu 'Malinowski' jedhama. Kana malees, raagoowwaniifi firiiwwan afoolaa kanneen jireenya uummataa keessatti faayidaa qaban gadifageenyaan qorachuun kan beekkamu 'Wiliam Bascom' jedhama. (Literature andCriticism, f. 84).

Wiliam Bascom faayidaa akaakuwwan afoolaa maal akka ta'an uummata keessa galee bu'aa vqorannoo isaatiin argisiiseera. Akka Bascom ibsetti:

- Akaakuuwwan afoolaa akka siidaa bakka tokko dhaabbaatanii kan hafanii miti.
- Akaakuuwwan afoolaa ni guddatu, ni jijjiiramu, nifooyya'u.
- Akaakuuwwan afoolaa aadaa uummataa wajjin walitti hidhatiinsa waan qabaniif ilaalchaafi falaasama isaa ni addeessa.

Akka yaada kanarraa hubannutti, hayyuuwwan yaaxxina faayidaa, qaama hawaasaa garagaraafi hariiroo isaanii walbira qabiinsa qaamaatin (organic analogy) addeessu irratti xiyyeeffata. Xiinxalli hayyoota yaaxina tajaajilaa barbaachisummaa ta'eewwan hawaasaa qorata; kunis,tajaajilichi hawaasa murtaa'aa tokko akka guutuu isaanii bakka bu'utti ilaalama.

Yaaxxinni tajaajilaa yaaxxina xiinhawaasaa (sociology) kan xiinxalaafi hubannaa hariiroo hawaasaa tokko tokkoof oolu keessa isa guddaadha. Yaaxxinni kun maaliifi akkamitti caasaan hawaasaa tokko hawaasicha keessatti akka hojiirra oolu faayidaa isaanii lafa kaa'uuf tattaafata (Bascom,1996)

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Mata duree kana jalatti mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka madda odeeffannoo, iddattoo, mala odeeffannoo ittiin qaacceeffame mala odeeffannoon ittiin funaanamanfi adeemsa qorannoo kan hammateedha.

Akkuma boqonnaa tokko keessatti ibsametti, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan Akkaataa Fayyadama Afoolaa  Asoosama' Yoom Laataa'? irratti kan xiyyeeffatamee, gageefameedha. Kanumarraa, ka'uun; mammaaksoota, jechamoota, geeraarsi, faaruuwwaniifi  weedduwwan, malleen dubbii, raagamtaafi cigoon, asoosamicha keessatti argamaan addaan baasuun hiika isaan kallattii hundaan qaban qaacceessuun kan nugargaareedha. Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammo qorattuun qorannoo mala akkamtaatti (qulqulleeffataa)tti akka gargaaramtuu ishee taasiiseera.

Qorannoo dookimentii sakatta'uun gaggeeffames qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuudhaan. Kanumarraan  ka'uun Dastaa (2013:33) yoo ibsu, "Qorannoo qulqullaa'a gaggeessuuf, odeeffannoon kan funaanam u,daawwannaa, afgaaffii, dookumantii sakatta'uufi meeshaalee argaa dhageetti fayyadamuudha," jechuun ibsa.Gosa qorannoo kanaa keessatti, ragaaleen qorannoodhaaf funaanamaan gabatee giraafifi kan biroon ibsamuu waan hin dandeenyeef gosa qorannoo birootti gargaaramuun rakkisaa ta'uunidanda'a. Akkasumaas, malli qorannookun haala waanttoon irratti argaman ilaalchiisee odeeffannoo qabatamaa kennuufis ni gargaara.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Akkamtaa fayyadama. Sababiin isaas odeeffannoon qorannoo kanaaf funaaname,lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsuun kan qaacceeffamu waan ta'eef.

Fileen (2019:10) "Yaada rimeen akkamtaa jedhu kuni yaadayookiin ergaa odeeffannoo keessa jiru tokko akka uummanniifi hawaasni jedhuttii, ilaalutti, hiika itti kennuttifi ibsutti qaacceessuu irratti xiyyeeffata." Qorannichiis,mala kanatti kan   gargaarameedha.

Gama biroon qorannoo kana keessatti odeeffannoo argame gadi fageenyaan ragaan deegaramuun kan xiinxalameedha.

Addunyaan (2011:11) yaada kana yoo cimsu, “Ciminni qorannoo Akkamtaa gaaffiwwan Akkam?, Maaliif, jedhan kaasuun gadi fageenyaan xinxaaluu irratti humna waan qabuuf amanamuummaafi hubannoo bal’isuuf haala nimijeessa”jedha. Dabalataaniis, Addunyaan (2011:63) akka barreesseetti “saxaxinni qorannichaa waliigala qorannichaa too’ata.kunis, qorannichi maal fakkaata, maalirratti bu’uueefaa gaaffiiwwan jedhan irratti saxaxa kana jalatti deebii argacuhuu qabu,” jechuun kaa’eera.Kanuma bu’uura godhachuun qorattuun mala Akkamtaa fayyadamuun qorannoo kana gaggeessitee jirti.

### 3.2. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffaannoo qorannoo kanaa madda raga tokkoffaadha (primary source of data) irratti kan xiyyeeffateedha.Maddi raga tokkoffaa kunis, kitaaba asoosamaa ‘ Yoom Laataa?’jedhamuudha. Sababni kanaas qorannoon kun kan raawwatame qaacceessa akkaataa fayyadama afoola asoosama’ Yoom Laataa?’jedhu keessatti afoollawwan achi keessatti argaman irratti hundaa’uun qorannoon waan taasiifameefiidha. Dabalataanis,kitaabilee garagaraa dubbisuudhaan akka ragaatti fayyadamtee jirti.

### 3.3. Mala odeeffannoon Ittiin Funaaname

Qorannoon qulqullaa’aa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru,bira gahuuf mala funaansa odeeffannoo adda addaatti gargaaramuun kan danda’ameedha. Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kana maloota funaansa odeeffannoo jiran keessaa mala sakatta’a raga ( dookumentii) kan itti gargaaramtee qaacceeffamuun kan dhiyaateedha.Sababiin isaas,mata dureen qorannichaa qaacceessa afoola asoosama yoom laataa keessatti argaman waan jedhuuf kitaaba asoosamaa kana keessatti afoola jiran funaanuun xiinxaluun ibsa irratti kennuun kan raawwatameedha.Akkasumas,qabxilee mirkaneeffannaa (checklitst) afooloota asoosamicha keessatti argamanis, dabalee jalatti kaa’amanii jiru.

### 3.4. Sakkatta’a Dookumentii

Sakkatta’a dookumentii jechuun,adeensa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti, tooftaa qorannoo sana fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaneessuf kitaaba galmeefi barreeffamoota bifa adda addaan,qaacceessuun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha. Dastaa (2011:131) yoo ibsu, “Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannoof

ittin nama fayyadan heddutu jiru. Isaan keessaa kanneen akka waraqaa raga, kitaabota,xalayaa,nagahee, ajandaa,qaboo yaa'ii, barreeffamoota murtii, yaadannoofi kanneen kana fakkaataan ta'uu danda'u" jechuun ibseera. Gama biraan immoo akkaataa kamiin odeeffannoon funaanamuu akka qabu addaan baasuun barbaachisaa ta'uusaa ibseera.dha. kanumarraa ka'uununis, odeeffannoon ,bifa jechaan funaanamee kan dhiyaate dha.Odeeffannoon funaaname kunis mala lakkoofsattiin osoo hin taane mala al-lakkoofsatiin yookaan jechaatti gargaaramuun kan ragaan qorannoo ittiin funaanameedha.

### 3.5. Malleen Qaacceessa Ragaalee

Malli ragaaleen ittiin qaacceeffame, ragaalen erga funaanamanii booda, garee gareetti qooduun hiikamuun ibsi itti kennamuun qaacceffameedha. Kana keessatti malli filatamaan ,Akkamtaadha. Sababni isaas, odeeffannoon kitaaba qaacceessuu irrarri waan fuullafateefiidha. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatin funaanamanis, Xiinxala Akkaataa Fayyadama Afoolaa Asoosama' Yoom Laataa' mata duree jedhu irratti waan xiyyeeffateetiidha. Kunis kan ta'uu danda'eefis, qorannoon kun irra caalaa kan irratti sxiyyeeffate afoola kitaaba asoosama dhiyaate sana adda baasuun kan adeemsiifame waan ta'eefidha..Kunis, kitaabicha sana keessatti gosoota afoolaa argaman addaan baasuun kan raawwatameedha.Dhumarratti asoosama kana tartiibaan seenaa isaa gabaabinaan ibsuun afooloota funaanaman mata duree mata dureen tartiibeessuun kan qaacceeffameefi ibsi irratti kennamaa waan deemeefiidha.Kunis, tooftaa akkamtaan gargaaramuun kan ragaaleen qaacceeffameedha.Walumaagala ragaaleen funaanaman erga qaacceeffamanii booda dhumarratti cuunfaa,argannoofi yaboon ibsamaniiru.

# BOQONNAA AFUR:  QAACCEESSA RAGAAALEE

Boqonnaa kana keessaatti ragaaleen qaacceeffaman iddoo itti ibsamaniidha. Haaluma kanaan, afoolota sakatta'a kitaabaatiin asoosama Yoom laataa? Keessaa funaanaman xiinxalamaniiru, Kanuma irraatti hunda'uun qorattuun jalqaba seenaa asoosamicha kanaa gabaabbinaan keesse. Itti aansuun qabiyyee afoolaa adda baasuun  erga xiinxalamee booda, fayidaa afoolonni asoosama kana keessatti qaban maal akka ta'e walduraa duubaan ibsuun kan raawwatameedha.

## 4.1.Sab seena Kitaabichaa

Asoosamni "yoom laata?" bara 2003 ALHtti Barreessaa Isaayyaas Hordofaa Mijanaatiin barreeffame kun maxxansa lammataati. Inni jalqaba barreeffamee kan maxxaffame bara 2002 ALHtti uummataaf dhiyaate. Asoosamichi kunis,haala jiruufi jireenya uummaata Oromoo gama bulchiinsa, siyaasaa, aadaa, dudhaa, seenaa, afaan, amantii falaasama, diinagdee, qaroominafi hawaasummaa uummata Oromoo bu'uureeffachuun qalaqamera.

Asoosamni kunis,akkuma barreeffama ogbarruu biroo ulaagaa mara guutee kan dhiyaateefi nam fakkii goobangaleessa "Siintolinnaa"jedhamtuun kan bakka bu'e dha.Maqaa ishee kana kan isheef moggaasan maatii ishee yoo ta'u bara mootummaa Astee Teediroos, Astee Yoohanisiifi Astee Miniilikii keessa dha.Laftifi qabeenyaan isaanii hundi duraa waan fudhatameef gara fuula duraatti bara dhufu keessa siin tolaa laata? laftiifi qabeenyaan nurraa fudhatamee ture bara ati dhalatte kana keessa nuuf deebi'innaa laata? Jechuudhaan maqaa kana isheef kan moggaasaniidha. Siintolinnaan durba magaala baayyee  bareedduudha.Rabbii bifa fuula  ishee kana bareechee akkasumas,dhaabbata qaama ishee lookoo godhee mimmiidhaksee ishee uume.Siintolinnaan bakki dhaloota ishee Harargee ganda qalaadii Harawwee jedhamtu keessatti dhalattee guddatte.Dhalattee umurii waggaa 16ffaa isheetti ilma obbo Jaarraa Walabummaa kan maqaan isaa Yaadannoo jedhamuuttii heerumte.Heerumtees waggaasaatti ilma dhiiraa tokko kan deesse yoo ta'u maqaan isaa Sandaabaa jettee moggaaste.(fuula :11fi 12)

Bakka isheen itti dhalattee,guddattefi heerumte kanatti aangoo dhaalmaa abbaa isaa irraa kan argate abbaan lafaa qalaadii sanaa Qanyaazimaachi Gizaachoo kan jedhamu, Qanyaazimaachi Gizaachoos, intala bareedduu kana qalaadii isaarratti argachuu isaa akka

caarraa guddaatti lakkaawwate.Bareedina ishee kana irraa kan ka'e haadha manaa Yaadanno' siintolinnaa'sanyoomsee saal-qunnamtii waliin raawwata.Haata'u malee, siintolinnaan saal-qunnamtii Qanyaazimaachi wajjin kan raawwattu jaalattee osoo hin taane yoo didde miidhaa isheefi abbaa manaa isheerra ga'uu danda'u suukaneessaa ta'uu isaa waan beektuufiidha.(fuul 12).

Qanyaazimaachi Gizaachoon niitii bareedduu kana sanyoomsuun halkanii guyyaa bira dhaqee akka barbaadetti saal-qunnamtii waliin raawwata.Qanyaazimaachi Gizaachoonis, gaafa ishee waliin wal-qunnamuu barbaade abba manaa shee Yaadannoo Harargeetti erga. Akkuma barame Yaadannoon midhaan akka daakisiisu Hararitti ergame. Akka tasaa ta'ee horii ittiin midhaan daakamu irraanfatee waan deemeef manatti yeroo qarshii fudhachuuf deebi'u Qanyaazmaachfi Siintolinaan akkuma walirra jiraniin itti dhufuun isaan argee Qanyaazimaachiin mancaan morma kutee ajjeesee bade.

Keessattuu,Dhala waan hin qabneef ilma Siintolinnaa kanatti baayyee gammadaniiru. Kanaafis, manuma isaanii kana keessatti akka isaan tajaajiltu godhaniiru.Haalliifi miidhaginni Siintolinnaan qabdu kun qalbii Raas hatuu jalqabeera.Raas faas,ijji isaa waliin jooruu erga jalqabee bubuleera.Jaalala irraa qabame kana raawwachuuf karoora garagaraa baafataniiru. Karoora baafatan kana galmaan ga'achuuf haala mijataa eeggachaa jiru.Haata'u malee konkolaachisaan isaanii obbo Waariyoon karoora isaan itti baafatan kana dursee raawwatee jira.Raas isa kana quba hin qabani.Waariyoonis akka Raas faa ishee barbaadan waan beekaan hin qaban. Raas faa ishee qunnamuuf baayyee muddamaniiru.Garuu utuu haati warraa isaanii qe'ee sana keessa jirtuu waan kana raawwachuun gonkumaa waan hin danda'amne dha.Akka tasaa ta'ee gaafa tokko waan Raas faa yaadaa turan milkaa'uuf haala mijataan uumameera.

Akka tasaa ta'ee gaaf tokko firri giiftii Liidiyaa duunaan mana boo'ichaa deeman.Namni du'e kun fira dhiyoo giiftii Liidiyaa waan ta'aniif,mana boo'ichaa kana buluu dirqamaniiru. Caarraa argame kanatti gargaaramee Raas Geetaawu fedhii saa galmaan ga'ate.Gaafa kanarraa jalqabanii Raas faa dhoksaatti Siintolinnaa qunnamuu jalqabaniiru.Haalli kana fakkaatu garuu Siintolinnaatti yeroo lama deebii'e.Kan jalqaba Qanyazimaachi Gizaachoon ishee irraatti raawwataniin balaa uumameen maatiin gargar bate ishee yaachiise.Fedhii ishee ala ta'us garuu diduu hin dandeessu. Kan isheen erga biyya isheetii baatee waan akkanaa

fedhii isheetiin waliin raawwatte Waariyoo qofa ture. Isaayyuu erga biyyaa baatee iddoo abbaa manaashee durii buufachuuf yaaddeeti malee fedhii foonii guutachuuf qofa miti.

Haala kanaan osuma jiraachaa jirtuu ilmi isheen Hararii fidattee dhufte guddachaa dhufe.Raasiifi Giiftii Liidiyaan Sandaabaa akka ilmoo isaanitti waan kunuunsaniif itti tolaa dhufe.Akkuma umriin isaa dabalaa dhufeen mana barnoota ilmaan qondaaltoota olaanoo mootummaafi ilmaan sooreessootaa itti baratanitti barumsa isaa barachuu jalqabe. Barumsa isaattis baay’ee cimaadha.Yeroo mara daree baratu keessaa tokkoffaa ba’uun gara daree itti aanutti darba.Haaluma kanaan, baratee qormaata biyooleessaa kutaa 12ffaa fudhatee qabxii olaanaa argachuun Yuunivarsitii Q/H/Sillaasee seene.Raasiifi Giiftii Liidiyaanfaas,Sandaabaa qofa osoo hin taane akka caarraa ta’ee mucaa obboleetti Giiftii Liidiyaa osoo Yuunvarsitii barattuu da’umsarratti boqattee tokko fudhatanii guddifataniiru. Maqaa mucayyoo kanaas,Fiqir jedhanii adaadan ishee maqaa itti moggaasan.Mucayyoon kun abbaan ishee barataa Oromoo maqaan isaa Gadaa Bultum jedhamu haadha ishee waliin Yuunivarsitii keessa osoo baratanii wal jaalatanirraa dhalatte.Fiqiris, akkuma Sandaabaa barumsa isheetiin baayyee cimtuudha.Daree ishee keessaa sadarkaa tokkoffaa qabattee daree itti aanutti dabarti.

Fiqir mucayyo baay’ee miidhagduu mudaa tokkolee hin qabnedha.Miidhagina ishee kanarraa kan ka’e dhiiroonni hedduun gaaffii jaalalaa dhiyeessaafii turaniiru.Isheen garuu gaaffii jaalalaa isheef dhiyaachaa ture kanaaf bakka hin laanne.Garuu nama isheen ofii isheeti jaalatte ni jira.Innis, ilma adaadan ishee guddisanSandaabaa Yaadannooti. Sandaabaan garuu kun dhuguma hin ta’a jedhee yaadee hin beeku.Yaaduus,hin danda’u.Kun aadaa Oromoo keessatti akka safuu cabsuutti ilaalama.Fiqiritti garuu haalli waliin guddachuu isaanii rakkoo qabaatee itti hin mul’anne.Haala kanaan osoo inni hin beekin sandaabaa kiyyoo jaalalaa keessa galchitee jireenya addunyaa kana waliin dhandhamuu jalqaban.Osooma kanaan jiranuu wal qunnamtii isaanii keessa mucaan garaatti hafe.Akka tasaa Raasiifi Giiftii Liidiyaan sababa dhala dhabuun isaanii gara biyya alaa deemuun ogeessa gaarii biratti ilaalamuuf yeroo deeman ture.Osuma isaan achi jiranii Fiqir deesse.Hanga kanaatti haala kanaFiqiriifi sandaabaarraan kan hafe namni beeku hin jiru.Gaafa dhibee dhufu garuu namni hundumtuu akka beeku taasiseera.Raasiifi Giiftii Liidiyaafaa kana dhageenyaan lafa balleessuu danda’u jedhamee waan sodaatameef kan iccitiidhaan qabamee mala biro akka

barbaaduu qaban Fiqiriifi Siintolinnaan murteessaniiru.Tooftaa karoorfatan kunis, ijoolleen dhalatan kun kan Siintolinnaafi Waariyoo akka ta'anitti Raasiifi GiiftiiLiidiyaatti himan.Jarri kunis, haala itti himame kanaan amananii fudhataniiru.

Haa ta'u malee,Raas Siintolinnaa irraa dhoksaatti mucaa irraa argachuu karoorfataa waan tureef duraanis wal qunnamtii saalaa ishee waliin raawwachaa turan waan ta'eef.Yeroo kana dhaga'an baay'ee dheekaman.Biyya kana keessatti Raas Geetaawu bara mootummaa h/Sillaasee qondaaltoota olaanoo mootummaa kanaa turan.Mootummaan Dargii akkuma aangoo qabateen,namoonni Mootummaa H/Sillaasee keessa aangoo olaanaarra turan qabeenyafi meeshaalee waraanaa isaan harka ture akka fidanii galmeessaniif waamicha taasisee ture.Haata'u malee,yeroo kanatti Raas Geetaawu waamicha isaaniif taasiifame fudhachuu diduun lola waraanaa keessa seenanii wal jijjiirraa dhukkaasa isaan gidduutti ta'een rukutamanii du'aniiru.Giiftii Liidiyaanis, akka xiqqoo turteen dhukkubsatanii lubbuun darbaniiru.Yeroo kanatti qabeenyaa isaanikanattikan hafe intala isaan guddisan Fiqir,Sandaabaa,Siintolinnaa,Waariyoo, ijoolleewwan Fiqir faa'afi Waardiyoota mana eegaa turaniidha.

Mootummaan Dargii namoota aanga'oota mootummaa duraanii keessaa turan qabeenyaa isaanii kan uummatarraa saamamedha;jechuudhaan namoota kanarraa qabeenyaa isaanii kan uummatarraa saamuutti ka'e.Hooteelli Siintolinnaa fa'a keessaatti hojjetan kunis, kan Raas Geetawu waan tureef aanga'oonni mootummaa Dargii yeroo hedduu hooteelicha dhaquudhaan Siintolinnaa fa'a doorsiisuu jalqabaniiru.Ilmaan Oromoo magaalaa Finifinnee keessa jiran hedduun isaanii nyaataafi dhugaatii hooteela kana yeroo baayyee waan fayyadamaniif,qondaaltonni mootummaa Dargii namoota farra tokkummaa biyyaa kanaa ta'an dhiphoota waanbadootaafi kkf waliin hidhata qabdu ittiin jechuudhaan yeroo baay'ee Fiqiriifi Siintolinnaa rakkisuu eegalaniiru.Haala kanaan Fiqiriifi Siintolinnaa guyyaa hedduu mana hidhaatti guuraanii reebaniiru.Yakkaafi daba garagaraas irratti raawwataniiru. Rakkoowwan kun bal'innaan waan itti hammaateef Siintolinnaan Finfinnee dhiiftee gara biyya duraan dhufate magaalaa Hararitti deebite.Hojii Hoteelaa magaalaa Finfinneettihojechaa turterraa muuxannoo ga'aa waan argatteef siintolinnaan magaalaa Harariittis hojii hooteelaa eegalte.Akkuma isa magaalaa Finfinnee keessatti gabaa guddaa

argattee,ammas hooteela ishee magaalaa Harar keessaatti beekamtii guddaa argattee namoonni baay'een achii fayyadamuu jalqaban.

Erga Siintolinnaan magaalaa Hararitti deebitee Fiqir magaalaa Finfinnee keessa dabballoonni Dargii jiraachisuu waan dhoowwataniif jecha ijoollee ishee lamaan fudhattee gara abbaan manaa ishee jiru magaalaa Naqamteetti godaante.Abbaan manaa ishee Sandaabaan naannoo bara 1967ALHtti mootummaan Dargii barsiisotaafi barattoota dhaabbata barnoota olaanaa keessa baratan gara guutummaa baadiyyaatti maqaa duula hojii beekumsaafi guddina gamtaa jechuun duulchiise.Sandaabaan kan duule kutaa biyya shawaa koonyaa Jibaatiifi Macaa aanaa Amboo naannoo magaalaa Gudaritti.Achirraas gara magaalaa Naqamteetti jijjiiramee deeme.Yeroo kana ture kan haati manaa saa Fiqir ijoollee ishee fudhattee magaalaa Naqamtee galte. Barnoota ishee kutaa 11ffaafi 12ffaa achitti baratte fixee qabxii olaanaadhaan dabarte.Ganna manni barumsaa cufamnaan magaalaa Naqamtee irraa ijoollee ishee fudhattee yeroo gara Finfinneetti oldeebitu manni warra ishee mootummaa Dariitiin dhaalamee mana waajira gandaa ta'ee jira.

Akkuma achi ga'aniin bakka qubatan dhanaan bakka Siintolinnaafi Waariyoon jiran iyyaafattee gara magaalaa Hararitti ijoollee ishee waliin qajeelte.Magaalaa Harar deemuuf jecha karaa wallaalttee gara Dirree Dhawaatti qajeelte.Akka tasaa obbo Waariyoo achitti argatanii magaalaa Hararitti waliin galan.Hanga manni barumsaa banamutti isheefi ijoollee ishee maatii kana biratti dabarsan.Manni barumsaa banamnaan isheefi qabxiiolaanaan dhufnaan koolleejjii Oonnaa Haramayaa seentee barumsa ishee jalqabde.Ijoolleen ishees,Alkumaafi Alkitil kutaa saddeetti gara kutaa sagaliitti waan darbaniif,achumatti Siintolinnaa bira taa'anii akka barataniif murteessan.Murtoo kanas hojiirraa oolchuun hanga kutaa 12ffaatti mana barumsaa sad.2ffaaMadaanallemii kan magaalaa harariitti argamu keessatti barachaa turaniiru.Osuma isaan barachaa jiranii mootummaan Dargii barattoota umrii waggaa 18 ol ta'an mana barumsaa keessaa funaanee leenjii loltummaa biyyaalessaaf gara buufata leenjii loltummaatti ergaa ture.Ijoolleen Fiqir ijoollota qabamanii deeman keessa jiru. Haala kanaan Fiqir abbaa manaafi ijoollee ishee dhabdee turte.Rakkoo karaa meeqaatuu itti dhufe. Ijoolleen ishee kunis leenjii'anii erga ba'anii gara dirree waraanaatti bobbaafaman.Humnoota mootummaa dargii kuffisuuf qabsoorra jiran waliin wal waraanaa turaniiru.

Lola walirratti baname irratti ilmi Fiqir Alkumaan rasaasan dhayamee miidhame.Namoonni isaan wajjiin lola kanarra turanis,hammi dhumu dhumee kan hafe ammo lubbuu ofii olffachuuf dahoo garagaraa barbaadatee keessa of dhokse. Erga waraanni addaan galee Alkumaafi Alkitil humna waraana isaani irraa ka'atanii osoo deemanii daangaa biyya Itoophiyaa osoo hin beekiin darbanii buufata kooluu galtoota mootummoota gatoomanii kan biyya sudan keessatti argamu tokko bira ga'anii itti dabalaman.Erga suudan ga'ani achumaan gara magaalaa kaartumitti fudhataman.Ijoolleen kun osoo maatiin isaanii hin argin mana barumsaarraa butamanii fudhatamuudhaan maatiin gargar ba'an.Abbaan isaanii sandaabaan garuu cunqursaafi miidhaa mootummaa Dargii saba Oromoorratti raawwatu itti hammaanaan karaa sudaaniin hiriyyoottan isaa waliin qabsoof gara biyyoota alaatti ba'e.Akka caarraa ta'ee hireen walitti isaan fiddee jennaan biyya alaatti wal argan.Haa ta'u malee,Fiqir Siintolinnaa, Waariyoo,ijoollee Siintolinnaafi Waariyoo Obsinaafi Obsineen bakka firoottan isaanii jiran kana quba hin qaban.

Siintolinnaan erga magaalaa Hararitti deebitee xiqqoo hafuura baafateetti.Erga achitti deebitee abbaa manaashee duraanii obbo Yaadannoo Jaarraa waliin wal arganiiru.Haadha warraa obboo Yaadannoo Jaarraa addee Faaxumaafi ilma isaa Toofiq waliinis wal bartee jirti.Guyyaa wal argan sanarraa kaaseeYaadannoon gaafa magaalaa Harar deemu Hooteela Siintolinnaa osoo hin seeniin hin deebi'u. Qote bultoonni isa waliin jiranis, walumaan deemuun Hooteela ishee maamila godhataniiru. Achii nyaatanii dhugu. Yaadannoon nyaata nyaatuufis, ta'e dhugaatii dhuguuf Siintolinnaan herreega kanfalchiiftee hin beektu.Akkuma mana isaatti ilaala ;garuu akka isheen haadha manaa saa duraanii taate hin beekne.Haala isheen itti himteerraa ka'ee amane malee duratti akka ishee taate shakkeera.Gaafa tokko haadha warraafi mucaasaa fuudhee dhaqee Hooteela ishee barsiiseera.

Haalli jireenya magaalaa Hararii akka kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinneefi Naqamtee rakkoo bal'aa qabaachuu baattuus, rakkoolee garagaraa darbanii darbanii mul'atu.Ammas,akkuma muudannoo magaalaa Finfinnee keessatti ishee muudachaa ture, magaalaa Harar keessattis ishee deebi'e.Hooteelli ishee bakka wiirtuu warra wanbadootaa jechuudhaan irratti cufameera. Kanaafis, Siintolinnaa qabanii mana hidhaatti darbatan.Maatiin Siintolinnaas,qofaatti hafan.Kun ta'uun isaas,Fiqiriin baayyee gaddisiise.Siintolinnaa qofa osoo hin taane adamoon ilmaan Oromoo mara irratti taasiifamu

akka malee hammaachaa dhufe.Yeroo kanatti obbo Yaadannoo Jaarraafi qonnaan bultoonni naannawa sanii cunqursaa kana ofirraa qolachuuf qabsoo hidhannoo keessa galan.Tibba kanadha kan obboYaadannoo Jaarraa bilisummaa saba saaf jecha bosona seene.

Fiqir koolleejjii Qonnaa Haramayaa keessatti barumsa ishee yeroo fixxu qabxii olaanaa waan galmeessifteef,barsiiftuu mooraa sana keessaa taatee achumatti qacaramte.Yeroo isheen achi turte sanatti Siintolinnaan mana hidhaa keessatti reebamaa turtee dhoksaadhaan ajeechaa jalaa baatee gara manaa isheetti halkan deebitee jirti.Magaalaa Harar keessa lubbuun jiraachuun akkuma ulfaachaa dhufeen Siintolinnaan lubbuu isheef sodaattee gara magaalaa Finfinneetti deebite.Hojii Hooteela ishee keessatti hojjechaa turterraa qarshii argateen magaalaa Finfinnee keessa mana jireenyaa bitattee itti galte.Bara kufaatii mootummaa Dargii mootummaan aangoo qabate namoonni sababaa siyaasaa garaagaraatiin biyya keessaafi biyya alaa keessa faffa taasifame kana irratti argamuuf obboo Yaadannoo Jaarraa ijoolleessaa Alkumaafi Alkitil kan akka tasaa magaalaa kaartum keessatti namni isaan walitti fidee wal barsiise wajjin ca'aanii jiran gara waltajjii biyyaatti akka deebi'aniif waamichi taasifamee ture. Waamicha wal fudhatanii karaa buufata daandii qilleensa biyyaatti dhufanii Booleetti bu'an.Akka caarraa ta'ee, guyyaan kun kan Fiqir barnoota ishee digirii sadaffaa biyya Awustiraaliyaa magaalaa melboornitti barattee xumurtee gara biyyaa isheetti karaa dandii qilleensa Itoophiyaa dhuftee Booleetti buute. Siintolinnaan dhufaatii Fiqir waan quba qabduuf ishee simachuuf gaafas,buufata daandii qilleensa ItoophiyaaBoolee deemtee jirti. Akkuma tasaa ta'ee maatiiwwan hundi bakka tokkotti buufata dandii qilleensaa Itoophiyaa Booleetti wal arganii gammachuu guddaadhaan gara mana Siintolinnaa fa'atti wal fudhatanii galan. Haala kanaan maatii bifa kanaan walitti deebi'uu danda'aniiru.

### 4.1.1. Xiinxala Afoolota Asoosama Yoom Laataa? Keessatti Argaman

Asoosamni Yoom Laataan bu'aa bahii sirna bulchiinsaa ummanni keenya keessa darbaniifi keessa jiru,gara fuulduraatti gaaffii yoom laata jedhu kanaan walqabsiisee ergaa guddaa dabarse. Ergaasaa kana ammo dubbistoota biraan gahuuf afoolota gosa adda addaatti kan gargaarameefi akkaataa itti fayyadama isaanii kan qaacceeffameedha.

### 4.1.2. Akkaataa Itti Fayyadama Afoola Asoosamicha Keessa

Akkaataan itti fayyadama afoolaa asoosamicha keessatti haala jiruufi jireenya hawaasa kalaqa asoosama keessatti afoola bifa barreeffamaan kan dhimma itti baheedha. Akkasumas, akkaataa fayyadama dhimmoota adda addaa keessatti afaan fayyadamee dhimmoota ittiin dhaamsa dabarsuu barbaade tokko gosoota afoolaa keessaa akkaataa inni itti hojiira oolche kunis,mammaaksa: dubbii fiduu, dubbii fixuu akkasumas miliquu, obsuufi barsiisuu kan itti fayyadamee yoo ta'u, geerarsi:roorroo,hacuuccaa,gorsa, kakasuu, hamileessuu fa'aaf kan itti gargaarameedha. Weedduuwwan: jaalala, jibba,tokkummaa, waliigaltee, gorsa dabarsuuf kan fayyadame yoo ta'u, faaruun: dhiibbaa yookiin hacuuccaa jiru ibsuuf kan gargaarameedha. Jechamoonni: qoosaa, balaaleffannaa,ibsuuf kan itti fayyadameefi malleen dubbii achi keessatti dhiyaatanis, maaluummaa qooddattootaa ibsuuf seenichaaf miidhagina kennuufi hawwataa taasiisuuf kan fayyadameedha. Walimaagalatti barreessaan gahee qooddattootaaf qoqooduun qooddattootaatti gargaaramee karaa qooddattootaan ergaan darbeedha,.

### 4.1.3. Asoosamni Kun Bal'inaan Gosa Afoolaa Kam Akka Fayyadame

Gosoonni afoolaa asoosama 'Yoom Laataa?' keessatti argaman kanneen akka mammaaksaa, geerarsaa, weedduu adda addaa, faaruu, jechamootafi malleen dubbii keessaa Akkasaa, Iddeessa, Nameessafi Arbeessa kan of keessatti hammate yoo ta'u irra caalatti afoolli asoosaan itti gargaarame ammoo geerarsa, weedduufi malleen dubbii keessaa akkasaa bal'inaan kan itti gargaaramee haala jiruufi jireenya hawaasaa sirnoota bulchiinsa darbanii haalaan kan calaqisiiseedha.

## 4.2. Mammaaksota Asoosamicha Keessatti Argaman

Asoosama yoom laataa keessatti mammaaksota argaman adda baasuun qabiyyee isaaniifi fayidaa isaan asoosama kana keessatti qaban akka armaan gadiitti xiinxalamanii dhiyaatanii jiru.

*"Iddoo na dhukkubu utuu hin taa'in iddoo gooftaan faa jedhan na koobaa"* jette, garbittiin .(Fuula 64) Qabiyyeen mammaaksa armaan olii kun soda agarsiisa.Akka asoosama kana keessaatti barreessan itti gargaarametti yoo ilaalle,Waariyoon akka aadaa biyya isaatti

yookiin Booraanaatti sirna gubbisaa qopheesserratti Raasiifi Giiftii Liidiyaa waameerratti Raas garaan isaanii gubatee waan jiruuf waamicha isaa irratti hin argamni hafe:sababa Sintolinnaa waliin walqunnamttii qabaniif,otuu isaaf danda'ame Waariyoo abbaa manaa sintolinnaa ajjeesuu barbaadanii ture.Garuu yoo isa ajjeesise iccitiin isaanii sintolinnaan yoo baste Gifti Liidiyaafi isaan gidduutti rakkoo guddaan sababii uumamuu danda'uuf tarkaanfii ajjeechaa irratti  fudhachuu waan of qusataniif.Sababii kanaan utuu garaan isaanii gubatuu iccitii isaanii akka hin saaxilamneef calluma jedhanii sababii hojii fakkeessanii waamicha kana irratti argamuu akka hin dandeenye Liidiyaatti himuun erga amansiisaanii booda hafan.Kan dhaquu dhiisan sababii mormii kanaan dura Liidiyaa waliin walitti kaasaniif Liidiyaan shakkuu dandeessi jedhanii waan  sodaataniif,sabaabii uumanii hafan.Giiftii Liidiyaan garuu sirna kana irratti argamanii jiru .Maqaa ijoollee eenyuufi eenyu jettanii moggaaftaan, jedhanii gafannaan Waariyoonis,Alkumaafi Alkitil jedhee moggaaseera jedheeni . “Ayii taaxiboo ciqaa ati ammallee hin qaroomne Ijoollee babbareedoo kana fakkaatan maqaa fokkisaa akkasii itti moggaaftaa? Lakkii maqaan isaanii kana hin ta'uu,Kaffaaleefi Dubbaalee, yookiin Caarewufi shaarewu, yookiin Naadewuufi Naaxewu,yookiin Tsaxxiaargeefi Laxxiargee yookiin Andaargeefi Addaafiree yookiin Ashebiriifi Amberbir yookiin Fallaqaafi Zallaqaa yookiin Asmaareefi Amaaree jechuun maqoota olaant5ummaa itti fakkaatan kanneen itti tarreessan.Itti fufaniis,ani gama kootiin Amaareefi Asmaaree jedheera,” jechuudhaan moggaasan.Maqaa giiftii Liidiyaan mogaasan fudhachuu isaanii mirkaneessuuf keessummooti sirna kana irratti argaman harka walitti rukutuudhaan ibsan.Garuu akka aadaa Oromoo Booranaatti kan maqaa moggaasu dhiira malee dubartiin hin moggaastiu.Haa ta'u malee sirni raawwatamaa jiru aadaa Oromootiin ala waan ta'eefidha.Waariyoofi sintolinnaan akkuma garbittiin “Iddoo na dhukkubu utuu hin taa'in iddoo gooftaaan faa jedhan na koobaa” jette kan jedhaniif.Kanaaf dhiibbaa isaanirra gahu waan sodaataniif maqaa giiftiinfaa moggaasan isaan osoo hin yaaddeessin fudhatan.Akkuma kan “garaa garaan yaa beekuu natty ragadi mormaan,” jedhame sana fakkaata. Haala kanaan barreessan rakkoo booda dhuufuuf mammaaksa sodaa ibsu kanatti gargaarameejira.

“*Dhiira garaa kutate bishaan raafuutu gabbisa”*(Ful.160). Mammaaksi armaan olii kun kan agarsiisu kutannoodha. Kan inni dhiyaateefis,wanti tokko yookiin rakkoon tokko jiraachuun rakkoo sana jalaa taruuf murtee abbaan fudhatu sana jechuudha.Namoonni waan karoorfatan

tokko bira gahuuf yookiin galmaan gahuuf rakkoo nama qunname tokko jalaa bahuu kutannoon hojjechuu yookiin raawwachuun galma waan karoorfatanii sana bira gahuun kan danda'amuu ta'uu isaati .Akka barruu kanaattiis, barreessaan ergaa saa dubbistootaaf akka ifa ta'utti itti gargaaramee yoo ibsu,Fiqir abbaa manaa ishee Sandaabaa diree qabsoottii gaggeessuuf murteessite.Yeroo dura dhageessuu garuu baayyee rifatte malee erga karaa jalqabdee naasuun ishee irraa baduu kutannoo sheetiin kan murteessitee gaggeessite ta'uu ibsuuf kan itti gargaarameedha.

*"Kan cabaa tuffate agabuu bula"(Ful.264) Qabiyyeen mammaaksa kana kan mul'isu gaabiidha. "Gabbiifi eegeen booda dhufti,"* akkuma jedhamu,Obsineen karaa Taaskii qarshii shanii abbaa taaskiitiif qarshii shantama siin kanfalaa dafii osoo yeroo hin gubin markaatoo na geessi jetteen.Abbaan taakisiis, haala muddama ishee hubatee qarshii kanaan hin geessu qarshii dhibba kanfali ittiin jennaa,Obsineen shugguxii adda isaarratti aggamtee bakkan na geessi siin jedhe na geessita jeteen.Tole tole jedheenii bakka isheen jette sana geese.Sana booda gatiin kee kanaa hoodhu jettee qarshii shan itti laattee karaa ishee qajeelte.Abbaan taakisiis, *"kan baaxii barbaachatti kan ukaa buuste,"* akkuma jedhamu sana fakkaata waan isa muudate kanatti baayyee nahee fajajee osoo dhaabbatu,namichi Obsineen hordofu isa bira gahee shugguxii itti aggame;Intalti ammaa iddoo sheen deemte himuu qabda ishee eegda mitii beenu amma gara dhaabbii pooliisii achitti yoo sukkuumamte dhugaa baastaa jechuudhaan haalaa kanaan barreessichi ergaa dabarsuu barbaade haala kanaan mi'eessuun dubbistootaaf kan dabarseedha.

*"Bishaan darbe hin waraaban,"*(177) Mammaakisi kun kan nama hubachiisu gaabbiidhsa.Akkuma fuula barruun kun irratti dhiyaate irraa hubatamutti asoosaan wanta ta'ee darbe tokko kan duubatti deebisuun kaasuu hin barbaadamneef ta'uu isaa kan mammaaksaa kanaan kan dhiyeesseedha.Mammaakisi kun dubbii yookiin seenaa dheeraa gabaabinaan dhiyeessuuf kan itti gargaarameedha. *"Waraabeessa darbee sareen dutte."*Akkuma jedhame, waan darbee deebi'uu hin dandeenyeef akkasumas, bu'aa buusuu hin dandeenyeef mammaakamuun ergaa yaadichaa dabarsuu danda'e .Yaadichis,sababa Qanyaazimaachi Gizaachoon haadha manaa Yaadannoo Sintilinnaa sanyummaan saal-qunnamttii irratti ajjeeseen Yaadanoofi Sintolinnaan gargar bahanii yeroo dheeraa dooda kan wal-argan,bara sana Sintolinnaan fedhii isheetiin ala malee Qanyaazimaachi waliin kan

raawwatte waan ta'eef, Sintolinnaan abbaa manaa ishee duraanii Yaadannoo of walaalchisuu yaalte.Yaadannoon haasawa isaa keessatti naafxanyooti lafa keenya qofa osoo hin taane nitolii keenyas nuu dhaalani barri isaan nuu bitaa turan nutti akka hin deebine malee silaa bishaan darbe hin waraabaan mammaaksa jedhutti gargaaramee dubbii gabaabsee,kan dhiyeesse barreessan ergaan isaa akka gabaabinaan akka hubatamu dabarse.

*"Yaa gowwaa si duubaan bowwaa,"(*ful.203) Qabiyyeen mammaaksa kanaa kan agarsiisu walaalummaadha. Kana jechuun namni tokko waan raawwachuuf deemu tokko raawwachuun dura wanti duubaan dhufu miidhaafi bu'aa isaa adda baasuun beekuu walaaluudha.Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu barruu kana keessatti asoosaan kan itti gargaarame yoo ta'u , Habiib jaalala yeroo dargaggummaa Fiqiriin jaalate irraa dhabe turtii yeroo dheeraan booda Fiqiriin ijoollee ishee faanaa osoo jiran kan arge, yeroo kana kan bara isheen isa diddee sana haaloo ba'achuuf kan dirqisiisee qabuun gara mana ciisichaa beergootti fudhachuun yeroo balbalarraa gahanii inni dura seenuuf jedhuudha kan Fiqiri duubaan shugguxii ishee suuta baafachuun atillee dubartiidha humna hih qabdu jettee natti taphachuuf as na fiduukeetii mitii jechuudhaan, " yaa gowwaa si duubaan bowwaa" yeroo jedhan hin dhageenyee mammaaksa jedhutti kan gargaaramte rasaasa tokkoon dhooftee kan biraa deemte .Kanumaaf barreessich yaada dhiyaate kana mammaakisaan kan wal simisiisee ergaa saa mi'eessuun dubbistootaaf akka ifa ta'utti itti gargaarame kan dabarsuu barbaadeedha.

### 4.3.Geerarsa Asoosama Kana Keessaatti Argamu

Geerarsi aadaa Oromoo keessatti komii jiru kan ittiin ibsatan keessa isa tokkoodha.Asoosama kana keessatti barreessaan walaloo geerarsaatti fayyadamuun dhiibbaa bu'aa bahii jireenyaa uummata keenyarra gahaa ture ibsuuf dhimma itti bahee jira.Kutaa kana jalattis, qabiyyeewwan walaloo geerarsaafi fayidaa asoosamichaa keessatti qaban akka armaan gadiitti kan xiinxalame yoo ta'u, geerarsi kun durii jalqabamanii hawaasa keessatti kan geeraraman ta'uun isaa afoola kan isa taasiisudha.

*1."….geeraar,geeraar,naan,jedhu,(ful.115*

*Maal abbaa koon geeraras*

*Anoo yaadan yeelala*

*Geeraraan*Geeroo jira*

*Namni geeraree hin quufne*

*Baddaa Naqamtee jira*

*Kan dhiqanii hin qullofne*

*Kan tumanii hin bulloofne*

*Garaa koo keessa jira*
*Nanyaatte kan Buujaleen*
*Gadi badiin bineensaa*
*Daaraatti hudduu gatattee*
*Nadhaantekaa quucareen*
*Gadii badiin hiyyeessaa*
*Yerootti hudduu gatattee*
*Mannii keenya dur gama*
*Amma ammo gamanaa*
*Lammiin keenya dur namaa*
*Amma ammo jabanaa*
*Akaayiin midhaaniiree beelofnaan nyaanne malee*
*Aqaaqiin bishaaniiree dheebonnaan dhugne malee*
*Aqaaqii jala bullee biyya Tufaa Gondor*
Akaayiin sagal bulle akka mucaa Xomboree
*Sireen koo quuqaa qabdii irruman ciisa malee*
*Utubaa qaqaa manaa quuqqaa baasan cinaachaa*
*Kan nama quuqu nama kan quuqaa baasu rabbi" jechuudha*

Afoolli karaa ittiin geerarsaatnis, fayyadamanii ergaa dabarfata keessa tokko ta'uu isaa kan hubachiisu geerarsoota asi keessatti dhiyaatanirraa ni hubatama. Qabiyyeen geerarsa oliis kan quuqaa saba Oromoorra jiru kan ibsuudha. Geeraraan geerarsa fuula kitaabichaa kanarratti gargaaramee ergaan inn dabarsuu barbaade gidiraa ummata Oromoorrattii raawwatamaa jiru Oromootaaf qabsoo bilisummaa kakaasu, naafxanyootafi goobanoota kan balaaleeffachuun wal diddaa namaafi nama gidduutti jechuun sabaaf saba gidduutt jiru, walii galteen dhabamuun diinaan waggaa baayyee miidhaamuun kan dararamaa dhufan kana quuqaa garaa keessaa hin bane bara baay'ee obsinaan kan darbuu dide yookiin jijjiiramni barbaadamu kan dhufuu hin dancdeenye ta'uu saa ittiin komii jiru kana cimsuuf kan uummataaf ergaa isaa dabarseedha.

2. *“ Amma tole yoo tole (ful. 152)*
*Yoo lammiin walii gale.*
*Yoo gurmuu jabaanne*
*Yoo jabaannee qabsoofne.*
*Oromoo saba koo*
*Mee dhaga’I dhaamsa koo*
*Dhaamsa dhaamsa caalu*
*Kan hunda keenyaaf tolu.*
*Dhaamsa abbaa Gadaa*
*Kaayyoo keenya guddaa*

Qabiyyeen bo’oowwan geerarsa armaan olii gorsa lammiif kan dhaamuu yoo ta’u,walii galteen sabaa waan hundarraa kan caalu wali dhaggeeffachuun nama hundaaf gaarii akka ta’u keessumaa dhaamsa abbaa gadaa dhagahuun kaayyoo lammiin curqunfamaa kana galmaan gahuuf gorsa nama beekaa dgagahuun bakka yaadan gahuunifii dhugaan lammii hacuuccamaa kuns, ifatti kan bahu yoo lammiin waliif dhaga’ee walii gale jechuun geeraraan buufatoota geerarsa oliitti gargaaramuun kan dhaamsa isaa dabarfate yoo ta’u dubbistootafi ergaa kana kan irraa hubatamuu danda’amuudha.

*** *** *** *** **** ***

*Hin bade bade jedhuu ani maalaan badaree*
*Qilxuun qirixe malee dhiphuun miliqe malee*
*Maqaan durba Amaaraa*
*Maammiteetu irraa caalaa*
*Maqaan durba Faranjii*
*Sinyooraatu irra caalaa*
*Maqaan qallattii keetii*
*Injooreetu irra caalaa*
*Maalan joora mucaan kee*
*Goofareen goobee malee*
*Dhayeen calleesse malee*

*** *** ***

*Turee tureen aada*
*Gaafan kuusu yaada*
*Yoomi laataa? Jedhee*
*Gaaffii of gaafadhee*
*Bor naadarba jedhee*
*Hawwii galaafadhee*
*Ilkaan ciniinadhee*
*Mudhii jabeeffadhee*

*Abdidhaan jiraadhee*

Bo'oowwan geerarsa olitti geerarame obsa kan agarsiisudha.As keessatti geeraraan cunqursaa bara dheeraa irra ture dhiphuudhaan kan kan dabarsaa dhufeefi jiraata jiru kana reroo geerarsa isaa keessatti ibsu kan waggaa baayyee dhiphuun jiraataa turuu saa kan mul'isu geerareedha. Yaada geeraraa kana dhiphisutu isa kan yaaddeessu kana jalaa kan bosona gale fakkaata.Turee turee kan isa yaachisuus, gaaffii bara dheeraa deebii osoo hin arggati har'dha bor naaf darba jedhee hawwiin eeggataa kan ture kana karaa geerarsaa kanaan kan obsa isaa kana dabarfate dha.

*Roorroon natti hammaatee*
*Barri dhibbi taree*
*Abdiin dukkanooftee*
*Hawwii hawwii taatee*
*Gaaffiin gaaffii dhalee*
*Boris bor dabalee*
*Barris, baraan taree*
*Dabaree wal furee*
*Mootiin waldeegaree*
*Bitaan irra koree*
*Mirgi jalaa gore*
*Iddoo waljijjiiree*

Qabiyyeen geerarsa bo'oowwan olittii geeraraan geerare roorroo kan agarsiisuudha. Geeraraan kan abdiidhaan jiraachaa ture yoota'u roorroon itti hammaachuudhaan abdiin isaa kan jalaa dukkanaa'e gaaffiin isaa guutumaan guutuutti faallaan kan jalaa bakka bu'efi deebii osoo hin arggatin kan bubule,dhugaanis,soba ta'ee sobnis, dhugaa ta'ee kan baroota hedduu lakkoofisiise kana karaa geerarsa kanaan ergaa saa dabarfate. Barreessanis, roorroo uummata saba saarra jiru kana hubachuun barruu saa keessatti karaa geerarsa geerara kanaatii gargaaramuun dubbiisitoota saaf ergaa saa dabarsee jira.

*** *** ***

*Kufuu dide boorri koo*
*Dhumuu dide boonyi koo*
*Ganna naa darba jedhee*
*Bacaqqeen booraafadhee*
*Bona naa darba jedhee*
*Dhukkeedhaan hammaarradhe.*
*Barroo baraan dabartee*

*Rakkoon koo diddee jabaatte*
*Isheenoo itti hammaatte*

Bo'oowwan olitti geeraraan itti gargaaramee ergaasaa dabarffachuuf yaale kun kan hammeenya agarsiisuudha.Geeraraan obsaan baroota hedduu kan lakkoofsiise yoo ta'u obsi isaa kun kan bu'aa kan hin buusneef rakkoon isaa rakkoodhumaan kan itti fufe ta'uu saa kan agarsiisuudha.Barreessaanis, asoosama isaa keessaatti geerarsa geerarisichi geerare kanatti kan itti gargaarameefis,roorroodhumaa bara gara baraatti saba isaaitti hammaachaa, ce'aa dhufe kana karaadhuma geerarsa kanaan dubbisitootaaf ergaa isaa kan dabarseedha.

*** *** ***

*Manaaf qorqorroo barree*
*Waan citaa gargar gallee*
*Hidhamnee gaaffii dhabnee*
*Bannee barbaacha dhabnee*
*Duunee awwaalcha dhabnee*
*Waan firaa gargar baanee*
*Waan lammiin koo na jibeef*
*Abbabbaa koo gooleekoo*
*Rafee ka'ee na dhibee*
*Maa'oon laga Abbaa seenaa*
*Qurxummii nyaattee fixxee*
*Naacha qofaatti hambiftee*
*Dhukkubni garaa kootii*
*Onnee nanyaattee fixxee*
*Somba qofaatti hambbiftee*

Tartiibni bo'oowwanii geerarsa olii miidhama kan agarsiisuudha.Geeraraan mirgi isaa kan jalaa sarbame karaa afoola kanaan miidhamuu isaa kan dabarfateedha.Roorroon kan baayyee isatti hammaatte keessi isaa miidhamee miidhama isaaf qaama gaafatu kan dhabe ta'uu isaa ittiin ibsate.Asoosaan kanuma bu'uura godhachuudhaan asoosama isaa keessaatti sirni bulchiinsaa haqa hin qabne hacuuccaa saba isaarra jiru yooddoo itti ta'uudhaan kan isa yaaddeesse kana geerarsa geeraraan geerare kanatti gargaaramuudhaa uummataf barruussaa keessatti akkaataa kanaan barreessee ergaasaa kan dabarseedha.

*** *** ***

*Nabatate mataankoo*
*Laaftoo jaare nataatee*

*Naqallatte miillikoo*
*Muka xaafii na taatee*
*Nabobaate garaankoo*
*Naaftaafi gaazii nataatee*
*Luuccaan haada mataakoo*
*Leensaa naa marga jedhee*
*Guddaa yaada garaankoo*
*Keessa naa darba jedhee*
*Leensaa naa marguu didee*
*Keessa naa darbuu dide*

Bo'oowwan geerarsa armaan olii kunniin karoora galmaan gahuu kan agarsiisuudha. Geeraraan karoora saa yeroo karoorffatu kan jalaa fashalaa'u ta'uu saati.Garaa isaa guddaa kan yaadu yookiin kan karoorsu yoo ta'u karoorri isaa kun kan jalaa didee galma hin gahiniif arga. Kun kan agarsiisu wal diddaa mataa ofii wajjin kan taasiiseedha.Barreessaanis,yaada geeraraa kanaattii gargaaramuun kaayyoo saba cunqurfamaa kanaa hanga yoonaatti kan galma hin geenyeef karaa geerarsaa kanaan ergaa saa dabarffatee jira.

***  ***  ***

*Barrisaa bara miti*
*Bara hantuuta nyaatanii*
*Bara abjuun maraatanii*
*Darbatanii nu galchuu*
*Cubbuu Indaaqootu nu qabee*
*Dhiitanii nu bobbaasuu*
*Cubbuu Sareetu nuqabee*
*Duubaan nutti qollofuu*
*Akka saanduqa isaanii*
*Dabaq dabaq nu dhaanuu*
*Akka waan niitii isaanii*
*Alaa waardiyyaatu nu eegaa*
*Maskeettooisaa qabatee*
*Manaa tafkiitu nu nyaata*
*Ilkaansaa qarrifatee*
*Keessaawuu isa goodaa*
*Cinaacha nama waadaa*
*Karcalleen hin dulloomuu*
*Inni utubaa waddeessaa*
*Daanyaan silaa nunhiikuu*
*Beelamaadha fageessaa*
*Miliqnaan nutti dhukaasuu*

*Akka bosonuu randarraa*
*Korkodaattii olla akka ro'oota birraa"*

Geeraarsi armaan olitti geerarame kun kan lammii isaa cunqursaa bara dheeraa Saba Oromoorra ture ittiin balaaleffatuudha. Oromoon gochaa isaanirratti raawwataman mormachaa gita bittaa isaanii jalatti osoo hin jilbiiffatiin waggoota hedduu bilisummaa malee gidiraa garagaraa argaa kan jiru ta'uu isaa kan agarsiisu yoo ta'u barreessanis wali diddaa namaafi nama gidduu jiru kana karaa geerarsa geeraraan geerare kanatti gargaaramuun waldiddaa namaafi nama gidduutti ture kana akkaata kanaan itti fayyadamuun gargaaramee ergaasaa dubbistootaaf dabarsee jira.

Walumaa galatti gosoota afoolaa keessaa geerarsi barruu kana keessaatti dhiyaatees,akkaataa geeraraan ittiin dhiyeesse kunis bo'oowwan keeyyata keeyyataan geeraraan ergaa saa ittiin dabarfachuuf itti gargaarame kun qabiyyeesaatti gargar yoo ta'eyyuu ergaan inni qabatee asoosamicha keessaatti dhiyaate cuunfaan isaa waan tokkichaa yookiin ergaa walfakkaataa kan qabatee,as keessatti dhiyaate ta'uu saati. Qbiyyeewwa kunnis,obsa kan agarsiisu,roorroo kan agarsiisu cunqursaa kan agarsiisu,kaayyoo,balaaleeffannaa, hammeenyafi miidhama sabootarra kan mootummoota dabareen angoo wal jijjiiran jalatti miidhaa irraan geessiisaa turanis,kanneen akka Atsee Teediroosi kaasee hanga kufaatii mootummaa dargiitti gabrummaa malee diimokiraasii kan hin argamnefi ajjeechaa,reebichafi hidhaan kan dararaan irraa gahaa jiru jalaa bahuu kan hin dandeenye waanjoo gabrummaa keessaatti Oromoo dhiisuun warreen akka Miniliki, H/Sillaaseefi Dargiin bifa jijjiiratanii kan iddoo wal geeddaran malee kan Oromoof bu'aa buusu kan hin jirree ta'uun cunqursaa saba kanarra jiru geerarsa geerarsootin geeraran kanatttti barreessaan asoosamichaa asoosama isaa keessaatti karaa geerarsoota kanatti gargaaramuun ergaa saba isaaf dabarseera.Kanaaf gosoota afoola jiran keesaa geerarsi akkaataa kanaan barruu ykn asoosama keessatti bal'inaan dhiyaachuun ergaa jiru dabarsuu keessatti gahee ol aanaa qabaachuun isaa kan hubatamu ta'uusaati.

### 4.4.Weedduuwwan Asoosamicha keessaatti argaman

Weedduun gosoota afoolaa keessa tokko ta'ee kan hawaasni jiruufi jireenya isaa ittiin wal barsiisaanfi ergaa garagara ittiin walii dabarsan galaana kalaqa uummataati.Akkasum

as,Oromoon kan eenyummaasaa ittiin waaqa kadhatu,ittiin wal gorfatu,ittiin wal ceepha'u weedduu gosa hedduudha qaba. Kanaaf gosoota weedduu asoosama kana keessaatti barreessaan weellistoota weedduu isaan weellisan kanatti gargaarame keessaa dhaamsa yookiin ergaa dabarsan muraasni, kanneen qabiyyeen adda bahan haa ta'u malee ergaan isaanii waanuma tokko kan dabarsaniidha. Isaanis:weedduu komii gama dhiibbaa siyaasan jiru,weedduu jaalaala, weedduu goota faarsuu,kanaaf kan kana fakkaatanitti gargaaramuun ergaan darbuu barbaadame dabarsuuf akkaatuma gaditti dhihaataniin kan dhimmaa itti bahameedha.

*"Ani dhugaasaan hima maal godhu irra dibaa*
*"Quufne fakkaataaree beela waggaa dhibbaa?"*

Weedduun weelliftuu Oromoo kan ta'an Ilfinesh Qannootiin weellifame kun kan agarsiisuu hacuuccaa yookiin cunqursaa Mootummaa abbaa irreetiin gadi qabaadhaan sabootarra gahaa jiru ifa akka bahuuf hawwii bilisummaa sabaaf qaban ifatti baasuuf weedduu weeddifameedha .Kan weellifameefs, cunqursaa Dargiin uummata Oromoo irraan gaha tureefi "walqixxummaa, sabaaf sablammootaafi uummattootaaf dhaabbadheera" jechuudhaan saboota sosobaa ture kana shakkuu akka weellifame agarsiisa.

*"Qeerroo mataan tuutaa hin jarjartu suutaa (ful.136)*
*Utuu aadaa qabnuu aadaa keenya dhabnee*
*Utuu afaan qabnuu afaan keenya dhabnee*
*Utuu biyya qabnuu biyya keenya dhabnee*
*Akka baala mukaa gargar facaane.*
*Aaduun takkaa dhiitee takkaas nuu barite*
*Kan akka keenyaa hin jiru kan gabrummaan miite*
*Ji'i guyyaa hin bahu halkan guyyaa hin tahu*
*Ilmi abbaa cunquursaa waa fira nuun tahu*
*Jiruun gabrummaadhaa kan nama yaachistu*
*Guyyaanis carraaqaa halkan nama hin raffistu.*
*Biyya keenya malee kan namaa hin barbaadnu*
*Abbaadhaaf gabroomne ilmaan hin dhaalamnu*
*Gaara jedhuunillee bar garagaluu hin oolle*
*Ilmi abbaa cunqursaa nama ganuu hin oolle,"*

Ergaan weedduu armaan olii kun kan agarsiisu roorroodha.Weellisaan yookiin qooddataan dhugaan jiru sarbamuun lammiin,afaan isaa, aadaasaa,biyyisaa osoo qabu bulchiisin gaariin

dhugaan deemu dhabamuun mirgi bitaa ta'ee bitaan mirga ta'ee kan roorroon abbaa biyyaarratti daraare kana kan dhugaan jala oolee sobni gubbaa oolte kana gama weedduu kana weeddisuun sabasaaf ergaa dabarsuu barbaadeti.Qabiyyeen weedduu kunis, kan muldhisu waldiddaa sabaafi garee gidduutti taasifameen kan dhiyaatedha.

*"Sii sii siitu kiyyaa*
*As goori gori gama kiyyaa*
*Yogguu tokko roobaa*
*Yogguu tokko aduu*
*…deema otumaan siyaaduu*
*Roobe roobni gannaa*
*Eessa duraa seenaa*
*Nulachuu dhabbannee halaalan waleegnaa*
*Namni biyyaa bahee waan biyyaa hin dubbatuu*
*Kan biyyaa nu baasee biyyee haa uffatuu,"* jedhe.

Qabiyyeen weedduu kanaa kan agarsiisu jaalaaladha.As keessatti ergaan qooddataan dabarsuu barbaade, jaalalleewwan rakkoo garagaraatiif kan walirraa fagaatanii jiraataniif wal bira hin geenyef erga biyyaa bahanii ammo namoota biyyaa isaan irraa isaan fageessaan ykn baasaan kanaaf karaa weedduu kanaan komii ittiin dabarsatan fakkeessuun kan barreedsichi ibsa itti kennuun dhiyeeseedha.

*Nadhagahi lammii koo na dhagahi fira koo*
*Wal hin beeknu malee bar nuyi foon tokko*
*Keenyumaatu keessanii maaf ala teessani*
*Isin nu beektanii nuyi hidda keessanii*
*Akka firii midhaanii nu faffacaasanii*
*Mee walitti qabamaa bakkuma jirtanii*
*Kottaa naa kottaa naa tokko taanaa*
*Amba maaltu dhibee nutuu walii taanaa"*

Weedduun olitti dhiyaate kun kan agarsiisu gorsa lammii ofiif kan dabarsuudha.kunis,lammii wal wallaale maalummaa ofiifi kan lammiisaas, walaalee diinni gidduu seenee akka lammiin tokko hin taane addaan isaan faffacaasu kan godhu kana qooddataan karaa weedduu kanatti gargaaramuun gorsa kan dabarseedha.

*"Ashamaa isin hundi keessanii*
*Warri waldhaansoon yoona geessanii*
*Walbeektuu isin hundi keessanii*
*Sin keessaa jirti diinni keessaanii*

*Of keessaa baasaa yeroon keessanii*
*Beektuu Goobanaa?*
*Bitamtuu horii gurgurtuu sabaa*
*Ciraa balleessaa abiddaan gubaa*
*Saba Oromoo ! yaa cunquurfamaa!*
*Garaan madaa'ee kan kuuse malaa*
*Jirti diinnikee bobaakee jalaa*
*Jabaadhuu…ka'i……"jedhe.*

Qabiyyeen weedduu kanaa kan agarsiisu balaaleffannaadha.Qooddataan rakkoo jiru karaa weedduu isaa kanaan, kan ergaa saba saaf dabarseedha. Barreessaanis asoosamichaa isaa keessaatti waldiddaa namafi nama gidduu jiru kan akkaataa balaaleeffannaatiin kan itti ibsa laachaa ergaa dabarseedha. kunis, saba saba isaatti miidhaa kan geessise kan muli'isuudha. Ofittumaa ofii qofa ilaaluun halagaa waliin ta'uu sabasaarratti miidhaa kan dalage ittiin namicha ceepha'uu kan itti gargaarameedha.

*nurratti jigee turee ba'aan guddaannsaa*
*Qawwee malee maaltu bilisa nu baasaa?*
*Gargar baanee turree…*
*Attamiin wal barree?*
*Bara baayyee turre.*
*Dhaamsan sitti dhaamaa ilmaan Oromootaa*
*Akkamitti baddi seenaan Oromootaa*
*Maqaa biyyaallee ni geeddaruu*
*Adaamaadhaan Naazireeti jedhanii*
*Tolosaafi Badhaasaa Kiristinnaa kaasani…"jette*.

Weedduun armaan oliitti weellifame kun kan agarsiisu dhiibbaa yookiin roorroo jiru ibsuuf kan weeddifameedha. Qoooddattuun dhaamsa yookiin qabiyyee weedduu kanaattis,akkaataa kanaan roorroo saba Oromoorra jiru kanas,karaa weedduu kanatti gargaaramitee kan ergaa shee dabarsatte ta'uusaati. Barreessaanis,barruu isaa keessaatti seenaa dhugaa saba Oromoorra ture kana hubatee karaa weedduu Ilifinesh Qannoo yookiin qooddattuun weelliste kanatti gargaaramuun ibsa kennuun ergaa saa dubbistootaasaaf dabarseedha.

*"Kotta aramaa aramna midhaan keenya keessa*
*Lafa isaatu borqiidha kanaaf tuufoo baasa…*"

Qabiyyeen weedduu kanaas,balaaleeffannaa kan ibsuudha.Qooddataan ergaa kana karaa weedduu kanatti gargaaramee yeroo ergaasaa dabarsuus,qaamni yookiin diinni saba

qulqulluu keessa galee dhiibbaa saba kanarraan gahaa jiru kana karaa ittiin of keessaa baasan weedduu kanatti gargaaramee sabaaf kan dhiyeesseedha.

*"…yaa hiriyoo yaa hiriyee halaalaa*
*Ati hin dhufin natu dhufee si laalaa…"*

Ergaan qabiyyee weedduu armaan oliis,jaalala lammii fageenyaarra jiruuf kan dhamsa dhaamuudha. Weedduun qooddataan yookiin weelliisaa Zarihuun wadaajootiin olitti weeddifame kunis kan ibsu, hiriyyaa isa halaala jiruuf kan dhaamsa dabarsuudha. Dhaamsi kunis rakkoon biyya keessa kan jiru ta'u isaa hubachuun hiriyaan isaa akka gara biyyaatti hin dhufineef weedduu kanaan kan dhaamsa dabarseef ta'uusaa mul'isa. Asoosanis, kanumarraatti hundaa'uun roorroo lammii isaarratti raawwatamaa ture kan ibseedha.

*"Utuma gala qabnuu nuugii nuugalasanii*
*Utuma maqaa qabnuu Gaallaa nuu moggaasanii*

Weedduun kunis kan ibsu roorroodhuma sabarra gahaa ture kan agarsiisuudha. Weedduu kanarraayis kan hubatamuu danda'amuu saba waan hundaan badhaadhina qabu kana akka waan homaa hin qabneefi homaa hin beekneetti maalummaasaa isaanii jijjiiruun kanmul'atu kanneen akka maqaa saa jijiiruu kanneen raawwataman kanneenirratti akka dammaqan kan weedduu kanarraa baratamuun danda'amuudha.

*'….fedhiidhaan haa taatu tokkummaan saboota*
*Kana….hawwiin cunquurfamootaa…'*

Qabiyyeen weedduu kanaa hawwii kan agarsiisuudha. Qooddataan weedduu saa keessaatti ibsuu kan barbaadees,cunqursaan bara dheeraa uummata isaarra ture kun gaafii yoom laata? Deebiisaa arguuf hawwii saa tokkummaan fedhiidhaan ta'ee arginu barbaadukan jechuudha. Barreessaaan asoosamichaas,weedduu kanatti gargaaramee cunqursaan sabarrattii fe'ame kun yoomi akka deebii argatu kan dhibee obsaan bara hedduu lakkoofsiise kana taajjabe rgaaa kana dubbistootaaf dabarseedha.

*"Shurrubbeen koo hin qaarite*
*Gaggeesseen biraa dhufaa*
*Garaakoo jabaadhukaa*
*Yaa wwayyaakoof yaa wayyaa kee*
*Yaa isa hiddiin tattaraaree*
*Yaa garaakoof yaa garaa kee*

*Yaa isa giddii gargar baasee*
*Shurrubbeen,koo………*
*Wallaggaa yaa lixa biiftuu*
*Dhagaan Gibee konkolaatee*
*Waldhabna yaa intala diimtuu*
*Garaan didee na sodaate*
*Shurrubbeen koo……..*

Weedduun armaan olii weedduu jaalalaaf weeddifamuudha.Haa ta'u malee barreensaan ergaan inni dabarsuu barbaade Fiqir abbaa manaa shee sandaabaa roorroo saba saarra gahaa tureefi cunqursaa sabasaa kana taa'ee ilaaluu dadhabuudhaan haadha manaa saafi ijoollee saa gar malee jaalatu dhiisee gara bosonatti galee qabsaa'uuf murteesse gara qabsoottii yeroo inni galuudha..Fiqiris isaan adda bahuun osoo hin jaalatin dirqama itti ta'ee gaafa isa gara bosonaatti gaggeessitee yeroo deebitu, weedduu sagalee waraabbii weellisaa zarihuun Wadaajoo kana kan isheen dhaggeeffachaa kan turteedha.Barreessaan asoosamichaas,kan inni barruu kana keessaatti weedduu kana itti gargaarameefis, ijoolleefi haadha manaa gar malee jaalatu irraa adda bahee,hacuuccaa lammii ofiif jecha kan bosonatti gale ergaa jedhu dabarsuu barbaadeeti.

*"Waa malli nu dhibe jennee bitaa mirgaa*
*Karaa sirrii dhiisnee maaliif deemna moggaa?*
*Rabbii moo namumaa kan seera jallise?*
*Waaqa moo namuumaa kan seera jallise?*
*Haati keenya takka maaltu addaan nu baase.*
*Ilmaan haadha abbaa walii Obboleessa*
*Maaliif wal jibbina akka ilmaan bineensa.*
*Harki harka hin nyaatu diina ofii malee*
*Nutu of xinneesse eenyutu nu caale"(*fuul.172)

Weedduu kanarra kan hubatamu tokkummaan dhabamuudha. Qooddaataan weedduu kanatti kan gargaarameef tokkummaan jiruufi jireenya ilmaan namaa gidduutti waan hunda caalaa barbaachisummaa kan qabu,hawaasa keessatti hubachiisuuf kan weelliseedha. Kunis namna uumama biroorraa kan adda isa taasiisu sammuu ittn yaadu qabaachuudhaan.Kunis namna aadaa, duudhaa, afaan,guddina diinagdeefi siyaasa biyyaa tokkoof kan isa barbaachisu ta'uun isaa ifaadha. Kuni immoo yoo walii galteen hin jirree hiika kan hin qabneefi bineensa dagalaa waliin kan walidorgomisiisu kan taasiiseedha.Akkuma *'Walii gsalan alaa galan'*

mammaaksi jedhu,walii galteen yoo hin jiraanne bakka yaadan gahuun gonkumaa kan hin danda'amne ta'uu isaati.

Weelluwwan armaan olii Asoosama kana keessatti dhiyaates yaaduma kana agarsiisa.Ilmaan Oromoo gidduutti al tokko tokko tokkummaan dhabamuudhaan dogongora mul'atu akkaasitti quqquuqamuun kan dhiyeesse qooddattoonni weelluu kanatti gargaaraman kunninis, Sirna Atsee Miniliik irraa kaasee hanga sirna Dargii keessatti miidhaa naafxanyooti ilmaan Oromoo irratti raawwatan kan giddu galeeffate yoo ta'u Oromootis, tokkummaa dhabuudhaan miidhaan walirratti raawwatan xinnoo kan hin taane mul'isa.

Weedduun armaan gadii Zarihuun Wadaajoofi Ilfinash Qannoo waliin weeddisan yaaduma armaan oliitti dhiyaateef kan wal weellisameedha.(ful.237).

*"Nuyi waliin dhaadannaayee*
*Wali malee maal qabnayee*
*Mukillee baala qabayee*
*Wal malee maal qabnayee*
*Yoo falaxaan nama quuqee*
*Balli dambii nama hin quuquu*
*Yoo halagaan nama quufe*
*Lammiin ofii nama hin quufuu*
*Sittan gala yalammii koo*
*Sirran rafaa yadambii koo*
*Meeyeyyii ilaalaa sagaltaatee yaati*
*Gaafa xiiqiin dhufte walirratti duuti*
*Abbaankoof abbaankee eeboo tokko qaruu*
*Anis michuukeeti atis michuu kooti*
*Homtuu nun jijjijiiru homtuu nungeeddaru*
*Qunceen muka tokkoo quncee bira hintaatuu*
*Nutoo dhiiga tokko harki harkan hin nyaatu*
*Yoo halagaan nama quufee*
*Lammiin ofii naman quuwufuu*
*Yoo falaxaan nama quuqee*
*Baalli dambii nama hin quuqu*
*Sirran rafaa yadambii koo*
*Sittan gala ya lammii koo*"

Qabiyyeen weedduun kun qabatee asoosama kana keessatti dhiyaate tokkummaa lammii Oromoo kan ibsu yoo ta'u tokkummaan jabeenyas, qabeenyaas kan jedhu ibsa. As keessattis,barreessaan weedduu qooddattoonni akkaataa kanaa itti gargaaramanii dhiyeessan

kanarratti yoo ibsa kennu: sababa minilikin Oromiyaa kan gabroomfate ijoollee Oromoo kan akka Goobana Daacceedhaan gargaarameeti malee osoo qophaa isaa turee Oromoo tokko ta'anii jiru ta'ee Miniliik Oromiyaatti hin ce'u.Bara sana moototin Oromootaa utuu tokko ta'aniiru ta'ee tokkummaa uummatee walii galan ta'ee silaa Oromiyaan hardha kan Oromootaa taati,jechuudhaan kan dhiyeessee ibsa itti kenneedha.

Walumaa galatti weedduuwwan gosoota afoola  Oromoo ta'e  kanattii uummanni ofumaa saaf uummatee deebiisee hawaasni  isaa akka itti tajaajilamuuf  karaa ogbarruu barreeffamaatiin akkaataa kanaan ergaa waliif yookiin saba bal'aa kanaaf kan ittiin walii dabarsaniidha.Yaadni ijoo barreesichaas, bulchiinsa sirnoota darban keessattii dhiibbaawwan baroota hedduu kana hacuuccaan dabarsan kana barruu saa keessatti haala kanaan afoolaatti gargaaramuun sirnicha keessa keessa ta'eewwan ta'anii darbafi lammiin walii galuu akka qabaatu tasiisuuf yookiin immoo  tokko taasiisuuf weedduwan kanneenitti kan itti dhimma dabarseedha.

**4.5.Jechamoota Asoosamicha keessatti Argaman**

Jechamni  jechoota  adda  addaa lamarraa kan uumamuufi jechoota qindaa'an keessaa jechoota hiika addaa qabatee yaada addafi dubbiin kan ibsamu, fayyadama afaanii kan hawaasa hawaasini kalaqatee itti fayyadamuudha.Kana ilaalchisee,Adduunyaan (2014:122) akka barreessetti,"jechamni jechoota,gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u. baay'een jechamoota Afaan Oromoo ergaa dhuunfaattii jechoonni walitti dhufan qabanirraa adda.Jechamoota kana hubachuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha." Haaluma kanaan, jechamoonni odeeffannoo kitaaba asoosama ' Yoom laataa'? jedhu keessatti argaman qabiyyeewwan adda addaa irratti xiyyeeffatu. Kunis,soda, roorroo xiiqii, gantummaa,hadhaa,cinqiifi injifannoo kan agarsiisan barreessan itti gargaaramuun ergaa isaa dubbistootaaf dabarsee jira.

*'Umriin kee dheeraadha*. (ful.65) 'Jechamni kun akka hawaasa keessatti ittiin beekamuutti osoo waa'een nama tokkoo haasa'amaa yookiin odeeffamaa jiru yoo abbaan sun itti dhufe kan jedhamuuniidha. Kana jechuunis,jiraachuudhaaf waggaa dheeraa lakkoofsiisuu jechuudha. Kanuma bu'uura godhachuudhan qooddataan asoosamichaas,kan itti gargaaramee ergaa saa kan dabarsuu danda'e,haala kanan ture Guyyaan isaa guyyaa dilbatati;

Waariyoo,Fiqirfi ,sintolinnaa fa'a mana viillaa Fiqir keessa bultu jala taa'anii buna danfisanii utuu dhuganii Sandaaban dhufe;Sandaaban kan dhufe osoo waa'ee isaa isaan odeessaa yookiin haasawaa jiraiidha.Kanumaaf, akkuma fayyadama hawaasarraa yookiinessatti ittiin beekkamutti namni osoo waa'een isaa odeeffamaa jiru irra dhufe kan ittiin jedhamuudha dhalootarra baramaa dhufe,Sintolinnaan, " umriin kee dheeraadha"jetteen.

*'Bofa garaa seeneedha*.'(ful.67), Hiikni isaa kan summaa'e jechuudha.Ergaan inni dabarsus, waan summiin isaa tamsa'e yookiin wal make battalatti adda bahuu hin dandeenyee yoo harkisanis yoo dhiisanis, tokkuma summiin isaa keessa tatamsa'e waan ta'eefdha. Akka barreessaan asoosama kana keessaatti itti fayyadamettis,saba mirga ofiitiif qabsaa'uudhaan qooda guddaa raawwatan tokko tokkoon hidhaafi ajjeechaan wareegama kanfalaa kan jiran kanuma sababa godhachuun mootummaan H/Sillaasee kun kaayyoo keenya kan dhabamsiisu itti fakkaatee akkasumaan gidiraa nugalchaa jira malee kaayyoo keenya yoo ta'e "bofa garaa seeneedha."Qabisoo hadhaa'a kan hadhaan isaa nama keessaa hin bane kan saba keessaatti xiiqii qabsiise kan ibsuudha

'*Garaan isaa bishaan ta'e'* (ful.124) jechamni kun akka hawaasa keessaatti ittiin beekkamutti ni rifate isa jedhu bakka bu'a.Rifaatuun kun gammachuufis, gaddaafis, nigargaaramu waan nama gammachiisu yoo dhaga'aniifi waan nama gammachiisu yoo dhaga'anii miira namatti dhaga'amu sana ibsuuf kan itti gargaaramaniidha.Barruu kana keessattis,Fiqir ajjeechaa diinaa jalaa bahuuf,Shaambal Sabsibeedhaan qarshii barbaaddu hunda harka keessan isiniifiin ni danda'a yeroo isheen jettuuniidha innis, yeroo kana dhagahuudha kan garaan isaa bishaan ta'e,jedhee kan barreessaan itti fayyadame.

' *Garaa shee quuqe* (ful.225) jechamni kun hawaasa keessatti waan garagaraaf yookiin haala adda addaa keessaatti dhiyaachuu danda'a. Kanaaf barreessaan haala yeroo sana raawwateen wal qabsiisee kan ittii gargrameedha.Kunis,Fiqir Sintolinnaa mana hidhaa keessaatti dhiiftee deemuun shee kan itti dhaga'ame,kan garaa ishee nyaate,kan garaa ishee gube jedhamuudhanis, bakka bu'uu nidanda'a.Keessumaa wadaroon sibiila Sintolinnaan ittiin hidhamte irraa hiikamee utuu isheen hin argin deemuun ishee akka itti dhaga'ameefi garaa ishee quuqe jechuun kan dhiyaate kun kan agarsiisuusi akkuma beekamu wanta nama gaddisiisu argitgee osoo wanta sana gara hiikamuutti hin argin kan ishee yaaddeesse ta'uu ibsuuf.

*'Harkatu harka nyaata'*(ful.172) hiikni jechama kanaa firatu fira ajjeese yookiin lammiitu lammii isaa ajjeesise yaada jedhu bakka bu'a.Halagaan osoo hin taane nama ofiitiin kan badiin irratti raawwatamedha.Gama barruu kanaatinis, yoo ilaalame bara 1971 walakkaarratti hogganaan I.ci.a.ti Jaallee Baaroo Tumsaa Harargee Lixaa keessatti qabsoo hidhannoorraa osoo jiru dhaabasaa adda bilisummaa Oromootti makamuun waggaa tokko booda hoggantoota adda kana gidduutti wal diddaa uumamee tureen ajjeefame. Ajjeefamuun isaa kunis, halagaan osoo hin taane adda hoogganamu lamii isaatiin waan ta'eefidha barreessaan jechama kanatti gargaaramee dhaamsa yookiin ergaa jiru kana akkaataa kanaan fayyaadamuun yookiin jechama kanatti gargaaramuu dhiyeessee jira.

'*Jawwee dhiiga dheebote'* (ful.258) hiikni jechama kanaa waan argachuu barbaade sana argachuuf kan ariifate ta'uusaa mul'isa. Akka hawaasa Oromoo biratti beekamutti namni karaa qaxxamuraan waan isaaf yookiin sheef hin malle arggachuuf yookiin harkaan ga'achuuf kan tattaafatu,kan muddamu,ta'uu ibsa.Yaaduma nanaan kan wal faakkaatu barreessaan asoosama kana keessaatti akka itti gargaarametti,Jaallee Difaabbaachewu kan jedhamu intala Sintolinnaa Obsineen harkaan ga'achuuf ga'achuuf yookiin fuudhuudhaaf harka qabdee eebbiftee yoo kennite malee ilma shee Obsinaa Waariyoo adda waraanatti erguuf akeekkachiise.Sintolinnaan intalli ishee akka kanaaf hin geenye itti himuun bakka sana qarshii hanga barbaaddu siifsn kennaa ittiin jennaan isas garaan lama ta'ee lamaanuu dhabuu akka hin qabne itti hime. Qarshii erga fudhateen booda intalas,dhiisuu hin dandeenye. Obsineen lbbuu haadhaafi obboleessaa ishee baraaruuf jecha filannaan isheen qabdu itti heerumuuf murteessite kabajaa durbummaa ishee naamusaan eegdee turte sana jawwee dhiiga dheebote sanaaf wareegama kennuuf murteerra geeche. Jechamichi yaaduma armaan olitti ibsame kana kan bakka bu'uudha.

*'Jawwee'* (ful.13) jechamni kun qoosafis kan gargaaru ta'us,hiikni isaa akka jechaatti yookiin akka hiika kallattii ittiin beekamutti bineensa lafarra loo'u kan lafa gammoojjii muka keessa galuudha.Akka qoosattis,nama dheeraa ta'een ittiin waamuuf bakka bu'a.Barreessanis,kanuma bu'uura godhachuun Yaadannoon nama akkamii akka ta'e yeroo ibsu Yaadannoon nama dafee aaruu miti; gaafa aaru garuu nama kudhan garagalcha.Furdinni isaa giddu galeessa ta'ee hojjaa gara meetirii lamaa dheerata.Kan jedhameefis,namoonni ganda Harawweefi Harar 'jawwee'jechuun yeroo waaman ittiin dheerina Yaadannoo kana

ibsuuf kan waamaniidha. Seenicha keessattis, jechichi akkaataa galumsa keessatti dhiyaateen jechama dheerina ibsu ta'uun kan gargaareedha.

### 4.6. Malleen Dubbii Asoosamicha Keessatti Argaman

Malleen dubbii afoola keessatti ramadamuun dubbiiwwan qolaa adda addaa kaneen tajaajila garagaraaf asoosama ' Yoom Laataa'? keessatti dhimma itti bahamee jira. Dubbiiwwan qolaa kunniin fayidaa maalii asoosamicha keessatti akka qaban armaan gaditti qaacceeffamanii jiru. Kana jechuun gama kallattii kanaan qabiyyee ergaa dabarsuu barbaadan sanaatiin kan dhihataniidha. Gosoonni mala dubbii barreeffamni asoosamaa kanatti dhimmoota garaagaraa kanneen akka gadda, gammachuu, aarii, garajabina, hacuuccaafi roorroo, ilaalcha olaantummaa, aadaa, duudhaafi kan kana fakkaatan agarsiisuu danda'aniin ibsamanii jiru. Malleen kunis, akkasaa, iddeessaa, nameessa, arbeessa fa'i. Mallee dubbii kanneenis,tokkoon tokkoon akkaataa isaan ergaa dabarsaniin himootaafi fuula kitaaba asoosamicha keessaatti argamaniin eeruun armaan gaditti duraa duubaan qaacceffaniiru.

#### 4.6.1. Akkasaa

Akkasaan gaalee 'akka'fi ' isa'jedhurraa ijaarame.Tajaajilli isaas, ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcinaa qabuun dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha.Haala akkasii keessatti 'x' n akka 'y' jechuun baay'inaan jechoota 'akka fi fakkaata jedhu fayyadama.Kanaafuu asoosamicha keessatti akkaatuma dhiyaateen akka armaan gadiitti kan qaacceffame ta'a.

*"Yoggaa deemtu akka alangee dhodhommoqxi*" (ful.12) malli kun akkaataa adeemsa namaa alangee waliin wal fakkeesse alangeen wanta lubbuu hin qabne kan teeba rraa hojjatamu waantoota akka fardeenii fa'a ittiin leenjisuuf kan tajaajilu yoo ta'u akkaata adeemsa namaa kan ittiin ibsan.Barreessanis, asoosama kana keessaatti akkaataa adeemsa bareedina Sintolinnaa alangeetti gargaaramee kan ergaa dubbistootaaf dabarse ta'uusaa ibsa.

'*Sintolinnaan akka Lukkuu hulluuqxe'*(ful. 13) malli dubbii fuula kana keessatti dhiyaate kun namaafi lukkuu kan wal dorgomisiiseedha.Namni yeroo rakkoon yookaan balaan qunname balaa muudate jalaa of baraaruuf mala yookiin fala barbaadata.Kanaaf Sintolinnaan,abbaa manaa ishee Yaadannoon Qanyaazimaachifi ishee walirratti yoo argu kan

daftee mala ittiin lubbuu shee oolchatu karaa argattee akka lukkuu mana keessa hulluuqxee baate diriyaa ishee lafa irraa butattee qotiisa bisingaa keessatti akka dhokatte kan barreessaan barruu isaa keessatti ibse.

*'Mataan Qanyaazimaachi akka kubbaa lafarra konkolaate'*(ful.13) yaadin kun kan agarsiisu mataa namaafi kubbaa kan wal dorgomisiiseedha.Akkuma hiika olitti dhiyaateetti hawaasaa keessatti waan tokko taatee wayiirraa ka'anii waan sana ibsuuf waan isatti dhiyaatu, bocaan, sochiin, amalaan yoo walitti dhiyeenya qabaatan wal cinaa qabuun baramaadha. Kanumarraa ka'uun barreessaan asoosamichaas,sbaba Yaadannoon Qanyaazimaachin haadha warraasaarratti arguun mancaa baatuun mataa saa dhahee irraa buusuun,mataan isaanis, akkuma kubbaa kan lafarra konkolaate jedhameef.

*'Mudhii ishee gadittis qaamni ishee kan ogeessan qixaa'ee tolfame fakkaata.' 'Habaaboo dhoohuu jala gahe fakkaatti'.* Yaadni kun hima lamaan dhiyaate yoo ta'u,yaadni duraa, mudhii namaa wanta ogeessi soofee tolchee qixeessuun kan wal fakkeesse yoo ta'u inni lammataa biqiltuu ookiin habaabaa dhoohuu jala gaheen kan wal dorgomisiisedha. Walumaagalatti barreessan asoosamichaa bareedina Fiqir karaa mala kanaatiin fayyadamee baay'ee bareedduu ta'uu ishee kan ibseedha.

*'Fiqir lakkuu deessellee harmi ishee ammallee akka gaanfa dibichaatti dhaabbatanii mul'dhatu'.*((ful.95) malli dubbii kun harma namaati gaanfa jibichaatiin wal fakkeese.Gaafni jibichaa kan reefu biqilu waan ta'eef kan hin jallanne kan reefu qara baasuu yoo ta'u,barreessan kan ibsuu barbaade Fiqir ammallee ijoollee durbaa fakkaachuu ishee ittiin ibsuu barbaadeedha.

*'Fuulli ishee akka aduu ife.'* 'Akka habaaboo amma dhohe taate'(ful.55) yaadani kun waanuma tokko wanta lamaa wal dorgomisiifame.Kunis,fuula namaatu aduu waliinifii habaaboo dhohuu jalala gahe waliin kan dorgomsiifameedha.Kunis, kan mul'isu hawaasa keessatti namni tokko waan barbaadu yoo argate nigammada fuulatu ifa jedhama.Ifini kan argamu aduurraati. Aduun ammo kan baayyee ifu kan dorgomaa hin qabnedha.Kanaaf aduu waliin kan wal cinaa qabuun,gammachuu fuula namaa irraa mul'atu kan ittiin ibsuufi kana malees habaaboo battala dhoohuu jala gaheen wal bira qabamuun kan dorgomsiifame yoo ta'u ,habaaboon dhohu gahe ammo qaama guuttee kan namatti toltu kan wal

fakkeeffamuudha.Akka yaada barruu keessaa argamettis, “Fiqir gaddaaffoo mana ishee jala teessee yeroo isa simattu fuulli ishee akka aduu ife.Akka habaaboo amma dhohee taate.”Sandaabaan jaalalleen ishee Yuunivarsiitiidhaa yoodhufee agartu kan gammadde yookiin gammachuu ishee agarsiisuuf barreessan mala kanattigargaaramuun kan dubbistootaaf ifa gochuun itti gargaarameedha.

*‘Gonfeen duulaa mataarraa kaawwattu jalaan rifeensi mataa ishee akka hiddaa mammaramee gatittii isheerraa xinnoo gadi bu’a’.* (ful.110) malli kun waan gosti isaanii tokko hin taane kan bocini isaani walitti dhiyeenya qabu kan wal dorgomiiseedha.Rifeensiifi hiddi dheerina yookiin dadacha’inna isaanitiin kan walitti dhiyaatan ta’uun kan wal cinaa qabamanii dhiyaataniidha.Hawaasnis, waantoota naannoodhuma isaanitti argamaniin kan wal bira qabanii ibsan ,fakkeenyaaf dheerina rifeensa mataa namaa ibsuuf kanneen akka coqorsaa,mujjaa,hiddaafi kan kana fakkaatanitti gargaaramuun ibsu.Kanaaf barreessanis, bareedina Saabaa ibsuuf isheen bareedduu ta’uu sheerraa kan ka’e gonfeen isheen hojiidhaaf godhattee kan irraa bareedu namoota akka shee hojiif boba’anirraa kan hin bareenne miidhagiduu ta’uu sheerraa kan ka’e gonifoon namoota biroorraa hin bareedine isheerraa kan bareedu ta’uufi bareedina ishee ibsuuf kan itti gargaarame ta’uusaati.

*‘Shaambal qubaan lafa tuqaa, ol hiixachaa,akka Leencaa tarkaanfachaa’*, malli dubbii kun gocha namni tokko raawwatu yookiin sochii namni akka waan biro san fakkeesse raawwatuun kan isa wal fakkeessuun wal dorgomsiisuudha.Fakkeenyaaf akkaataa deemsaa, akkaataa nyaataa akkaataa dubbannaafi kan kana fakkaataniin wal fakkeessuun wal dorgomisiisu.Barreessaanis, barruu saa keessatti kanuma bu’uura godhachuudhaan, hogganaan garee sakkatta’ootaa Shaambal Sabsibee kan jedhamu Waariyoodhaan waraqaa eenyummaa kee natty agarsiisi. Ittiin jennaan Waariyoonis,waraqaa hayyama konkolaachisaa itti agarsiise.Shaambal Sabsibeenis dubbisee kolfa tuffii itti kolifee,Waariyoodhaa maqaan kee jedheen eeyyeen gooftaa koo waariyoon jennaan fuyadaali na seetee,gooftaa kan naan jettu jedheen innis,lakkii kabajaa keessaniifin jedheen malee isinoo….fixikaa nuti eenyu? Isin loltoota tarkaanfamoota Itoophiyaaf dhaabbattan warraaqsa dafqaan bulaa kana kan nuuf gaggeessaa jirtaniidha.Jedhee dubbii Shaambal itti kaasuu barbaade waan hubateef Shaambal Sabisibeenis, yeroo kana akka of tuuluu tahuudhaan Shugguxii mudhiisaa irratti hidhate qaqqabachaa qoma isaa dhiibaa qubaan lafa tuqaa,ol hiixachaa,akka leencaa tarkaanfachaa’

jedhee barreessanis, barruu keessatti gochaa namaa gochaa bineensatiin walfakkeessuun kan dhiyeesse.

Biqiltoota jiran keessaa uumamumaan miidhagina waan qabduuf baadiyaafi magaala keessattillee namoonnii barbaadanii mana jireenyaa fuullee dhaabuudhaan,naannoon akka bareedu nitaasiisu.Kana malees, namoonni jaalala waliif ibsuuf habaaboo waliif laatu.Waan bareedduufi waan jaalatamtuu waan taateefiidha.Kanumaaf barreessaan barruu kana keessatti Fiqir habaaboo waliin wal fakkeessuun kan barreesse bareedina ishee ibsuufiidha.

*'Hidhiisaa tamboon gurraachessee dudda eelee fakkeesse*.'(ful.124) dubbii kana keessatti,hidhii namaafi dugda eelee kan wal fakkeessedha.Dugdi eelee yeroo hunda abidarratti waan itti fayyadamaniif gurraacha'e, namnis, yeroo mara tamboo kan aarsu yoo ta'e qaama uumamaa dura ture sanarraa gara gurraacha'uutti deema.Kanaaf ergaan barreessaan fuula kana keessatti dabarsuu barbaadees, angaa'oonni yookiin loltoonni tarkaanfattoota cunqurfamtoota Itoophiyaa keessaa Shaambal Sabsibeen hidhiin isaa tamboon kan gurraachesse dugda eelee waliin wal fakkeessuun kan dhiyeesse

*'Areedisaafi dabbasaan mataa saa jirbii foo'ame fakkaata* .(fuul.176) malli dubbii kun akkuma waantoonni amalaan ,bifaan. Gochaan haalaan sochiinfi kan kana fakkaataniin wal fakkeessuun dhiyaatan, yaadni barruu kana keessatti dhiyaate kunis, bifaan kan wal fakkeesseedha. Kana jechuun bifti dabbasaa namaa yeroo gara dullumatti deemamu gara adiitti jijjiirama. Namni yeroo dhalatuu uumamaan rifeensa gurraachaa waliin dhalata hanguma umriin namaa fagaachaa deemuun rifeensi gurraachi uumamaan jiru sun uumamumaan gararifeensa adiitti jijjiiramaa deema.Kanaaf jirbiinis bifti saa adii waan ta'eef barreessaan rifeensa Yaadannoo kan jirbii waliin kan wal fakkeessuun ergaa isaa dubbistootaaf dhiyeessee jira.

*'Atomaatikii akka boqqoolloo waadamuu xaxxaaxa'a ture'* (fuul.228) malli dubbii dhiyaate kun yaada barruu fuula kana keessatti dhiyaate kun kan wal hin madaallee yookiin ammo kan walitti dhiyaatee mul'atu hin fakkaatu. Maaliif yoo jenne atomaatikiin sibiilota yookiin meeshaa lolaa kan sagalee guddaa dhageesiisee dhoka'uudha. Boqqooloon ammo gosa midhaanii kan yoo waadamu sagakee xiqqaa xaaxoftu dhageessistuudha.Barreessaan ammo atomaatikii boqqoolloon wal fakkeesse.Osoo boqqoollotu atomaatikiin wal fakkeeffame

ta'eeti ture,garuu wanti barreessaan dabarsuu barbaade baayyina dhukaasa yeroo sana dhukaasame ta'uu qaba.Haa ta'u malee baayyinni dhukaasaa yoo ta'e boqqoolloon yeroo muraasaan booda xaaxa'uu ni dhiisti. Kanaaf wanti akkeeffamu sun wanta itti akkeeffamu caaluu qaba kana jechuun sagaleen boqqoolloo kan atomaatiikii caaluu qaba.Haa ta'u malee yaadni barreessaan dabarsuu barbaade dubbistootaaf ifaadha.

*'akka baala mukaa harca'an'* (228) akka mala dubbii kanaatti nama du'utu baala mukarraa harca'uun wal fakkeeffame. Baalli mukarraa harca'u kan fayiida hin qabne kan gogetu mukarraa harca'ee lafarratti tortoree kan baduudha.Lubbuun namaa ammo lubbu-qabeeyyii lafarraa jiraatan keessa kan kabaja guddaa qabuufi uumama biroorraa adda kan ta'aniidha.Haata'u malee sababa waraana kanaatiin baay'inni namoota dhumanii heddu ta'uurraa kan ka'e lubbuun namaa gatii dhabuun,barreessan barruu kana keessatti lubbuu namaa kan baalan wal fakkeessee ergaa dabarsseedha.

'*Moortaariin mataasaaniiirraa furguggisamu naannoo isaan jiran akka ifa aduu guyyaa walal godhee agarsiisaa ture'*.Yaada kana keessatti moortariitu ifa aduu waliin kan akkeeffameedha.Moortaariin meeshaa rasaasaan dhukaasaan furguggifamuudha.Ifni aduu ammoo akka guutuu biyyaatti halkan osoo hin taane guyyaa ifa guddaa kan wanti ishee gitu hin jirree kan kennituudha.Haata'u malee yaadni barreessaan yeroo moortaariin furgiggifamu halkaniidha;kanaaf ifa akka aduu kan kennaa ture kana kan ibsu akkuma aduun guyyaa ifa laattu baayyinni rasaasa dhukaafamuu ifa kennaa ture jechuun kan itti gargaarameef.

*'Alkumaan beelliifi adeemsi karaa akkaasumas, balaa amma irra ga'e wajjin walitti dabalamee akka quncee isa laafise'.* Malli dubbii kun namaafi qunee kan walfakkeesseedha. Qunceen kan beekamu waan laafaa ta'e qola mukaa kan mukarraa baafamee waa hidhuufi yookiin waa jabeessuuf gara barbaadametti kan hajajamu hawaasni itti gargaaranu yoo ta'u, kanuma bu'uura godhachuun barreessanis, laafina isaarraa kan ka'e nama huna dhabee yookiin dadhabee waliin kan quncee nama waldorgomisiisee yaada isaa karaa kanaan ibse.

*'Jireenya akka dheebichaa hadhaa'u waga'amee jiraachuu itti fufe'(ful*.226) hiikni yaada kanaa kun jiruufi jireenya keessaatti kan jireenyi itti tolee hin beekne jechuudha.Dheebichii ammo baala hadhaa'aa muka irraa ciramu maqaan isaas,dheebicha jedhamee kan hawaasa keessatti beekamu,dheebichi hawaasa keessaatti waa baayyeedhaan wal fakkeeffamuun ni

beekama;wanta dhandhamni isaa hadhaa'uu yoo isaan qunname dheebeechuma jedhu.Kanaaf barreessaan asoosama kanaas, haala jiruufi jireenya yeroo sanaan wal qabsiisuun gabrummaan bara gara baraattii bifa jijjiirrachaa ilmaan Oromoo kan hacuuccaa keessaa hin baasne ibsuuf kan itti gargaaramee dhiyeesseedha.

### 4.6.2. Iddeessa Asoosama Keessatti Argaman

Malli dubbii iddeessaa jedhamu kun jechoota lama irraa kan ijaarameedha.Isaanis,'bakka'fi 'isa' yookiin 'iddoo'fi' isa'yoo ta'u waan tokko guutummaan guutuutti amala waan tokkoo waan birootiin bakka buusuu yookiin kennuufin dhiyeessuudha.Akkuma Addunyaan (2018:210) irratti barreesse, "malli dubbii iddeessa jedhu,gaalee' iddoo'fi 'isa' jedhurraa ijaaramee waan tokko waan tokko guutummaan guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun dhiyeessa. Gosti fayyadama afaanii kun karaa dhokataa ta'een wantoota dorgomsiisee dhiyeessa. Kan akkasarraa adda isa taasiisus,isa kanaadha.Tokkummaan inni akkasaa waliin qabu garuu wantoota wal dorgomisiisuudhaa,"jedha.Haaluma kanaan,malli dubbii kun qabiyyee asoosamichaa keessatti haala adda addaan mul'atu akkaataa dhiyaannaa isaatti akka armaan gadiitti kan ibsameedha.

'Mudhiin ishee mudhii Soonsaati'.(ful.95) malli kun akkuma beekamu hawaasa keessatti qallina mudhii namaa ibsuuf mudhii soonsaatti gargaaramu. Soonsi ilbiisa lafarra jiraattu yoo taatu mudhii ishee gidduun qal'aa,mataafi garri duubaa kan furdatu,furdina muraasa kan qabuudha.Kanaaf barreessanis, bareedina yookiin miidhagina qaama Fiqir ibsuuf mudhiin ishee mudhii soonsati.Mudhii ishee gaditti qaaminni ishee kan ogeessaan qixaa'ee tolfame fakkaata;jedhee itti gargaaramefis,as keessaatti qaamni ishee kan ogeessaan qixaatee tilfame fakkaata kan jedhu akkasaa agarsiisa.Walumaagalatti baay'ee breedduu jechuuf kan wal qabsiisee dhiyeesseedha.

'*Abiddin warraaqisaa boba'uu jalqabe kanaaf hin dhaamuu'*(ful.96) yaada kan keessatti dubbiin dhiyaatee karaa dhokataa ta'en kan dhiyateedha. Kan Abidda boba.uun bakka bu'e haala yeroo sanaa sochiin warraaqisaa itti jiruu sababa godhaachuun haala yeroon sun keessa jiru yomeessaa isaa waliin waal qabsiifamee kan dhiyaateedha.

*'Bareedaa koo qorraaf gaariidha dhugii leencaa koo' (108)* waliin jirenyaa hawwaasummaa keessaatti namoon walitii dhiyeenyaa qabataan jalalaa, ciminaafi amala namni tokko

agarsiisuraan ka'uun jechoota garaagaraatiin bakka wal buusuu kan wal wamaniidha. Akka aadaa Oromooti keessummaan dhimaa garaagaraatiif rakoofis,gammaachuufis, gaddaafis, haa ta'uu karaa demaani yoo ittii dhihee bakkuma itti dhihee san bualu gara ergaa baresiichaati yoo debinuu Sandaabaan Saabaa waliin duula hojii gamtaf buufata gudar keessaatii kan booba'e bokkaa akka malee roobuun mana obboo Gamachuu gafaa bulaan dhugaatii Hatii mana isaa qopheesitee Sandaabaa fa'aaf afeeruuf jecha Sandaabaa haala saa , hojii fi dubbii isaatii waan itti toleef bareedaa koo qorraaf gaariidha dhugii lencaa koo kan jedhee barreesse mala kanattii gargaaramuun ergaa dabarsee jira.

*'Habaaboo tsigeradaa osoo hin cabsin fuunfachuu'* (124) Malli dubbii kunis karaa dhookataa ta'een ergaa dubbii qolaan bakka buusee kan dabarseedha. Akkatan dhiyaannaa kan guutumaan gututii qaama nama kan ta'e tokko biqiltuu tsigerdaa jedhamuun bakka buuseedha. Akkaatan barreessaan Asoosama keessatti dubbii kan ittii gargaaraame yoo ilallee Habaaboo tsigeeradaa Fiiqirin bakka buusuun kan dhiyeese haala kananiidha. Habaaboo tsigeeradaa osoo hin cabsiin fuunfachuuf tamboo osoo hin fixin Ash tiree irattii dhamsee hidhii isaa tamboon guraacheessee dugda eelee fakkaatu harkaan haxawatee ishee dhungachuuf kursii irraa ka'ee itti siiqe.Jechuun kan dhiyeeseedha. Hidhii saa tamboon guraacheessee dugdaa isaa ellee fakkatuu kan jedhuu Akkasaadha.

*'Ati namaa miti bineensaa. Waraabeessadha'*. (263) malli dubbii waalittii dhiyaate kun nama bineessaan bakka buuseedha. Namoonni jiruufi jireenya waliin gaggeeffatan keessaatti kanneen waan gaarii dalagaa jirtaniif kanneen faallaa isaanii waan gaarii hin taane nama irraa hin begamnee dalaguun jiratanis ni jiru. Yeroo kana isaa gaarii dalaguu gaarruummaan inni hojjete mala adda addaatiin akkuma ibsamu inni waan namni hin dalgne dalaguun beekamu waan dalgee saanan dalgaan isaa waliin waal fakaatu wal bira qabamuun bakka bufamuu akkumaa bareessichi gargaarametti yeroo fi haala rakkoo keessaattii namni rakkoo nama olchaa malee rakkoo biroo namarrati hinu umuu ture yeroo Obsiineen Abbaa taksiitiin markaatoo na geessii qarshii shantama siifiin kanfalaa jettuun karaa qarshii shanii ture. Haala isheen muddamaa jirtu ilaaluun abbaan taaksii qarshii dhibbaa kaffalii ittin jedhee kanumaaf ati namaa miti bineensa waraabeessadha. Jechuun kan ibse.

### 4.6.3. Nameessaa

Akkuma maqaa isaa Nameessaan lubbu- maleeyyii yookiin lubbu- qabeyii biroof amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akkaa namattii akka dubataan,belaa'anii akkaa qufaani,deemanii akka galan,ijaranii akkaa digaan akkasumas, waan namni hojjetu akka wantii lubbuu hin qabne fakkeessuun fayyadama afaaniti. walumaa galatii gochaan namafi amala namaa wantootaa biroo gonfachisuu ittii gargaaramuun ergaa dabarsuudha .ergaan darbus, karaa wanta birootti qabuun namaaf kan dhiyaatuudha. Yaadoota mala kanaan ibsamanis, kitaaba asoosamaa kana keessaatti barreessaan ittii gargaarame akka armaan gadiitti qaacceeffameera.

*'Qaama bareedaa silaa argee yaadaan ilalaa ture'* (96) Akkuma hikaa mala kana gubbaarati ibsameetti wanti nama hin taane akka namaa ta'ee yoo waan namni raawwaatu raawwatan jedhamuu arginaa kanaaf akka mala barreessaa itti gargaaramee kanas, yoo ilaalle jalqabaa isa qaamaan nama argee ergaa namni sun biraa deeme immoo nama silaa arge sana yaadaan ilaalaa ture kan yaadan ilallaamaa jiruu nama kan ilaalaa jiru ammoo yaadaa yaadatu bakka namaa bu'ee nama ilaalaa ture jechuudha.

*'Galaana yaadatu ishee fuudhate* ' (165) yaada kana barreessaan yoo dhiyeessuu yaada heddutu isheedhan deeme kan jedhuudha. kana jechuun waan baayyee yookiin rakkoo bayyeetu ishee muudate waan ta'eef waan kana mara yaadan sammuu ishee waliin kan wal mormiituu yookiin yaadaa turte ta'uu ishee kana ibsuuf kan ittii gargaarameedha. yaadatu ishee fudhatee deemera. malli kun bakka namaa bu'ee Fiqir fudhatee kan osoo hin taane barreessichi mala dubbii kanattii gargaaramuun kan ergaa isaa dubbistootaaf karaa mala kanan dabarseedha.

Dabalaltaanis, fuula(169) keessaattii *'yaadaan ijoollee ishee bira geessee jirti'*. Asi keessatiti wanti hubatamu yaadatu bakka namaa bu'ee ijoollee bira gahee Fiqir abbaa mana ishee gageesitee yeroo deebitu gamoojjii dhidheessaa keessaa qaxaamuraa yaadaan garuu akka ijoollee ishee bira geesseettii ijoolleen ishee ittii fiigaanii tokko morma isheetti tokko mudhii isheetti maramanii ishee yeroo simatan Saandaabaan hoo eessaa jedhanii yeroo gafatan kan debiistu wallaaltee syeroo boossuu akkaa ajuu ittii mudhataa kan turedha. Gochi kun marti yaadaan kan itti mudhateedha.

#### 4.6.4. Arbeessaa

Arbeessuun maleen dubii keessaa kan waan tookkoo garmalee gudisaanii yookiin garmalee xiqeesaanii dhiyeesuudha. Kana jechuun waan tookko guddisanii hanga arbaa kineessanii ammo hanga huubaa taasisuu jechuudha.

*'Nama hanga utubaa gahu'*(fuul.53) malli kun akkuma gubbaarratti ibsametti namni hanga namni sun gahurratti ukukubsuun kan dhiyaateedha.Namni yoo dheerateyyuu yookiin yoo hammam guddatuyyuu hanga utubaa hin gahu yaa ta'u malee akkuma barame hawaasni karaa ittiin waan walitti dhiyaatu ibsatu mala dubbii kana kan gargaaramaniidha. bBarreessanis, barruu isaa keessatti kan inni itti gargaaramef kanuma bu'uureffachuun ergaa isaa haalaan kan dabarfateedha.Kunis, Habiib Fiqir jaalatee mana isaanii deemee osoo ishee eegu kan isatti dhufe Fiqir osoo hin taane nama hanga utubaa gahu kan alangee baatee itti ol seene arge.Jecuun itti gargaaramuun kan ergaa saa dabarfateedha.

*'Lamaan isaaniyyuu ibidda jaalaalaa cimaatu isaan qabatee irraa boba'a*.'(ful.64) Akkuma hiika olitti ibsametti wanta tokko hanga jirurratti guddisanii ibsuufis,nigargaaramu.Yaada armaan olii barreessaan fayyadames, yoo ilaalle jarreen lamaan walirraa jaalala qabaachuu isaanii yookiin jaalala cimaa walirraa qabaachuu isaanii guddisee yookiin ukukkubsee ibsuuf jecha abidda boba'aa jirutti gargaaramuun jaalala isaanii cimaa ta'uu kan ibseedha.

#### 4.6.5. Faayidaa Afoolli Asoosamicha Keessatti Qabu

Faayidaa afoolli asoosama  keessatti qabus ,gahee inni guddaan , barsiisuudha.Uummata saba tokkoo seenaa akkamii keessa akka tureefi seenaa maal keessa darbee har'a bira akka gahe afoolatti gargaaramuun ogbarruu barreeffamaatiin dhaloota dhaloota daddabarsuuf akka itti fayyadaman ta'uun isaa kan nama barsiisuudha. Akkasumas, afoolli eenyummaa hawaasaa calaqisiisuuf humna guddaa qabaachuun gaddaafi gammachuusaa,qaroominaafi falaasama hawaasichaa, amantaa, fincila godhaa kan ittiin ture, soda qabuufi sirna bulchiisaa afoolaatti fayyadamuun ibsachaa kan tureedha. Kana maleessi barnoota keessatti sadarkaa gadiitii kaasee hanga sadarkaa ol'aanaattii jiraniif afoolaan wal bira qabanii deegaruun itti gargaaramuun gahee guddaa kan taphatuudha.

### 4.6.6. Qabiyyeewwan Gosa Afoola Asoosama Filatame Keessatti Argaman

Qabiyyeewwan gosoota afoolaa asoosama filatame keessatti argamanis,ergaa adda addaa qabatanii kan dhiyaataniidha,

Mammaaksoonni: kutannoo, gaabbii, walaalummaa sodaa kanneen agarsiisaniidha. Geerarsoonni: roorroo, komii, diddaa, hawwii, obsa, kutannoo, cunqursaa, gorsa, dhiibbaa, tokkummaafi diinummaa ka ibsantu jiru. Weedduun asoosama kana keessa jiranis, tokkummaa, hiriyummaa, roorroo jiru heddumminaan ibsuuf kan dhiyaataniidha.Siirbi asoosama kana keessatti argamus,kan roorroo agarsiisu yoo ta'u, jechamoonniifi malleen dubbii asoosamicha keessatti argamanis,maalummaa qoodfdattootaa kan ibsaniifii jechamoonni naasuu, gammachuu, lammummaafi kan tokkummaa ijaaru fa'a kan agarsiisan yoo ta'an, malleen dubbii keessaa akkasaan itti akkeessuu ,fakkeessuun waantoota wal dorgomisiisuuf kan itti dhimma bahamedha.Iddeessi bakka buusuuf amala wanta tokkoo wanta biro laachuu seenicha keessatti kan mul'ate ta'uu kan ibsuufi nameessi waan birootiif amala namaa laachuu.Akkasumas,arbeessi gar malee ol kaasuufi gar malee moo gadi buusuu yaadichaa itti gargaaramuun kan ibsee dha.

# BOQONNAA SHAN፡ CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun afoola asoosama 'Yoom Laataa' keessatti argaman,qaacceessuu yoo ta'u, kaayyoolee gooree gosoota afoolaafi qabiyyee isaanii adda baasuun,fayidaa afoolonni asoosama keessatti qabaniifi ergaa afoola irratti asoosamni qabu eeruu jedhu qabatee odeeffannoo erga qaacceeffamee booda argannoowwan armaan gadiirra gahuu danda'eera.

Gosoonni afoolaa asoosama ' Yoom Laataa'keessatti argaman,fayidaalee adda addaaf oolaan keessaa kan asoosamicha keessatti argaman kanneen akka Mammaaksa, Geerarsa, weedduuwwan Faaruu, `Malleewwan dubbii keessaa: Akkasaa, Bakkasaa/ Iddeesaa, Nameessafi Arbeessa kanneenitti fayyadamanii dhimmoota ergaa dabarsuuf barbaadame sana kan dabarsan ta'uu isaa kan barreeffaman kan mirkaneessan ta'uun isaanii irragahameera.

Afoollawwa kana yommuu fayyadaman,sirna gadaa keessatti sirna buttaa qophii qophaa'e kana irraatti afoolota garagaraa kanneen akka geerarsafi weedduwwan adda addaa bakka sirnichaa kanarratti kan bilissummaa Oromoo deegaru fakkeessuun kan tajaajilame yoomeessa asoosama agarsiisuuf ta'uunsaafi sirnnicha cimsuuf kan tajaajilu ta'uun isaa bira gahameera.

Malleewwan dubbii sasoosamicha keessatti argaman qooddattoonni maal akka fakkaatan ittiin ibsuuf kan gargaaran ta'uun isaanii kan hubatameefi maleewwan dubbii kanniin keessaas, warren akka: Akkasaa,Iddeesaa,Nameessafi Arbeessa fa'i kan itti fayyadame yommuu ta'u, eenyummaa qooddattootaa ijaaruun,wal diddaan akka cimu gochuuf fayidaa qabaachuun isaanii beekameera.

Mammaamsonni asoosamicha keessatti argaman kunniin wal diddaa qooddataafi qooddataa qooddataafi sammuusaaf qooddataafi hawaasa gidduu aarsiisuuf kan itti gargaarame yoo ta'u waliin dubbii asoosama keessattis, barsiisuuf, dubbii jalqabuuf dubbiigabaabsuuf yookiin walitti qabuuf sirreessuuf, mi'eessuufi xummuruu yookiin golobuuf itti gargaaramuum dhimmicha sirreessuuf ta'uun isaa mirkanaa'eera.

Jechamoonni asoosama keessatti argamanis, ergaafi qabiyyee dhoksaa of keessatti qabachuun haasaafi asoosamicha keessaatti fudhatama guddaa akkasumas yaada dhokataa inni of

keessatti qabu akka hubatamu sammuu namaallee kan qoru ta'uufi akkasumas,jechoota saaliffi ta'an jechamootatti gargaaramuun yaadichi akka ifa ta'u gochuudhaaf kan gargaaruu ta'uun isaa hubatameera.

Afoolonni asoosamicha keessatti argaman kunniin sirnoota darban keessas,ta'e har'a gaaffiin ummataa maal akka ture jaalala namoonni uummataafi biyya isaanitiif qaban maal akka fakkaatu agarsiisuuf humna guddaa qabaachuunsaa hubatameera.Kun ammo afoolli durirraa jalqabeee ummata keessa kan ture bifa asoosamaa yookiin bifa barreeffamaan labataaf akka darbu waan taasiisuuf afoolli hambaa ta'ee akka turu gochuuf qo'achuun bu'aa guddaa qabaachuu ta'uun isaa hubatameera.Akkasumas,s fayidaan afooloonni asoosama kana keessatti qaban:eenyummaa qooddattootaa ijaaruuf waldiddaa qoddataafi qoodataa,qooddataaf sammuusaa,qooddataaf hawaasa,agarsiisuuf yoomeessa asoosamaa ibsuuf ergaa asoosamichaa bifa mil'uufi raaguutiin guutuu taasiisuuf waliin dubii keessaatti dubbii gabaabsuu,walitti qabuuf mi'eessuufi xummuruufi bakka seenaan bal'inaan himamutti afoola keessa galcchuu seennicha seeneessuun kan fayyadu ta'uun hubatameera.

**5.2.Argannoo**

Afooloonni asoosama kana keessatti argamanis, qabiyyeewwan adda addaa kanniin qabatanii kan dhiyaataniidha.

**1.**Mammaaksonni asoosamicha keessatti argaman kunniin: kutannoo, gaabbii, wallaalummaa, sodaa kanneen agarsiisaniidha.

**2.**Geerarsoonni asoosama keessatti argaman kunniin qabiyyee isaan agarsiisan: roorroo, komii, diddaa, hawwii ,obsa,kutannoo, cunqursaa, gorsa, dhiibbaa, miidhama, tokkummaafi diinummaa kan ibsantu jiru.

**3.**Weedduwwan asoosama keessa jiranis:tokkummaa, hiriyummaa roorroo,cunqursaa, jaalala,lammummaa,balaaleffannaa,komii,obsa,jibba kan ibsaniidha.s

**4**. Sirbi asoosama keessatti argamus, kan roorroo agarsiisaniidha.

**5.** Jechamoonni asoosamicha keessatti argamanis, naasuu, gammachuu, dhiigummaa, ariifannaa,qoosaa, diinummaa, hadhummaa,hamii, lammummaafi kan tokkummaa ijaaru fa'a kan agarsiisuudha.

**6.**Malleen dubbii asoosamicha keessa jiranis, akkasaa itti akkeessuun (waliindorgomsiisuuf) Iddoosa bakka buusuuf, Nameessa waan biroof amala namaa kennuufiin, Arbeessa gar-malee ol kaasuufi gar-malee gadi buusuun (ukukkubsuun) guddisanii hanga arbaa,kineessanii hanga huubaa taasiisee ibsuun itti gargaaramee ibseedha.

Asoosamni kun bal'inaan gosoota afoolaa fayyadame keessaa: weedduu, geerarsaafi malleen dubbii keessaa akkasaa ta'uu saati.Kanneen keessayis,irra caalaatti weedduutti kan gargaarame ta'uun irra gahameera.Haa ta'u malee afoolonni asoossma kana keessatti fayyadame gahaa miti.Maaliif yoo jenne ilaalle Oromoon durirraa kaasee afoolotaan beekamoodha.Qabiyyeen asoosamichaas, afoolota hunda jiran hirmaachisuu kan danda'u ta'uun hubatameera.

Dhumarrattis, afoolota asoosamicha kana keessatti argaman qaacceessuun argannoowwan kanneen irra gahuu danda'eera. Haa ta'u malee afoolonni ergaa asoosamicha kana keessaatti kanneen bu'uura ta'an weedduu,geerarsafi malleen dubbii ta'uu isaaniti. Irra caalmaan weedduun asoosama kana keessatti dhaamsa asoosamichaaf bu'aa guddaa kan buuse ta'uusaa birara gahamee jira.

**5.3. Yaboo**

Yaboon yookiin yaadni kallattii agarsiisu dandeessiisu qorannoo tokkoof kennamuun murteessaadha. Kutaa kana jalattis, qaacceessa afoolota asoosama 'yoom laataa' keessaatti argaman erga qaacceeffame booda afooloota asoosamicha keessatti haalaan fayyaadamuun cimsuun yaada furmaataa (recommendation) akka armaan gadiitti dhiyaateera.

**1.** Asoosama qaacceeffame Yoom Laataa keessaatti afoolonni argaman muraasaadha.Haa ta'u malee uummanni Oromoo afoolota kalaqee (uumee) itti gargaaramuun kan isa gitu hin jiru.Kanaaf asoosamoonni kana booda barreeffamanii dhiyaatan qabiyyee yookiin gosoota afoolotaa hedduutti gargaaramanii ergaa hubatamaafi ifaa ta'e dabarsuun dubbistootaafi hawaasaaf hambaa ta'ee akka hawaasa keessa jiraatu gochuun otoo itti yaadamee bayeessa kan jedhuudha.

**2.** Asoosama qaacceeffame kana keessatti gosoonni afoolaa heddutu kan osoo hin dhiyaatiin hafan jiru. Kanneen,akka hiibboo,tapha ijoollee, eebba ,abaarsaa,ciigoo, raagaamtaafi kkf. kunniin hin hammatamne. Haa ta'u malee qabiyyeen kitaabichaa yookiin asoosamichaa murteessaa ta'us,afoolli kalaqa yookiin uumee waan ta'eef dhugaa hawaasa keessa jiru yookiin kan jirutti gargaaramee osoo dhiyeessee gaarii ta'a. Hawaasni gosoota afoolaa kanatti bal'inaan itti gargaaramu waan ta'eef, xiyyeeffannoon gama barreessitootanis, itti kennamuu qaba. Akkasumas, afooloonni hanga ammaatti itti hin gargaaramni jiran irratti qorannoo birootiin qaacceeffamu akka qaacceeffamu qorannoon kun ka'umsa ta'uu danda'aaf.

**3.** Afooloonni asoosama kana keessaatti argamanis,seenaa saba Oromoo bal'inaan kan dabarsan ta'uun isaa kan hubatameedha. Kunis,barreessitoonnii afoolaatti bal'inaan fayyadamuun ergaan tokko osoo hin jijiiramin dhalootaa gara dhalootaatti darbu kun hawaasa biratti fudhatama guddaa akka argatu taasiiseera. Haa ta'u malee

**4.** Fayidaaleen afoolli asoosamicha keessatti qabaatantu qaacceessuuf gama yaaxxinaalee haalawaafi tajaajilaatiin yaaleen jira. Haa ta'u malee, qorattoonni kanaan booda afoola asoosamoota keessa jiranirratti qorannoo gaggeessuu barbaadan gama yaaxinaalee jiraniin osoo ilaalanii afooloonni asoosamoota keessa jiran kunniin dhugaa hawaasa keessa jiru ibsuurratti maal akka ta'aniifi fayidaalee akkamii akka qaban hubachuun nama gargaara.Kanaafuu afoola hawaasa keessa jiran kanneen funaananii yookiin fayyadamanii bifa ogbarruu barreeffamaan kaa'uun dhalootaa yookiin labata duubaan dhufuuf akka eenyummaa ofii beekanii ittin jiraachuu kan dandeessiisiu waan taasiisuuf barreessitoonni, midiyaaleen, artistoonni maxxansitoonni barruulee garagaraafi qaamoleen Mootummaa ,barattoonni sadarkaa olaanaa irrattii argamaniifi barsiisoonnifi qaamoleen Mootummaa dhimmi isaan ilaalu hundi osoo xiyyeeffannaa itti kennanii akka gaarii ta'u hubatamaadha.

**5.** Akka waliigalaatti qaacceessa afoolota asoosamichaa kanneen keessatti argaman kanarraa ka'uun qorattuun argannoowwaniifii yaada kallattii fulduraa kaa'ameera. Asoosamoonni afaan Oromoon barreeffaman gosa afoolaa wal fakkaatu fayyadamuu akka hin qabne waan hubatameef qorattoonni biroon ammoo muuxannoo kana fudhachuun afoolota asoosamoota biro keessatti argaman bal'inaan ilaaluun fayidaa isaa barreesitootafi dubbistoota ogbarruu

Oromoo gumaachuun haalaan ol aanaafi barbaachisaa ta’uun as keessaatti kan hubatame ta’uusaati.

**Wabii**


Addunyaa Barkkeessaa. (2011),Akkamtaa Yaadrimee Qorannoo hujoo,Finfinne.

______(2014) Semmoo Bu’uura Afaaniifi Afoola Oromoo Finfinnee Dhaabbata Maxxansaa Far East Trading PLC.

Alan Dundes (1965) ,The study of Folklore, Berkeley;Prentice,Hall Inc.

Asaffaa Tafarraa. (1991). Wiirtuu.Jiildii-4ffaa. Barruulee Waalitina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

Beekaa Gulummaa. (2013) Guboo Seenaa Finfinnee Oromiyaa.

______.(2015). Koomtoo:Afoola Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa.

Birahanuu Matiwos. (2009). wiirtuu jiildii-6; Barruulee Qormaata Waltinaa Afaan Oromoo Finfinnee:Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa.

Bascom (1965). Four Function Folklore,Journal of American Folklore

Burkenya, A. (1994). Understanding Oral Litirature.Nairobi:Nairobi University press.

Cassidy J.(1991). Enjoying Literature Terms. New Work. Library congress cataloging.

_______.(2002). Bu’uura qorannoo. Finfinnee.Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

_______. (2013.) bu’uura Qorannoo,Maxxansa 2ffaa Finffinnee.

Dorson,M.(1972).Folklore and Folklife.Chicago:Chicago University press.

Fedhasaa Taaddasaa (2013).Subii Bu’uuraalee Ogbarruu Oromoo. Fineinnee: Dhaabbata Maxxansaa Subii Printing Press.

________. (2019) Bu’uura Ogbarruu Oromoo.

Fekade Azeze, (1991). Introducction to Oral Literature. Addis Ababa: Artistic Printing Enterprise.

Filee Jaallataa(2019) Malleen Qorannoo:Finfinnee.

Finnegan,R.(1970) Oral literature in Africa,Nairobi:Oxford University press.

_______.(1976).Oral Literature in Africa. Oxford:Oxford University press.

_______.(2012). Oral Literature In Africa.World Literature series. Open Book Publishers.

Guddon J.A.A (1982) Dictionary of Literary terms Newyork:Published by pengium Books.

Gammachuun (2001) Wiirtuu Jiildii-9 irraatti Geexee (2000).Finfinnee.

Getachoo Rabbirraa.(2007). Furtuu: seerluga Afaan Oromoo.Finfinnee: Mega Publishing Enterprise.

Gumii Qormaata Afaan Oromoo (1995).

Horcourt Brace (1994) Harbrace Collage Hand Book:(12th), Orlando: Florida.

Leech, Geoffey and Mick Short. (2007) .Styl in Fiction: A Linguistic Introduction to English Fictional prose. 2nd ed. Pearrson Education Limited.

Melakeneh Mengistu. (2006) Fundamental of Literature.Addis Ababa: Addis Ababa university.

Mulugeetaa Nagaasaa.(1999)Wiirtuu. Jiildii-8. Barruulee Qormaata waaltina Afaan Oromoo. Finifinnee: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.

Nagarii Leencoo (1995). Wiirtuu Jiildii-7. Barruulee Qormaataa Waaltina Afaan Oromoo.

Okpewho,I.(1992),African Oralliterature:Background,character and Continuity press.

Shaw (1972) Dictionary of Literature terms,Newyork; MC Grawn Hill Book Company. Haruard University.

Taariikuu (2000) xiinxala Afoola Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman keessatti Yuunivaarsiitii Finfinnee Qorannoo Digirii 2ffaa guuttachuuf qopha'e.

Warquu Dachaasaa (1995) Wiirtuu Jiildii-7.Barruulee Qormaataa Waaltinaa Afaan Oromoo.

______.(2001). Wiirtuu Jildii-9. Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.

Yaadannoo Gaaromsaa (2014) Hora Obaa Kuusaa Afoola Oromoo Finfinnee Oromiyaa Dhaabbata Maxxansaa Elleni. P.P.PLC.

**Afooloota Asoosama 'Yoom Laataa' Keessattii Argaman**

**Qabxiilee Mirkaneessituu (cheek List)**

Gabateewwan armaan gadii kun qorattuun afoolota kitaaba asoosamaa 'Yoom Laataa' keessatti argaman adda baafachuuf itti gargaaramte kan agarsiisuudha.Gabaticha keessattis, afoolota asoosamicha keessatti argaman kan agarsiisu fuulleetti mallattoo "x" kaa'un ibsiteeti.

**Gabatee 'A'**

| **Lak.** | | **Afoolota** | **Mallattoo** |
|---|---|---|---|
| 1 | | Mammaaksota | X |
| 2 | | Geerarsoota | X |
| 3 | | Weedduwwan | X |
| 4 | | Faaruu | X |
| 5 | | Jechamoota | X |
| 6 | | Raagamtaa | |
| 7 | | Dur durii | |
| 8 | | Malleen dubbii | X |

**Gabatee 'B'**

**Gosoota Malleen Dubbii Asoosama keessatti argaman**

| **Lak.** | | **Gosoota Malleen Dubbii** | **Malattoo** |
|---|---|---|---|
| 1 | | Akkasaa | X |
| 2 | | Iddeesa | X |
| 3 | | Nameessa | X |
| 4 | | Habalaka | |
| 5 | | Mithee | |
| 6 | | Atee | |
| 7 | | Arbeesa | X |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaan koofi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'u isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiaannee ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa

Maqaa Qorataa___________________________________

Mallattoo _______________________________________

Guyyaa __________________________________________

Ani gorsaan barataa ________________________________.Waraqaan Qorannoo ishee Ofittisuuf (Defence) dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kottiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa________________________________________

Mallattoo_____________________________________________

Guyyaa ______________________________________________